# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII DA'UMSA IRRATTI: HAALA GODINA QEELLAM WALLAGGAA AANAA SADII CANQAA

**GARRAMUU BAYYANAA DUURESSAA**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMA QO'ANNOO, AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII DA’UMSARRATTI: HAALA GODINA QEELLAM WALLAGGAA AANAA SADII CANQAA

**GARRAMUU BAYYANAA DUURESSAA**

**GORSAAN: DR. ADDUNYAA BARKEESSAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA)**
**AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA QO’ANNOO, AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**
**FINFINNEE**

Yuunivarsiitii Addis Ababaa Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booda Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruun guuttachuuf Garramuu Bayyanaa Duuressaa, Mataduree: "Xiinxala Fayyadama Afaanii Da'umsa irratti: Haala Godina Qeellam Wallagaa Aanaa Sadii Canqaa," jedhu irratti qophaa'ee sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'ame guuteera.

**Koree Qormaataa**

**Qoraa Alaa______________________________Mallattoo__________Guyyaa________**

**Qoraa Keessaa___________________________Mallattoo__________Guyyaa________**

**Gorsaa__________________________________Mallattoo__________Guyyaa________**

______________________________________________________________________

**Itti gaafatamaa muummee yookaan Qindeessaa sagantaa Digirii Lammaffaa (MA)**

# *Axereera*

*Mata dureen qorannoo kanaa, "Xiinxala fayyadama afaanii da'umsarratti haala Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa"kan jedhu yemmuu ta'u, kaayyoon qorannoo kanaa immoo fayyadama afaanii da'umsarratti Godina Qeellam Waallaggaa Aanaa Sadii Canqaa keessatti dhimma itti ba'amaa jiru xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf madda ragaa tokkoffaafi madda ragaa lammaffaarraa mala akkamtaatti gargaaramuun ragaan funaanamee jira. Iddattoo akka kaayyootti fayyadamuun jaartolii, jaarsoliifi namoota umurii giddu-galeessaa ta'an filachuun ragaa kennuu keessatti hirmaachisamanii jiru. Kanarraa daawwannaa, afgaaffii hincaaseffamneefi marii garee xiyyeeffannoottiin ragaaleen funaanamee jira. Qorannoo kana gaggeessuuf kan nakakaase muuxannoo ani akkaataa namoonni Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa yeroo dubartiin deessu afaanitti fayyadamanidha. Qorannichis, yaaxxina tajaajilaa,yaaxxina xinqooqa hawaasaa,yaaxxina duudhaafi yaaxxina dhugummaa kan bu'uureffatee gageeffamedha.Haaluma kanaan,qorannoon gaggeeffame kunis, namoonni qabiyyee fayyadama afaanii da'umsa dura, yeroo da'umsaa, da'umsa boodafi eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti fayyadama afaanii isaan itti gargaaraman achi keessatti itti fayyadaman duraaduubaan qaacceffameera. Argannoon qorannoo kanaa akka agarsiisutti, yeroo ammaa kana fayyadama afaanii da'umsarratti itti gargaaraman namoota umurii giddu-galeessaa biratti dagatamaa kan dhufeefi aadaafi amantaan akka waan waldhiibuutti fudhachuun ammo ilaalcha hawaasichaa yemmuu ta'u, qorattoonni seenaafi aadaa akkasumas,qaamoleen dhimmi isaa ilaallattu sirna barnoottaa keessatti dabalamuun akka barsiifamu osoo godhan kan jedhu immoo yaboo qorannichaati.*

# Galata

Hunda dura Waaqayyo inni fayyaa naaf kennee haala hundumaa keessatti na gargaaree kanaan nagahe haagalateeffamu. Itti aansuun, qorannoo kana milkeessuuf deeggarsa barbaachisu mara kannaaf godhan gorsaa koo, Dr.Addunyaa Barkeessaa guddaan galateeffadha.

Itti aansuun, yeroo hunda yaadaa naa kennuun akka ani qorannoo kana fiixaan baafadhuuf deeggarsa gama hundaa waan naa taasisteef haadha manaa koo Natsaannet Malkaamuu guddaan galateeffadha. Akkasumas, maatii koofi obboloota koo yeroo rakkisaa keessatti yaadaanis haata’uu qarshiidhaan kan na deeggaraa turtan hundaafuu galanni koo daangaa hinqabu. Dabalataanis, mana barumsaa Canqaa Sadarkaa lammaffaa qorannoo kana akkan galmaan gahuuf wayiitii hojii koo kanneen naa mijeessan hundaaf galanni koo guddaadha.

Namoota kitaabolee garaa garaafi meeshaalee barreeffamaa naa ergisuun deeggarsa naa godhan, akkasumas, muummeefi biiroo barnootaa guddaa galatoomaan jedha. Dhumarrattis, namoonni fiixa bahiinsa qorannoo kanaaf qooda qabdan hundi keessanuu galatoomaan jedha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ........ i
Galata ........ ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ........ 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3 Gaaffilee Qorannichaa ........ 3
1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 3
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 4
1.6 Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.7 Hanqina Qorannichaa ........ 5
1.8 Ibsa naannoo Qorannichaa ........ 5
1.9 Qindoomina Qorannichaa ........ 7
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 8
2.0 Seensa ........ 8
2.1 Duudhaa Hawaasaa ........ 8
2.2 Da'umsaa ........ 10
2.2.1 Raawwii Sirna Da'umsaa ........ 11
2.2.1.1 Da'umsa Duraa ........ 12
2.2.1.2 Yeroo Da'umsaa ........ 12
2.2.1.3 Da'umsaa Boodaa ........ 12
2.3 Faayidaa Afaaniifi Fayyadama Afaanii ........ 13
2.3.1 Faayidaa Afaanii ........ 13
2.3.2 Fayyadama Afaanii ........ 14
2.3.2.1 Malleen Dubbii ........ 17
2.3.2.2 Jechamoota (Idoms) ........ 19
2.4 Eenyummaa (Identity) ........ 19
2.5 Barruu Walfakkii ........ 20
2.6 Yaaxxina Qorannichaa ........ 21
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA ........ 23
3.0 Seensa ........ 23

3.1 Saxaxaa Qorannichaa....23
3.2 Mala Qorannichaa....23
3.2.1 Madda Ragaa....24
3.2.2 Mala Iddattoo Filachuu....24
3.2.3 Malleen Funaansa Ragaalee....25
3.2.3.1 Daawwannaa....26
3.2.3.2 Afgaaffii....26
3.2.3.3 Marii Garee Xiyyeeffatamaa....27
3.2.4 Mala Qaaccessa Ragaalee....28
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE....29
4.0 Seensa....29
4.1 Fayyadama Afaanii Da’umsarratti....29
4.1.1 Fayyadama Afaanii Da’umsa Duraa....30
4.1.1.1 Kadhata Dhabduu (maseena)....30
4.1.1.2 Dhabduuf (maseena) Kadhachuu....33
4.1.2 Faayyadama Afaanii Yeroo Da’umsaa....35
4.1.2.1 Deessuuf Kadhachuu Keessatti....35
4.1.2.2 Garaagarummaa Daa’immanii....36
4.1.2.3 Handhuuruurratti....37
4.1.3. Fayyadama Afaanii Da’umsa Booda....39
4.1.3.1 Maaram Jajuu....39
4.1.3.2 Deessuu Jajuu....42
4.1.3.3 Garaagarummaa Deessuufi Balaa Maseenummaa....45
4.1.3.4 Cigoo Walqeeqa Dubartootaa....49
4.1.3.5 Adeemsa Shanan Baasuu....52
4.1.3.6 Adeemsa Salgan Baasuu....55
4.1.3.7 Galateeffannaarratti....56
4.2 Malleen Dubbii (Figurative speech)....57
4.2.1 Akkasaa....57
4.2.2 Arbeessaa....59
4.2.3 Iddeessaa....59

4.2.4 Nameessaa ........ 61
4.2.5 Fakkoommii ........ 62
4.2.6 Jechama ........ 64
4.3 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Deessuu Ijaaruu Keessatti ........ 66
4.3.1 Marata Adda Jalee Hidhachuurratti ........ 66
4.3.2 Qeensa Qorachuurratti ........ 67
4.3.3 Rifeensa Dibachuurratti ........ 68
4.3.4 Sibiila Fayyadamuurratti ........ 68
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ........ 70
5.0 Seensa ........ 70
5.1 Cuunfaa Qorannichaa ........ 70
5.2 Argannoo Qorannichaa ........ 71
5.3 Yaboo Qorannichaa ........ 72
WABII ........ 74
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C
Dabalee D
Dabalee E
Dabalee F
Dabalee G

# BOQONNAA TOKKO:  SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa haala adda addaatiin afaanitti fayyadama. Haala fayyadama afaanii kana kan murteessu haala jiruufi jireenya hawaasaati. Kun immoo dirree qo'annoo adda addaatiif xiyyeeffannoo kaa'a. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Clark (1996:381) yoo ibsu, "Language in use creatively brings together,for the first time, perspectives from cognitive linguistics, language acquisition, discourse analysis,and linguistic anthropology. It also addresses issues of language use and creation of social identity," jedha. Dirreewwan qo'annoo kun hawaasni afaanitti fayyadamuun maal akka hijjetu qo'atu.Yaada kanarratti hayyuun Tyler et al (2003:213) "The properties of language and the process of language learning crucially involve how language is used in context and how these patterns relate to cognition more generally," jedha. Afaan yeroo mara haala naannoo waliin walhidhata; akkasumas, bakkatti dhallii namaa kaayyoo malee afaanitti fayyadamu bal'inaan hinmul'atu. Kaayyoon kunis, namoonni walqunnamtii uumuuf ta'uumala. Walqunnamtiin kunis yeroo mara kan mul'atu fayyadama keessattidha. Afaanitti kanneen dhimma bahanis namoota sadarkaa dandeettii, guddina qaamaafi bilchina sammuutiin garaagara ta'an, akkasumas dhimmoota hawaasummaafi aadaan garaagarummaa qabanidha.

Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee kan namoonni haala garaagaraatti keessatti tajaajila adda addaatiif dhimma itti bahanidha. Afaan ilma namaa wantoota akka ilaalcha, gochawwan raawwatamuufi yaada garee walfakkatu adda addaa gidduu galeessa godhachuun akka walii galan taasisa. "Language is to treat as ideology, actional and relational classification of thoughts and idias should be taken in to consideration," (Hodge and kress 1993:198).

Afaan hawaasa gidduutti walii galtee uumuuf gahee inni qabu olaanaadha. Haaluma kanaan afaanonni damee adda addaa kan qabaatan yommuu ta'u, Afaan Oromoo damee Afaan Kuush keessaa tokko ta'ee dubbattoota hedduu qaba. Ummanni  afaan kana dubbatu bal'ina lafaafi baay'ina saba isaatiin sadarkaa olaanaarra jira (Asafa 2004:45). Afaan iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahanirratti garaagarummaa qabaachuu nidanda'a (Addunyaa 2010:29).

Dhalli namaa guyyaa dhaloota isaatii kaasee beekumsa, safuu gaddaafi gammachuu, argachuufi dhabuu, jaalalaafi jibba, eenyummaa, amantii, kabajaafi kanneen kana fakkaatan qabu. Duudhaan hawaasaa baratamee jajjabeeffamee deemuu barbaachisaadha. Sabni tokko aadaa,

seenaa, duudhaa, faalasama fi ilaalcha mataa isaa qaba.Isaan eeraman kunneen fayadamee maalummaa ykn eenyummaa isaa ibsata.Uummanni Oromoos kanarra adda miti. Dirribii (2009:349) yoo ibsu, “Amantaa, seenaafi aadaan uummata tokkoo wal-qabatanii eenyummaa uummata sanaa waan ibsaniif, siyaas-dinagdee uumata tokkoo ibsuurratti ga’ee guddaa qabu.” Jedha.

Namoonni haala galumsa adda addaa keessatti maaliif bifa garaa garaatiin akka dubbatan, afaan tajaajila hawaasummaa akkamii akka kennu kutaa hawaasaa adda addaa biratti dhamsa akkamii akka qabu beekuuf immoo gaaffilee bu’uuraa xinqooqa hawaasaa kan ta’an eenyutu,eessatti, maaliif, haalaa kam keessatti akka dubbatamu adda baafachuu barbaachisaadha. Walumaagalatti, haala fayyadama afaanii ilaalchise, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraaturratti hundaa’ee garaagarummaa afaanii fayyadamuu akka danda’an hubachuun nidanda’ama. Namoonni haala sochii jiruufi jireenya isaaniirratti hundaa’anii fayyadama afaanii kanneen akka: yeroo da’umsaa, mana murtii, mana yaalaa, lafa gabaa, mana amantaa, bakka taphaa, dirree siyaasaafi kanaaf kana kan fakkaatan keessatti haala garaagaraattin fayyadamu. Kanaafuu, fayyadamni afaanii yeroo da’umsaa keessattis gahee guddaa ni qaba. Da’umsi karaa hawaasni jaalala, kabaja, hawwii ijoolleefi deessuuf qabu kanittiin ibsatu, namuusa, duudhaafi safuu shaakalvuu qaban kanittiin barsiisanidha. Kanaafuu, qorannoon kun “Fayyadama Afaanii Da’umsaarratti xiinxaluu,” kan jedhurratti kallattiin kan xiyyeeffatee hojjetamedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuuf kan na kakaase muuxannoo ani akkaataa hawaasni Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa yeroo dubartiin deessu afaanitti fayyadamanidha. Namoonni aanichaa akkaataa afaanitti fayyadamuun deessuu faarsan, dhabduutti abdii horan, akkasumas, akkaataa isaan labataatti fufsiisan irratti falaasama adda ta’e qabaachuu isaaniiti. Qabeenyaan isaanii kun da’umsa duraa, yeroo da’umsaa, da’umsa boodaafi eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti shoora guddaa taphata. Hanga ani beekutti akkaataan isaan afaanittii fayyadaman kun hin qoratamne. Aadaan kun qoratamee galmeeffamee taa’uu qaba ture.Yoo qoratame ammo sirna barnootaa keessa galuun falaasama hawaasichaa Oromoonni godinaalee Oromiyaa keessa jiraatan akka baran taasisa abddii jedhun qaba. Sababa guddaan qorannoo kana gaggeessuuf na kakaase inni tokko isa kana.

Inni biroon qorataan qorannoo isaa keessatti fayyadama afaanii da'umsarraatti hawaasichi itti tajaajilamaa jiru galmeessuun dhaloonni boodaan dhufan dhimma akka itti ba'aniif qorannoo kana gaggeesseera. Askaalee (2013) "Qaacceessa Kabaja Ayyaanaa: Raawwiifi Qabiyyee Faaruu Sirna Da'umsaa",Birhaanee (2010) "Faaruu dubartootaa da'umsaan booda mana dubartii deessetti faarsan irratti qorannoo gageessanii turan, kan koo immoo fayyadama afaanii da'umsarratti kan jedhu waan ta'eef kan isaaniirraa adda kan isa taasisudha. Kanaafuu, Kun qoraatamee yoo taa'e guddina aadaafi guddina Afaanii keessatti bu'aa guddaa buusuu waan danda'uuf, kalattii kanaan qorannoo gaggeessanii bifa barreeffamaatiin olkaa'uun gumaacha mataa isaa qabaachuu nidanda'a. Haaluma kanaan, qorannoo kana fayyadama afaanii da'umsaa irratti hawaasni Godina Qeellam Waallaggaa Aanaa Sadii Canqaa jiruufi jireenya guyya guyyaan jiraatu keessatti akkaataatti dhimma bahaa jiru xiinxaluun gaaffilee bu'uuraa armaan gaditti dhiyaataniif deebii ni kenna.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

1. Faayyadamni afaanii hawaasa Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa da'umsa irratti dhimma itti bahaa jiran maali?
2. Qabiyyeen fayyadama afaanii Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Caanqaa da'umsarraatti dhimma itti bahan maal fa'i?
3. Fayyadamni afaanii da'umsarratti hawaasni Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Caanqaa dhimma itti ba'aa jiru eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti ga'ee akkamii qaba?

## 1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii da'umsarratti Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa keessatti dhimma baasaa jiru xiinxaluu dha. Kaayyoon gooree immoo:

1. Faayyadamni afaanii hawwasa Godina Qeellam Wallagaa Aanaa Sadii Canqaan da'umsarratti dhimma itti bahaa jiran ibsuu.
2. Qabiyyeen fayyadama afaanii Godina Qeellam Wallagaa Aanaa Sadii Canqaa da'umsarratti dhimma itti ba'an addaan baasuu.
3. Fayyadamni afaanii hawaasni Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Caanqaa dhimma itti ba'aa jiru eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti ga'ee inni qabu agarsiisuu.

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Hawaasni Oromoo durii kaasee aadaafi duudhaa hedduu ni qaba. Aadaafi duudhaa isaan qaban keessaa inni tokko yeroo da'umsati.Yeroon da'umsaa kunis tokkummaa uummatichaa yookiin haala jiruufi jireenya uummatichaa cimsuu keessatti ga'ee guddaa kan qabudha. Haaluma kanaan fayyadamni afaanii da'umsaarratti, deessuu sana ittiin jajjabeessuuf, kabaja kennuuf, garaagarummaa deessuufi dhabduu gidduu jiru ibsuuf, maaram jajuufi kanneen kana fakkaataniif kan gargaarudha. Akkasumas, sabni Oromoo aadaafi duudhaa qabu tokko kan ittiin calaqqisiisu danda'uufi dhaloota ittaanuuf kan dabarsudha. Kanaafuu, qorannoon kun fayyadama afaanii yeroo da'umsaa qaaccessuurratti kan xiyyeeffatu yemmuuta'u, guddina afaan Oromootiif bu'aa guddaa nibuusa jedhamee yaadama. Haaluma kanaan, faayidaan isaaas:

- Namoonni mataduree kana fakkaaturrattii qorannoo yoo gaggeessan akka ka'umsaatti isaan fayyaduu nidanda'a.
- Hawaasnis ta'e qaamoleen mootummaa dhimmisaa kan ilaallatu martuu, fayyadama afaanii yeeroo da'umsaa akka hojirra oolachan yookiin akka ittigargaaraman nifayyada.
- Namoonni afaanichaan hojjetaniifi afaanichaa baratan bu'aa qorannoo kanaarraa argachuu nidanda'u.
- Dubbistoonni qorannoo kana argatanii yoo dubbisan aadaafi duudhaa hawaasichaa eeganii akkamitti akka gargaaraman sirriitti hubachuu nidanda'u.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa


Qorannoon kun naannoo Oromiyaa Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaatti kan gaggeeffamu yemmuu ta'u, qorannichis Xiinxala Fayyadama Afaanii Da'umsaarratti ibsuun kan daangeffamedha. Sababiin isaas, fayyadama afaanii kanneen akka: manamurti, lafa gabaa, mana yaalaa, dhaabbilee mootummaa, gumaa araarsuufi kanneen kana fakkaatan irratti altokkoon qorachuun waan hindanda'amneef daanga'eera. Kana malees, osoo fayyadamni afaanii kanneen ibsaman hunda qaaccessuurratti hojjetame, qorannicha irraguddeessa bu'aa qabeessa taasisuu nidanda'a. Kanaafuu, qorannoon kun fayyadama afaanii yeroo da'umsaa qaaccessuurratti daangeffamee kan gaggeeffamedha.

## 1.7 Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu hanqinni adda addaa mudachuun isa hinoolu. Haaluma kanaan, qorannoon kun yeroo gaggeeffamu rakkooleen garaagaraa qoraticha mudataniiru. Tokkoffaa, yeroo qorannichi gaggeeffamu yeroo hojii barnootaan waan walqabatuuf akka garaatti oliif gadi deemuudhaan odeeffannoo saassaabbachuuf isaa rakkisaa tureera. Lammaffaa, dookimentiin sakatta'amu bal'inaan dhibuufi qorannoon walfakkii dhimma kanaaf ta'u kan qorannoon kun Fayyadama Afaani Da'umsaa irratti waliin hariiroo qabu dhibuudha. Haata'umalee, qoratichi tattaaffii taasiseen qorannoon isaa akka milkaa'u godheera.

## 1.8 Ibsa naannoo Qorannichaa

Aanaan Sadii Canqaa Naannoo Oromiyaa Godina Qeellam Wallagaa keessatti argamti. Aanaan kun Aanota Godina Qeellam Wallaggaa keessaa tokko taatee maqaa nama "Caanqaa maatii faaroo" jedhamuun, bara 1872 tti kan hundooftedha.Caanqaa maatii faaroon hiddi dhaloota isaa ilmaan sadii turan.kanafuu, maqaan aanichaa kanarratti bu'uureffatee hundeeffama jedhama. Aanaan Sadii Caanqaa magaalaa gudditii Oromiyaa Finfinneerraa kiiloomeetira dhibba shaniifi saddeettamii-saddeet (km588) gara dhihaatti fagaattee kan argamtu yoo taatu, magaala guddittii Godinaa, Dambi Doolloorraa immoo kiiloomeetira jaatamii-shan (km65) fagaattee argamti. Aanaan kun kallattii sadiidhaan aanota naannoo Oromiyaa keessa jiraniin kan daangeffamtu yoo taatu, isaanis: kallattii Bahaan Aanaa Daallee Sadii, Dhihaan Aanaa Hawwaa Galaan, Kaabaan Aanaa Daallee Waabaraan daangeffamti. Kallattii Kibbaan immoo Godina Iluu Abbaabooraan daangeffamtee argamti. Haalli qilleensa ishee gammoojjii yemmuu taatu, oomishni iddoo sanatti oomishamu kanneen akka: boqqolloo, bisingaa, daagujjaa, buna, barbareefi kanneen kana fakkaatan iddoo sanatti bal'inaan ni oomishamu.




**Maappii Aanaa Sadii Canqaa Waajjira Qonnaarraa Guyyaa 12/06/2011 Fudhatame.**

Aanaan Sadii Canqaa akkuma aanaa biroo aadaafi duudhaa hedduu kan of keessaa qabudha. Aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa walgargaarsaa, aadaan nyaataafi dhugaatii, aadaa uffataa, aadaa jaarsummaa walii bahuu, aaadaa hojii yeroo gaddaafi kanneen kan fakkaatan ni argama. Duudhaan hawaasichaa immoo, laguu, ayyaanotaa adda addaa, yeroo da’umsaa, yeroo milkiifi kkf.dha.

Aadaa yeroo da’umsaa kana keessatti deessuun tokko gaafa deessee deebitu, hawaasni ollaa jiraatan nyaata adda addaa kanneen akka marqaa, mooqii, bunaafi kkf qopheessani mana deessuu sanaatti geessu. Firoonni halaala jiran immoo buddeena tolchanii,dhugaatii qopheesanii deessuu deessee jirtu dubbisu. Gaafa shananii immoo ollaafi firoottan ishee mana deessuu sanaatti marqaa marqanii namoota waamanii nyaachisu. Guyyaa kana yerootti deessuun sun dhaqna ishee dhiqattudha. Kanaafuu, du’umsi kan yeroof mul’atee dhaabbatu osoo hintane guyya guyyaatti jireenya dhala namaa waliin walhidhatee kan deemudha.

Ragaan waajjira Adaafi Turiizimii Aanaa Sadii Canqaarraa fudhatame akka mul`isutti Aanaan Sadii Canqaa keessatti amantiilee sadiitu argamu. Isaanis: Pirootestaantii, Islaamaafi Ortoodooksiidha. Kana immoo lakkoofsa hordoftoota isaaniitiin, hordoftoonni amantaa Islaamaa

dhibbantaa soddoma (%30), hordoftoonni amantaa Ortoodooksii dhibbantaa digdamii-jaha (%26) fi hordoftoonni amantaa Pirotestaantii ammo dhibbantaa afurtamii-afur (%44) akka ta`e ragaan Aadaafi Turiizimiirraa argame ni mul'isa.

## 1.9 Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan qindaa'edha. Boqonnaan duraa ariirrata yommuu ta'u, ka'umsa, kaayyoowwan, barbaachisummaa, daangaa, hanqina qorannichaafi ibsa naannoo qorannichaa kan of keessatti hammatedha. Boqonnaan lammaffaan sakatta'a barruutu bal'inaan dhiyaateera. Duudhaa hawaasaa, kabaja ayyana duudhaa, ce'umsa sadarka duudhaa da'umsa, Sirna da'umsaa, da'umsa duraa, yeroo da'umsaa, da'umsa boodaa, maalummaa afaanii fayyadama afaanii malleen dubbii jechamootafi fayydama afaanii eenyummaa mul'isan. Itti aansuun boqonnaan sadaffaan keessatti, malleen qorannichaatu hammatameera. Innis, madda odeeffannoo, saxaxa qorannichaa, malleen ragaa funaanuu, adeemsaafi mala ragaan ittiin qaacceffamu of keessatti qabata. Boqonnaa arfaffaan immoo ragaa hiikuufi qaaccessuuti. Ragaa hiikameefi xiinxalames mala akkamtaa fayyadamuun jechaan ibsamaniiru.

Boqonnaan shanaffaan immoo, cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaa yemmuu ta'u, kitaabilee wabiifi dabaleewwan akka ragaatti tajaajilanitu kaa'amaniiru. Walumaagalatti, qorannoon kun saxaxa ibsaa fayyadamuun akkaataa boqonnaalee jiraniin duraa duubaan xiinxalamee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.0 Seensa

Boqonnaan kun sakatta'a barruuwwan garaagaraarratti kan xiyyeeffatudha. Qabxiileen ijoo ta'anii mataduree kana jalatti ka'anis, barruulee yaadrimee cimsan sakatta'uu, barruulee yaaxxina qorannoo kanaa bu'uureffatu dhiyeessuufi hojiilee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qaban sakatta'uudha. Hawaasa Oromoo birattis hariiroo namoota gidduutti uumuuf kanneen tajaajilan keessaa tokko gaafa dubartiin deessu iddoo sana deemuudhaan ishee jajjabeessuudha. Haaluma kanarratti hundaa'uun mataduree kana jalatti qabxiileen bu'uura ta'an duraa duubaan dhiyaatanii jiru. Duudhaa hawaasaa, da'umsaa, fayyadama afaanii, malleen dubbii, jechamoota, eenyummaa deessuu, barruu walfakkiifi yaaxxina qorannichaa ofkeessatti qabateera.

## 2.1 Duudhaa Hawaasaa

Duudhaa hawaasaa dameewwan fookloorii warren gurguddoo keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni waliin jiraachuuf jecha waliin hordofudha. Maranan (2010:6) duudhaa ilaalchisee yoo ibsu,"Aadaa uummataa keessaa tokko ta'ee gochaalee hawaasni ittifufinsaan raawwatu, eenyummaa isaa kan ittiin ibsuufi karaa dhaabbataa ta'een dhalootarraa gara dhalootaatti kandarbudha." jechuun barreessee jira. Dorson (1972: 214) akka ibsutti, "Duudhaan hawaasaa dameewwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, waanta hawaasni dhugaadha jechuun amanee fudhate, jiruufi jireenya isaa keessatti dhimma itti ba'udha." jedha.

Duudhaa hawaasaa jalatti dhimmoota gurguddoo hedduu jiran keessaa muraasni isaanii kan akka feestivaalaafi kabaja ayyaanaa, yeroo da'umsaa, taphaafi bashannana, amantaaa, aadaafi qoricha aadaa, (traditional medicine) waan safuu, hooda, laguufi tapha aadaati jechuun qoqqoodee kaa'a. Duudhaaleen hawaasaa tarreeffaman kunneen akkaataan qoqqooddii isaanii haala raawwiisaaniifi yeroon raawwiisaanii garagara haata'umalee, kanneen hawaasa biroo waliin walitti fidaniifi kan dhuunfaatti ykn hawaasa tokko qofaa waliin gaggeeffamuu akka jiru ni hubatama. Haaluma kanaan, da'umsi kun gooroowwan fookiloorii warreen gurguddoo arfan keessaa, duudhaa hawaasaa yookiin barsiifata hawaasaa jalatti kan ramadamu ta'ee, hawaasicha keessatti sirna ittiin raawwatamu kan mataasaa kan qabudha.

ሰሎሞን (2007 ፡159) በአንድ አካባቢ የሚከወን ስርዓተ ከበራዎች የማህበረሰቡን ማንነት የሚገልጹ ስሆኑ፣ለማህበረሰቡ አባላትም እንዲተላለፍ የሚፈልጉ እጅግ ጠቃሚ ሃሳቦችን የምይዙ ዉስብስብና ልዩ ህዝባዊ ጥበቦች የሚታዩ ናቸዉ፡፡ Hawaasni addunyaa kan keessa jiraatu kamuu duudhaa mata mataa isaatii kan ittiin jiraatu qaba. Duudhaan kun immoo wantoota jiruufi jireenya isaa keessatti hawaasni tokko hojjetuufi hordofu ofkeessatti haammata.

Yaada kana Fekade (1991:13) Dorson (1972) wabeeffachuun yoo ibsu, ዶርሰን ባደተዉ መፅሐፍ ዉሰጥ ሀገረ ሰባዊ ልማድ በሚለዉ ክፍል ዉሰጥ አራት ዐበይት ርዕሰ ነገሮችን የሚያትቱ መጣጥፎች ይገኛሉ፡፡ እነርሱም ፌሰቲቫልና ክብረ በዓል መዝናኛዎችና ጨዋታዎች ሀገረሰባዊ መድኃኒት እና ሀገረሰባዊ ሃይማኖት ናቸዉ፡ jedha. Yaada armaan olii kanarraa wanti hubatamu duudhaan hawaasaa wantoota gurguddoo afur of keessatti haammatee jiraachuu isaati. Isaanis, kabaja ayyaanaa, cehumsa sadarkaa duudhaa, qoricha aadaafi amantaa hawaasaa kanneen jedhamanidha. Waantota duudhaan hawaasaa of keessatti haammatu kana keessaa kabajni duudhaa da’umsaa isa tokko. Duudhaa da’umsaa- duudhaan da’umsaa hawaasaa, hawaasa Godina Qeellam wallagaa aanaa sadii Canqaa biratti duudhaa yeroo dubartiin deessu bifa adda addaan kanneena akka qophii nyaataafi faaruuwwan adda addaan dubartoota ollaafi firaan mana deessutti kabajama. Kabajni kunis, dubartoonni gareedhaan gocha raawwatanidha jechuun nidanda’ama. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan immoo miseensota garee giddutti walitti dhufeenya godhamudha. Fakkeenyaaf, dubartoonni walitti dhufanii akka taphatanii, waljajjabeessaniifi walbashannansiisani dha (Feqaade 1991:14).

Walumaagalatti duudhaan da’umsaa waanti hawaasni irraatti waliigalee dhugaadha jedhee amanee fudhachuun itti tajaajilamu dha. Haala kanaan, da’umsi kunis duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadamu yemmuu ta’u, tokkummaa hawaasaa cimsuudhaaf, gammachuu hawaasni sun qabu calaqqisiisuudhaaf ga’ee guddaa kan qabudha. Uummanni Aanaa Sadii Canqaa isa kana dhugaadha jedhee amanee fudhachuun guyya guyyaatti haala jiruufi jireenya isaa keessatti itti tajaajilama kan jirudha. Kanaafuu, duudhaan da’umsaa duudhaalee hariiroo hawaasaa cimsan keessaa isa tokkodha.

## 2.2 Da’umsaa

Da’umsi jireenya dhala namaa keessatti kan walirraa hincinne gochaa uumamaa ta’uu isaa, Encyclopedia of cultural Antropology (vol.1,1996:146) ibsa. Adeemsi uumamaa kun jireenya kan jalqabu miseensi haaraa gara maatiisaatti yookiin gara hawaasichaatti gochaa dabalamuuti.

Haata’umalee, hawaasa kam keessa namoota jiraatan biratti gammachuu uuma. Kanaafuu, jalqabumarraa sirna hiika garaagaraa qabaniin hammatama. Kunis, yeemmu ulfaa, yeroo da’umsaafi da’umsaan booda jedhamee guyyoottan kana keessatti wantoonni raawwatamaniifi haalli itti raawwataman hiikni itti kennamu naannoodhaa naannootti, akka aadaa hawaasichaafi ameeleeffatametti adda addadha. Haata’u’malee, da’umsi kun bakka hundaattuu raawwiifi kabaja maataasaa niqaba. Kanas, Oxford English Dictionary irratti “rite” jechi jedhu hiika itti aanu kenna.”Aformal proceduremor act in areligious or other solomn observances.”(Vol.13, 1989:990). Akka hiika galmee jechaa kanaatti, “rite” beekamaafi kan ayyaaneffatamu adeemsa mul’isudha. Gochi raawwatamanis duuraa duubaan akka ta’e hubachiisa. Yaadni kun, jechaa yeroo tokko akka tasaa yookiin raawwii walitti fufiinsa qabu kan argisiisudha. Raawwiin godhamanis, adeemsa sirnnichaa kan mul’isanidha. Smith (1972:164) yoo ibsu, “The act of celebration is not limited only to communities; smaller exclusive groups also have their festivals… more Theoretically type of group a society can devise every new or a classifier can discern creates the possibilityof new class of limited participation festival.” Jedha.

Akka yaada kanaatti ayyaana ayyaaneffachuun /kabajuun/ hawaasa bal’aa qofaan miti, kutaan hawaasaa yookiin gosti xiqqaan kabajuu danda’a. Hojjettoonni garaagaraa guyyoota ayyaana adda addaa akkaataa ayyaanneffannaa mataa isaanii qabu. Akka hawaasa bal’aatti ayyaanni kan ayyaanneeffatamu yeroo isaa eeggateeti. Da’umsarratti garuu, yeroo daa’imni tokko dhalattu firoonni walwaamanii mana daa’imni dhalattee sana deemanii ni ayyaaneffatu ykn kabajatu.

> *Aadaa ummata Oromoo keessatti dubartiin deessuun kabaja guddaa qabdi kan Ishiin deessu fuula duratti biyya bulchuu danda’a jedhamee waan tilmaamamuuf Kabajaan ishee hawaasa keessatti guddaa dha. Gama kaaniin immoo dubartiin mucaa tokko baatii sagal guutuu garaatti baattee nagaan hiikamuun ishee gammachuu guddaa waan ta’eef hawwaasa keessatti sirna addaattin kabajama. (Hayilu 1997:19).*

Kanarraa ka’uun jilli kun yeroo dubartiin deessu kan raawwatamu yoomessaa adda bahe keessatti addaan qoqqoodamee kan taa’udha. Kana yoo jedhamus, kabajni sirna kanaa sababaafi

guyyoota godhaamurratti hundaa'uun shaman baasuufi salgan baasuu jedhamuun qoqqoodameetu gaafa guyyaa shaniifi gaafa guyyaa sagaliitti gaggeeffama.

### 2.2.1 Raawwii Sirna Da'umsaa

Hawaasa Oromoo biratti raawwiifi kabajni sirna da'umsaa ni jira. Jalqabumarraa sirna hiika garaagaraa qabaniin hammatama. Kunis, yeemmu ulfaa, yeroo da'umsaafi da'umsaan booda jedhamee guyyoottan kana keessatti wantoonni raawwatamaniifi haalli itti raawwataman hiikni itti kennamee jira. Da'umsaa kana waliin wantoonni adda addaa akka jiran hubachiisa. Isaanis: faaruu, nyaataafi walitti dhufeenyi dubartootaa akka jiru (smith,1972: 20-21) ta'uu isaa ibsa. Akka aadaa Oromoo, keessumaa naannoo Arsiitti dubartiin qanafaa hidhatte jechuun, dubartiin sun deesse baatii shanii as jirti jechuudha. Dubartiin deesse ammo humana hinqabdu,dugdi nidaddarba,dhiigni dhangala'eera. Kanaaf,kabaja guddaa qabdi "barsee mukkuree" safeeffa dhaa jechuu dha (Dirribii 2012:162). Itti dabalees, dubartiin durba deesse baatii afuriif, dubartiin ilma deette immoo baatii shaniif kabaja qanafaa qabdi. Bara durii ilma argachuun abbaasaa caalaa haadhasaa gammachiisa ture. Maaf yoo jenne? Dhiirti roorroo namarraa ittisa ture (Dirribii:163).

Haala walfakkaatuun Nagarii (1995:20) dubartiin ilma deesseefi kan durba deesseef harka fuudhaan godhamullee tokko miti. Namoonni da'aa yommuu dhaga'an yoo ilmatu dhalate ta'e "ishoo!" jechuun yoo gammadan, durba taanaan garuu "muu!" kan jedhan hedduudha. Jedha.

Hayyuun biroo ilaalcha hawaasni Oromoo kabaja da'umsaaf qabu yommuu ibsu, Sirnicha keessatti maaram kan jedhamtu walaloofi faaruu garaagaraatti fayyadamuun nigalateeffatu. Anderzejewski (1985:415) kitaabasaa "Literature in African languages" jedhu keessatti dhimma kana ateeteen walqabsiisee yoo ibsu akkas jedha.

> *Among religious poems those addressed to Atete deserve special attention. Atete also called maram is the goddess of fertility worshiped in some regions of Ethiopia by the adherents of the traditional Oromo religinon.Lavishpraises are bestowed on her and women seek her protection in chid birth and her help if they are barren, this is essencially women's poetrysong specially by relatives and friends at the time of lamor.*

Akka ibsa barreessichaatti faaruun da'umsaa walaloo dubartootaa ta'ee amantummaa kan ofkeessaa qabu, amantii Oromoo kan calaqqisiisudha. Achi keessatti jajuun, kadhanniifi galanni kan dhiyaatu "maaram" kan jedhamtuufi akka ta'es barreessichi ni addeessa. Kana yoo jedhamus

kabajni sirna kanaa sababaa fi guyyoota godhamurratti hundaa'uun shanan baasuu fi salgan baasuu jedhamuun qoodameetu gaafa guyyaa shanii fi gaafa guyyaa sagaliitti geggeeffama. Kun eega aadaa Oromoo keessatti sirna hoo'aan kan ta'uudha.

#### 2.2.1.1 Da'umsa Duraa

Qophiin da'umsa duraa turtii yeroo ulfaa muraasarra eegalee raawwii ta'u kan hammatu yommuu ta'u, kunis mucaa dhalatuufi dubartii ulfa sanaaf jedhamee wantoota godhamuu qaban dabalata. Dubartoonni Oromoo yeroo ulfaa maatii isheetiin yeroo kaanirra nikabajamti. Namoonni naannoo marti "harka Waaqaa jirti" jedhu. Akka aadaa Oromootti dubartiin safuu qabdi. Keessattiyyuu dubartiin dadhabbii qabdu (ulfa) ammo safuu addaa qabdi (Toleera 2004:67). Amma isaanii danda'ames nigargaaru. Dhirsi ishee kana tolchite kana ammoo balleessite jedhee itti hin dheekamu.

#### 2.2.1.2 Yeroo Da'umsaa

Aadaa uummata Oromoo keessatti dubartiin deessu kabaja guddaa qabdi. Dubartiin ji'a sagal garaatti baattee gaafa da'umsi ishee ga'u yeroo ciniinsuun ishee qabu dubartoonni ollaadha waamamu. Yeroo kanas muuxannoofi ogummaa warri qaban akka itti da'an, ciniinsiifatan ni gorsu.Yeroo isheen ciniinsifattu sibiila mana keessaa gadi baasu (Hayiluu1997:19). Dubartii ulfaa ciniinsuun yeroo jalqabu dubartoonni ollaafi deessiftuun niwaamamu. Dubartoonni kunniinis itti naanna'anii maaram akka gargaartu kadhatu. Yoo miixuun itti jabaate ammoo akka aadaa Oromoo naannoo kanaatti abbaan manaa marxoo marxifachuun jilbeenfatee dhakaa daakuutti biqila daakaa "Naa hiiki! Naa hiiki!" jedhee uumaasaa kadhata.

#### 2.2.1.3 Da'umsaa Boodaa

Hawaasa Oromoo keessatti dubartiin erga deessee booda sirna adda addaatu raawwatama. Kunis dubartiin erga deessee eegalee hanga salganiitti kan itti fufu ta'a. Akaakuun sirnichaa, raawwiiniifi yeroon raawwatamu kan murteessan hawaasicha. Kana ilaalchisee yaada hayyoota adda addaa kanaa gaditti kan ilaalamu ta'a. Hayiluu (1997:20) yoo ibsu, "Yoo ilmatu dhalate ta'e sagalee isaanii ol qabanii yeroo shan ililchu," Jedha. Yoo durba taate ammoo sagalee isaanii gadi qabanii si'a sadii ililchu. Itti dabalees dubartiin deesse hanga shananiitti akka gadi hin bane ibseera. Haala walfakkaatuun, Lambert (1983:124) akkas jedha, "They are sung by the neighbor women on the third, fifth and ninth day after the child is born," jedha. Akka yaada kanaatti

da’umsa booda gaafa guyyaa sadaffaa, shanaffaafi salggaffaa dubartoonni olla walitti dhufanii faarfatu. Hawaasni Oromoo da’umsaaf ilaalcha addaa akka qabu yoo ta’u, kabajni da’umsaa kun ammo faaruu, nyaata aadaafi walitti dhufeenyi dubartootaa akka mul’atu hubachiisa. Haaluma kanaan qorannoon kunis, faayyadama afaanii da’umsarratti Godina Qeellam Wallagaa Aanaa Sadii Canqaa keessatti dhimma baasaa jiru xiinxaluun kan gaggeeffamedha.

## 2.3 Faayidaa Afaaniifi Fayyadama Afaanii

Dhalli namaa jiruufi jireenye isaa keessatti afaanitti fayyadamuun isaa beekamaadha. Kana ilaalchisee hayyoonni gara garaa karaa adda addaatiin hiika kennanii jiru. Akka Kraus and Chiu (1993:87) “Language is the medium of communication through which we express our emotins, ideas, feelings and thoughts to our fellow people” jedhu. Ibsa kana irraa akka hubannutti afaan karaa ilmi namaa walqunnamtii ittiin adeemsisu ta’ee, kan namoonni miira isaanii itti dhagahame: yaada, fedhii akkasumas beekumsa isaanii ittiin ibsataniidha. Afaan ilaalchisee Addunyaan (2012:1) akkas jedha. Afaan waahalle kan itti jiraatan; kan ittiin jiraatan immoo jireenya.Jiraachuuf ammoo, afuura baafachuufi yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan, lubbu-qabeeyyii birootiin kan wal-fakkeessu yoo ta’u, yaaduun garuu, bakka addaaniiti (point of departure). Afaan, kan ittiin yaadaniifi wal-qunnamaniidha.

Dabalataanis waa’ee afaanii ilaalchisee, Goshgarian (2001:26) akka armaan gadiitti ibseera.

> *Language is the highest intellectual activity we practice. It is the way we define our selves who we practice. It is the way we define ourselves who we are as a species, as individuals, as society and as a culture. It is the bases of thought because it contains the symbols of thought.*

Akka ibsa armaan olii kanarraa hubannutti, afaan gocha sammuu isa olaanaa dhalli namaa badhaafame ta’ee, afaan yaada nama dhuunfaa yookaan akka hawaasaatti dhagahame kan ittiin ibsataniidha. Akkasums, mallattoo eenyummaa aadaa saba tokkoo kan ittiin ibsatan jedha. Kana malee, afaan handhuura jireenya dhala namaati jedha. Namni miira isatti dhagahame afaan isaatiin ibsata.

### 2.3.1 Faayidaa Afaanii

Afaan waanta sirnaawaa kan waliigaltee sagaleewwanii yookiin mallattoolee barreeffama ilmaan namaa walqunnamtiifi of ibsuuf itti fayyadamanidha. “Language is the systematic,conventional use of sounds,sign or written symbolism ahuman society for communication,interaction and self

expression," Crystal (1997:384). Akka ibsa yaada kanaatti, afaan walqunnamtiin ilamaan namaa mallattoolee kan ofkeessaa qabu ta'ee mallattooleen kunis waan akka jechaa, sagalee dubbiifi wantoota mallattoon ibsaman bakka bu'uuf kan dhaabbate ta'uudha. Dabalataanis, Mehl (2003:67) waa'ee afaanii yoo ibsu, "The way people use words convey agreat deal of information about themselves, their audience and the situation they are beyond its communicative function," jedha. Akka yaada bubbaatti dhiyaate kanatti, afaan namni tokko eenyu akka ta'e, eessaa akka dhufe duuba isaa hubachuuf kan nama gargaarudha. Faayidaa afaan kennu ilaalchisee Finch (2003:21-38) "Languge functions are two categoris. One is micro function which covers the particular individual use and the otheris macro function which relates to the large or more general language," jechuun ibseera. Akka yaada kanaatti tajaajila afaanii 'micro'jalatti tajaajila odeeffannoo waraabuu,tajaajila waa addaan baafachuu,tajaajila yaada, fedhii, ilaalcha ofii ibsachuu,tajaajila ka'umsaa/jalqaba/ dubbii uumuu,tajaajila walitti dhufeenyaa ykn hariiroo namoota gidduutti uumuu,tajaajila miira dadhabbii aarii,gadda ibsuu,tajaajila miiraa gammachuu, hawwuu namootaa ibsuu ta'uu ibseera. Dabalataanis
Waa'ee faayidaa afaanii ilaalchisee Cook (2010: 85) akkas jechuun ibsee jira.

> *Language is at the center of human life. We use it to express our love or our hatred, to achieve our goals and further our cares, to gain artistic satisfaction or simple pleasure. Through language we plan our live and remember our past: we exchange ideas and experiences, we from our social and individual identities.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, afaan meeshaa bu'uuraa ilma namaa ta'ee ilaalcha jaalala yookaan jibba nutti dhagahame muuxannoo qabnu irraa ka'uun kan ittiin ibsannuudha.
Walumaagalatti,faayidaa afaanii "macro"jalatti ammo afaan bu'aawwan xixiqqoo (micro)b hedduu walitti qindeessuun kennuu akka danda'u lafa kaa'eera.Kunis,tajaajila addunyaa keessaa jiraannu,faayidaa dhuunfaa keenyaa yookiin waliiniitiif akkaataa itti hubannee afaaniin ibsinu;tajaajila jechootatti gargaaramuun maataa keenya ibsuu,yookiin eenyummaa keenya namoota birootiif ifa gochuu.(The inter personal) tajaajila addunyaa keessa jiranuutti ofis ta'e namoota gammachiisuufi kkf.dha.

### 2.3.2 Fayyadama Afaanii

Fayyadamni afaanii akkaataa afaan jiruufi jireenya hawaasaa tokko keessatti tajaajila kennuu danda'u kan ilaallatudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni adda addaa maalummaa fi hiika garaagaraa kennanii jiru. Maalummaan fayyadama afaanii haalaafi bakka kamitti hawaasni

akka itti fayyadamuu qabu addeessa. Ayub (2008) akka Clark (1996:78) wabeeffatetti yoo ibsu "Areas language use as places and situation where people do things with language…" jechuun maalummaa fayyadama afaanii maal akka ta'e ibsa. Akkasumas, haalli itti fayyadama sun naannoo, mataduree, bakka hojiifi kan kana fakkaatan irratti hiika yeroo sanatti barbaadamu argachuu akka ta'e, Liulseged (1994:211) ni ifooma. Fayyadamni afaanii haala qabatamaa hojii hawaasichaan walqabatee dhugoomuu nidanda'a. Innis akka, Clark (1996:63) ibsetti haala hawaasni tokko afaanicha gargaaramuun hojii tokko itti hojjetu (dinagdee, bulchiinsa, aadaa hawaasaafi kan kana fakkaatan keessaatti), bakka afaaniin waan tokko itti hojjetamu, ta'insaafi haala dhiyaannaa fayyadama keessaatti kan argamudha.

Gabi (2015) Cooper (1976) wabeeffachuun yoo ibsu, "Xiyyeeffannoo garaagarummaa afaan tokkoo yookiin looga tokkoo keessatti haala dubbii seerluugaan yookiin jecha uumuu yookiin addaa addummaa afaanota yookiin looga gidduutti uumudha."Jedha. Kanamalees, xiyyeeffannoon xinqooqaa fayyadama afaanii keessatti garaagarummaa garee murtaa'aa tokko keessatti jiru kan ilaalu yookiin haala fayyadamaarratti addaa addummaa garee hundarratti mul'atu kan ilaaludha. Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta'uu isaa, Coulmas (1997:38) Labov (1976:87) wabeeffachuun ibsee jira.

Fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa. Haaluma kana fakkaatuun, Clark (1996:132) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Itti fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatudha. Kunis, yaadrimeen fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachu qaba.

Haaluma walfakkaatuun, Wolff (2000:42) fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif akkamitti, maaliin, eenyuuf kkf gaaffilee xinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun akka danda‟amu addeessa. Fayyadama afaanii yeroofi iddoo murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sun qabu kan hammatudha.Ga'ee fayyadamni afaanii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphatu balbaloomsuu keessatti gidduu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hojiirra oolmaa isaa kan qoratudha. Goldman Rakic (1998) yaada kana ibsa, "Language use is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life. At its centers are

theatrical investigations real world issues in which language plays leading role.” jedha. Egaa fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga’ee guddaa taphachuu akka danda’u ni amanama.

Balballoomsi fayyadama afaanii karaa adda addaatiin ibsamuu yookiin hiikamuu danda’a. Akka hayyoota xinqooqa caasawaatti balballoomsi fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaan keessatti dubbatamaafi haala (context) keessatti dubbate sana adda baasuun balballoomsuudha. “Discourse analysis as analysis of written and spoken texts with the aim of identifying reccuring patterns of words or abstracr stractures in language by analyizing language data detached from its user and context of use (Johnstone, 2008; Salkie, 1995).

Malli inni biraan fayyadama afaanii ittiin balbaloomsinu, mala tajaajilaa kan jedhamu yoo ta’u, akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee duubaafi haala dubbataarratti hundaa’uudhaan gargar ta’u qaaccessuuf kan gargaarudha.“Functional approach helps to analyise how meanings of utterances vary based on context of speaking and the mood of the speaker,” (Alvesson, 2004; MacCarty,1991). Malli kun xiyyeeffannoon isaa caasaarraa gara hiikaatti fuulleffatee jira. Hata’umalee, ga’een hawaasaafi aadaan fayyadama afaanii keessatti qabu waan dagate fakkata. Malli kun fayyadama afaanii, aadaan, hawaasniifi siyaasaan akkamitti dhiibbaa walirratti geessisuu danda’an xiinxaluurratti hagas mara quubsaa miti. “This approach is in adequate in analyizing how language use influences and is influenced by existing wider socio-cultural and poletical realities,” (Alvesson, 2004).

Egaa hanqina kana furuuf maleenyaan hayyoota xinqooqa hujoofi saayinsii hawaasaa birootiin dhiyaate kan biraa hiika balballoomsa afaanii xiinxaluu irra bal’aadha. “It includes analysis of the broder socio-cultural and political context in which a given discourse is produced and consumed,” (Fairclough, 2003; Gee, 1999; Wodak, 2001). Maleenyaan inni sadaffaan kun balballoomsa fayyadama afaanii keessatti sochiiwwan hawaasummaa, siyaasaafi aadaa gara garaa gadi fageenyaan qorachuun kan bocuufi ofii isaatiis kan ittiin bocamuudha. “In this approach language is considered as a lens to critically investigate various social, political, and cultural practices that shape and shaped by it,” (Alemu, 2013:59).

#### 2.3.2.1 Malleen Dubbii

Dhalli namaa waliin dubbi yeroo adda addaa taasisan keesstti wanta yaadan, jaallatan, jibban, gorsan, fedhan, beekumsa, gadda, gammachuu, ilaalchafi kanneen kana fakkaatan wal-jijjiiruudhaaf afaaniitti nifayyadamu. Afaan kunis ergaa dabarsuu barbaadan kallattiinis ta'e alkallattiin akka dabarsan isaan gargaara. Karaa biraan immoo walii galtee saffisiisuuf akkasumas miidhagina haasawaa isaanii cimsuuf namoonni malleen adda addaatti ni fayyadamu. Malleen kana keessaas malleen dubbii isa tokkodha.Yaada isaanii haala ifaafi ergaa sirrii ta'e dubbataaf akka hubatamuu danda'uuf malleen dubbii barreeffamootaaf dubbii afaanii keessatti ni fayyadamu. Malleen dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi miidhagina guddaa kenna. Birhaanuu (1999:82) Malleen dubbii akka kaa'utti, "Barreeffamaan ala (non literal) wanta tokko waan birootiin ibsuudha."jedha. Qunnamtii afaaniifi barreefamaa keessatti malleen dubbii faayidaa garaagaraa akka qabudha. Isaanis: hiika ifoomsuuf, fakkeenya ifa ta'e dhiyeessuuf, cimsuuf, walitti dhufeenya uumuuf, wantoota lubbuu hinqabnetti lubbuu horuuf, gammachiisuuf akkasumas bashannansiisuufi irra caalaa tajaajila miidhaginaa namootni gadi fageenyaafi bal'inaan akka yaadan gochuudha. Malleen dubbii sammuu dhaggeeffataa tokkoo keessatti fakkii uumuun akka ergaan sun gadi fageenyaan hubatamu taasisa.

Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookaan kaa'udha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba.Kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) yaada kanarratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha," jedha. Yaada kanarraas kan hubatamu akkuma olitti ibsame, malleen dubbii yeroo da'umsaa keessatti kan gargaaraman ergaa dabarfachuu barbaadan qaama barbaachisaa ta'etti haala salphaa ta'een dabarfachuudha. Karaa biraatiin malleen dubbii waan lama wal-moggaa qabun yookaan waan tokko waan biraatiin agarsiisuufi ibsuu akka ta'e hayyoonni tokko tokko niibsu. Kennedy (1987:128) "Malleen dubbii yeroo waan tokko kallattiin dubbannu wanta biraas faallaan ibsuudha." jechuun yoo ibsu. Birhaanuu (1999:82) "Malleen dubbii dalgaatiin waan tokko waan biraatiin ibsuudha; innis walmorkii, walfakkii, namoomsuu, raajjeffannoofi kanneen kana fakkaatan qaba." Jechuun ibsanii jiru.Yaada kanarraa akkuma hubannutti waan lama walbira qabanii ibsuufi gosoota kanneen ofkeessaa akka qaban ni hubanna.

Walumaagalatti, malleen dubbii kun maqaa adda addaa haaqabaatan malee yaada kalaqaa yookiin haala namoota hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een sammuu namootaa keessatti suuraa kaasu. Kun immoo namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaan akka hubatuuf isa gargaara. Isaanis: Akkasaa, iddeessa, nameesaa, arbeessaafi fakkoommii jedhamanii hiikamanii jiru.

Malleen dubbii keessaa tokko akkasaa dha. Akkasaan galee akka, hanga, fakkaata, nigahafi nimorka jedhanitti gargaaramee wantoota adda addaa lama walbira qabee ibsuun sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti suuraa kaasa yookiin hubannoo uuma. Akkuma kana fayyadamni afaanii yeroo da'umsaas malleen dubbii kanatti fayyadamee ergaa barbaachisaa ta'e dabarsa. Addunyaan (2014:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal-bira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha," jedha. Itti dabaluudhaanis, Birhaanuu (1999:82) "Walmorkiin wantoota lama kan adda adda ta'an jecha,akka,yookaan,wal jedhuun fayyadamuun walmorkisiisuudhaan nimul'ata." jedha. Haaluma kanaan, yaada hayyoota lamaaniyyuu yeroo ilaallu akkasaa jechuun wantoota lama walbira qabanii waldorgomsiisuu akka ta'e irraa hubanna. Malli dubbii kan biroon immoo iddeessa.

Malleen dubbi inni biroo immoo iddeessa. Iddeessi amala waan tokko qabu gutummaan guutuutti wantoota biroof kennuudha. Addunyaan (2014:210) "Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa." Jedha. Haaluma kanaan, yeroo da'umsaa keessattis wantoota hawaasa keessatti beekamanitti gargaaramuun amala wanta tokkoo wantoota biroof kennuun karaa dhokataa ta'een waldorgomsiisuun dhiyeessa. Wantoota adda addaaf kennuun kan dhiyaatudha. Gosa malleen dubbii inni biraan nameessa.

Gosa malleen dubbi inni biraan nameessa. Nameessi amala namootaa wantoota adda addaaf kennuun kan dhiyaatudha. Fayyadamni afaanii yeroo da'umsaa, haaluma kanaan malleen dubbii kanatti gargaaramee, faaruu garaagaraa dhiyeessee, wantoota biroo gonfachiisuudhaan deessuu sana kan ittiin jajjabeessanidha. Addunya (2014:211) yoo ibsu, "Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka Galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti," jedha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti nameessaan amala namootaa, wantootaafi lubbu-qabeeyyii biroof kan kennudha. Haaluma kanaan fayyadama afaanii yeroo da'umsaa keessatti, amalli fayyadama afaanii kun ni argama.

Maaleen duubbi keessaa inni biroon arbeessa. Arbeessoon malleen dubbii keessaa tokkodha. Malleen dubbii kun waan tokko olkaasuun yookiin gad-buusuun kan dhiyaatu yoo ta'u, yeroon da'umsaas akkuma kana dubartii deessuutiin garmalee olkaasuufi dubartii dhabduu (maseena) ishee taate immoo gad-buusuun garaagartummaa gidduu isaanii jiru kan ittiin ibsanidha. Addunyaa (2014:214) "Waan tokko guddisanii hamma arbaa, xinneessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha.''jedha. Haaluma kanaan yeroo da'umsaas jechootatti fayyadamanii wanta tokko garmalee olkaasuun yookiin xiqqeessuun waan wanti sun hintaane taasisanii dhiyeessuun jira jechuudha. Fakkoommiin as keessatti gahee guddaa qaba.

Walumaagalatti, da'umsi dameewwan fookiloorii warreen gurguddoo arfan keessaa duudhaa hawaasaa yookiin barsiifata hawaasaa jalatti kan ramadamu ta'ee dhaloonni, aadaasaa, duudhaa, afaansaa, gamtaan jiraachuusaafi kanneen kana fakkaatan dhaloota gara dhalootaatti dabarsuun eenyummaasaa calaqqisiisaa dhufee jira.

#### 2.3.2.2 Jechamoota (Idoms)

Jechoota, gaalewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu nidanda'a. Jechamni waan dubbatamu tokko bifa kallattiin osoo hin taane bifa alkallattiin dubbatamuurratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, da'umsa dura,yeroo da'umsaafi da'umsa booda deessuu sana ittiin ibsuuf haala kanatti gargaaramuun nidanda'ama. Addunyaan (2016:122) yoo ibsu, "Jechamni ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa bira dabarsuuf fayyaduu ni danda'u," jedha. Kanaafuu, namoonni yeroo deessuu tokkoo dubbisanis ta'e, yeroo ishee jajjabeessan haala kanatti ni fayyadamu.

## 2.4 Eenyummaa (Identity)

Hawaasni jiruufi jireenya hawaasummaa jiraatu keessatti eenyummaa isaa kan mul'isu akka aadaatti qabaachuu ni danda'a. Waa'ee eenyummaa (identity) ilaalchisee, Addunyaan (2016), Jenkins (2008, p.18), Deng (1995,p.1) wabeeffachuun yoo ibsu.

> *Identity refers to the ways in which an individual and a group are distinguished In their social relationships with other individuals and groups. This definition of identity focusses on the differences individuals and /orgroups showas they compare themselves with others. According to "Identity is the way individuals and groups define themselves and are defined by others on the basis of race, ethnicity, religion, language and culture." In this regard, our identity comprises how we identify ourselves and how others identify us. Jedha.*

Yaadni armaan oliitti ibsame kun kan ibsu, eenyummaan akka dhuunfaattis ta'e akka gareetti hawaasicha keessatti kan mul'atudha. Eenyummaa (identity) isaaniis, eenyu akka ta'aniifi maal akka ta'an, wantoonnii eenyummaa isaanii ibsan akka aadaa hawaasichatti kan qabaniifi itti dhimma bahan jiraachuu isaati. Eenyumman kunis, gosoota adda addaa ni qaba. Isaan keessaa qorannoo kana waliin kan deemu ijaarsa eenyummaadha. Ijaarsa Eenyummaa (identity construction)**-** Ijaarsi eenyummaa hawaasa tokkoo keessatti akka gareettis ta'e akka dhuunfaatti kan calaqqisu dha. Addunyaan (2016),Wodak (1996,p.126) wabeeffachuun yoo ibsu. "The construction of identity is a process of differentiation, a description of one's own group and a separation from the others."jedha. Akka yaada kanaatti, ijaarsi eenyummaa dhuunfaanis ta'e gareedhaan hawaasicha keesssatti isa tokko isa biroorraa adda baasee kan ibsuu danda'udha.

Ijaarsi eenyummaa hawaasa tokko keessatti bifa garaagaraan ibsamuu ni danda'a. Isaan keessaa tokko ijaarsa eenyummaa deessuu ka mul'isudha. Eenyummaa deessuu kana Dirribii (2009:158) akkas jechuun ibseera.

> *Akka aadaa Oromootti dubartoonni da'anii, mallattoo eenyummaa isaanii Addarratti keewwatanii jiran hin gadadamtu, hidhaanamtu, dubartiin deessee Adda jalee hidhatte (qanafaa) jechuun dubartiin sun deessee baatii shanii as jirti jechuudha. Dubartiin deesse immoo human hin qabdu, duddi nidaddarba dhiigni dhangala'eera. Kanaaf, kabaja guddaa qabdi.*

Akka ibsa armaan olii kanaarraa waanti hubatamu dubartoonni gaafa da'an eenyummaa isaanii kan mul'isu jiraachuu isaafi namoonni eenyummaa ishee mul'isu kana immoo kabajuu akka qaban yaada kanaarraa adda baafachuun nidanda'ama. Eenyummaa ishee kan mul'isu yemmuu argan, waan ishee ijaaruu danda'utti gargaaramanii jajjabina kennuuf. Walumaagalatti, ijaarsi eenyummaa (construction of identity) akka gareettis ta'e akka dhuunfaatti hawaasicha keessatti bifa adda addaa mul'achuu danda'uu isaati. Mata-duree qorannoo kana jalattis, eenyummaa deessuu tokko kanneen mul'isan bifa mallattoon akka jiran ibsamanii jiru.

### 2.5 Barruu Walfakkii

Bakka kanatti qorannaalee mata duree kana waliin walitti dhufeenya qaban yookiin walfakkaatan kan keessaatti dhiyaatanidha. Kanaafuu, mataduree qorannoo kanaan guutummaa guutuutti kan walfakkaatanii hojjetaman hanga ani dubbisetti kan dhiyaate yoo hin jirreyyuu, kan mata duree kanatti dhiyaatan ni argamu. Haaluma kanaan, qoratichi qorannoo kana waraqaalee qorannoo

garaagaraa hojjetaman sakkatta'uudhaan waraqaa qorannoo kana waliin walitti dhiyeenya qabu yookaan walitti dhiyaatu jedhamee kan yaadame haala armaan gadiin ibsamee jira.

Qorannoo kana faana walitti dhufeenya kan qabu qorannoo, Birhaanee (2010) "Faaruu dubartootaa da'umsaan booda mana dubartii deessetti faarsan."Godina Shawaa Bahaa Aanaa Ada'aa Bargaa Magaalaa Bishooftuu. Qorannoon isheen gaggeessite, dubartoonni gaafa da'an faaruu isaan mana deessuu sanaa deemanii faarsan qaaccessuurratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, qorannoon koo garuu, kan adda isa taasisu mataduree "Xiinxala fayyadama afaanii da'umsarratti," kan jedhurratti hawaasni gaafa deessuu tokko dubbisan maala akka jedhan, fayyadama afaanii eenyummaa deessuu ibsan maala akka ta'an irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha. Kanaafuu, faayyadama afaaniirratti xiyyeeffata malee faaruu da'umsa kan jedhu miti. Inni biraan qorannoo, Askaalee (2013) "Qaacceessa Kabaja Ayyaanaa: Raawwiifi Qabiyyee Faaruu Sirna Da'umsaa" mata duree jedhurratti kan hojjetame yoo ta'u, walfakkeenyi qorannoo kana lamaanii da'umsarrattidha. Garaagarummaan isaa garuu, kan Askaalee argannoon ishee sirana kabaja ayyaana da'umsa maal akka fakkaatu qaaccessuurratti kan xiyyeeffatedha. kan koo immoo xiinxala fayyadama afaanii dau'msarratti kan jedhu yemmuu ta'u, fayyadama bafaanii da'umsa dura, yeroo da'umsaa,da'umsa boodaafi fayyadama afaanii eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti gahee inni qabu xiinxaluudha. Haaluma walfakkaatuun qorannoo kootti kan siiqu, Alemu (2013) "Adiscourse Analysis of Jaarsummaa, Atraditional method of dispute resolution by community elders" Mataduree jedhurratti kan hojjatame yoo ta'u, walfakkeenyi qorannoowwan kana lamaanii fayyadama Afaaniirratti xiyyeeffachuudha. Garaagarummaan isaanii garuu, kan Alemu waldhabdee haadha warraafi abbaawarraa kan xiyyeeffatu ta'ee argannoon isaa olaantummaa angoo dhiirri dubartiirratti qabu kan agarsiiseedha. Qorannoon koo garuu, Xiinxala fayyadama afaanii da'umsaarratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha.

## 2.6 Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxxina mata duree qorannoo sanaaf oolu hordofuun baay'ee murteessaadha. Kanaafuu, kaallattii beekumsa tokkoo beektootaatti agarsiisuuf qaburratti hundaa'uun yaaxxinoota garaagaraatu jiru.Kanneen keessaa qorannoon kun kan irratti bu'uureffame:

Yaaxxina xinqooqa hawaasaa (sociolinguestices). Okephew (1992:59) yaaxxinni xinqooqa hawaasaa kun hayyoota xiinmaddaatiin kan madde ta'ee fayyadamni afaanii ummata keessatti

tajaajila akkamii akka inni qabu qorachuurratti kan xiyyeeffatudha. Dabalataan,Yaaxxina duudhaa hawaasaatti kan fayyadamedha. Kanas Dorson (1972) yoo ibsu, “Duudhaan hawaasaa kan hawaasni dhugaadha jechuun fudhatee kan itti tajaajilamudha.”jedha.

Inni biroon, yaaxxina tajaajila (functional theory)dha.Yaaxxinni tajaajilaa jechuun,akkaataa ogbarruun tokko ittiin ilaalamu yookiin qoratamu kan ibsudha. Dhumarratti yaaxxinaaleen hojiin ogbarruu tokkoo ittiin qeeqamus hedduudha. Isaan keessaa kan qorannoon kun bu’uureffate yaaxxina dhugummaa (realism)dha.Yaaxxinni dhugummaa (realism) yaaxxina hojiin ogbarruu ittiin qeeqamu keessaa tokko ta’ee jaarraa 20ffaa keessa hojiirra ooluu kan jalqabedha. Kanaafuu, qorataanis yaaxxinalee armaan olitti ibsaman kanaan xiinxala fayyadama afaanii da’umsarratti Godina Qeellam Wallaggaa itti gargaaramaa jiran qaaccessuuf mijataa waan ta’eef, yaaxxinaalee kanatti dhimma baheera.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

## 3.0 Seensa

Boqonnaa kana keessatti, qabxiileen hammataman: Saxaxa qorannichaa ta'ee, saxaxa ibsaan kan xiinxalamedha. Malli qorannichaas, madda odeeffannoo, mala iddattoo filachuu, mala funaansa ragaalee: daawwannaa, afgaaffiifi marii gareefaatu dhiyaatee jira. Madda rgaalee qorannichaa, Mala iddattoo filachuu, mala qaaccessa Ragaalee qorannichaafaatu walduraa duubaan dhiyaataniiru. Kanaafuu, boqonnaa kana jalatti, maloota ittiin ragaan sassaabamuufi malatti ragaan dhiyaate qaacca'etu ibsamee jira.

## 3.1 Saxaxaa Qorannichaa

Qorannoon kun, saxaxa ibsaarratti hundaa'e. Saxaxni kunis, fayyadama afaanii da'umsarratti xiyyeeffatee kan gaggeeffamedha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kana yeroo gaggeessetti adeemsa qorannoo kanaa filateera. Walumaagalatti, boqonnaan kun malleen qorannichaa kan ofkeessatti hammatu yoo ta'u, mala qorannichaa, madda odeeffannoo, mala iddattoo, malleen odeeffannoon ittiin funaanamanfi mala qaaccessa ragaaleen walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 3.2 Mala Qorannichaa

Qorannoon kun, mala akkamtaatti fayyadamuun kan gaggeeffamedha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon sassaabame lakkoofsaan osoo hintaane jechaan hiika kan argatedha. Dastaa (2002:20) "Qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoo argame mala addeessaatiin yookiin ibsaatiin dhiyeessa," jedha. Haata'umalee, mala qorannoo kanaa ilaalchisee Addunyaan (2011:59) yoo ibsu, "Maalleen qorannoon ittiin gageeffamu garuu isa kanatu guutummaatti cimaa yookiin kanatu guutummaatti laafaa jechuun rakkisaadha. Mallii haala tokko keessatti barbaachisu haala biraa keessatti barbaachisaa ta'uudhiisuu mala." jedha. Yaada kanarraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluurratti humna qabaachuufi gama amantuummaafi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala Fayyadama Afaanii Da'umsaarratti waan ta'eef qorataan mala kanatti fayyadamuudhaan dhiyeessera.

### 3.2.1 Madda Ragaa

Qorannoon kun madda ragaa tokkoffaafi lammeffaa irratti xiyyeeffatee kan gaggeeffame dha. Maddi raga tokkoffaa kan jedhamanis, namoota waa'ee da'umsaarratti hubannoo gahaa qabaniifi sirinnicharratti hirmaatanii ragaa gahaa kennuu danda'u jedhamanii mala iddateessuu miti-carraatiin filatamaniiru. Madda ragaa lammaffaan immoo dookimentii adda addaa sakatta'uun ragaan fudhatameera.

Qorannoon kunis kan gaggeeffame Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaatti. Maddi odeeffannoo immoo dhimma qorannoo tokkoof baay'ee murteessaadha. Kanas,Addunyaa (2011:64) akka ibsutti, "Qorannoon tokko madda ragaa qaba. Kunis, namootaafi dhimmoota qorannoon irratti gaggeeffamu ta'a." jedha. Akka yaada kanaatti maddi ragaa dhimma qorannoo tokkoof baay'ee murteessaa akka ta'edha. Yaada kana bu'uura godhachuun qorannoon kunis madda odeeffannoo tokkoffaafi lammaffaarratti xiyyeeffatee kan gaggeeffame dha. Kunis namoota yeroo da'umsaarratti hubannoo gahaa qabaniifi sirnicharratti hirmaatanii odeeffannoo gahaa kennuu danda'u jedhaman mala iddateessuu miticarraatiin filataman. Haaluma kanaan, maddi ragaa qorannoo kanaa, "Xiinxala Fayyadama Afaanii Da'umsaarratti," jedhu irraguddeessa muuxannoo gahaa kan qaban jaartolii, jaarsoliifi umurii gidugaleessaa kan ta'an Aanaa Sadii Canqaa gandoolee kudha-shan jiran keessaa gandoolee shan (5) irraa filachuun kanneen dhimmicha (da'umsarratti) hirmatan dubartoota ja'a (6) fi dhiirota ja'a (6) marii garee xiyyeefatamaaf lamatti qooduun namoota kudha-lama (12) yemmuu ta'an, afgaaffiif dubartoota afur (4)fi dhiirota afur (4) walitti saddeet (8). Walumaagalatti, namoonni madda ragaa qorannoo kanaa ta'anii haala Aanaa kanaa ibsan baay'inni isaan digdama (20) jechuudha.

### 3.2.2 Mala Iddattoo Filachuu

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaalame kanneen qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun bu'aa qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. Haata'uumalee, hundarraa ragaa sassaabbachuun humna qorannoo kanaatii ol ta'a. Kunis yeroo, baajata, meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuudha. Qoratichi odeeffannoo barbaadu argachuuf, hirmattoota qorannichaaf isa tajaajilan kan filate mala iddattoo miti carraadha. Yaada kana Berg (2001:11) akka ibsutti, "Namni qorannoo tokko gaggeessuu tooftaa kamiyyu fayyadamuun iddattoo filachuu danda'a." jedha. Kana jechuun qorataan tokko

beekumsa dhimmicharratti qaburraa kan ka’e kanneen odeeffannoorraa argachuu danda’u murteessuu ilaallata. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ragaan iddattoo sanarraa argamu akka gaariitti hawaasa naannichaa bakka bu’uu nidanda’a jedhameetu. Qorannoo kana keessatti qorataan kaayyoo qorannoo isaa galmaan ga’uuf kanitti fayyadame iddatteessuu miticarraadha. Akkasumas, odeefkennitoota daawwannaa, afgaaffii hin caaseffamne fi marii gareerratti xiyyeeffatamaa waa’ee yeroo da’umsarratti jaartolii, jaarsoliifi namoota umurii giddu-galeessaa qorannichi irratti gaggeeffame keessaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga’uu danda’u jechuudhaan kan filatamedha.

Ragaan sassaabamu kunis, mala iddatteessuu miti carra jalatti iddatteessuu akkayyoo filachuun qorannoon kun kan gaggeffamedha. Yaada kana Addunyaan (2011:67) yoo ibsu, “Iddatteessuun akkayyoo akaakuu iddatteessuu miticarraa kan namoonni gaggeessan beekumsa dhimmicharratti qabanirraa ka’anii kanneen odeeffannoorraa argachuu danda’ani murteessaan ilaallataa,” jedha. Kanaafuu, qoratichi mala iddattoo akkayyoo kan filate waa’ee odeeffannoo isaarratti namoota beekumsa qaban qaama dhimmi isaa irra caalaatti ilaallatu jechuunis dhimmoota aadaa, seenaafi duudhaa oromoo waliin walitti hidhannaa qaban naaf argamsiisuu danda’a jedhee waan amaneefidha. Qorannoo kana keessatti qoratichi filannoo iddattoo isaa kanas hojiirra osoo hinoolchiin dursa odeefkennitoota addaan baafate. Itti dabaluunis maanguddoota beekamoo odeefkennitoota gaafachuun walqunnamuun gaaffilee barbaachisuuf haala mijeeffate.

### 3.2.3 Malleen Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo gaggeffamu, ragaa funaannachuun hojii hangafaati. Odeeffannoon funaanamu kunis malleen adda addaatti dhimma bahuun kan gaggeeffamedha. Isaanis: Daawwannaa, Af-gaaffii hin caaseffamneefi marii garee xiyyeeffatamaa lakkoofsaan utuu hin taane jechaan ibsuun kan gaggeeffamedha.Yaada kana cimsuun Dastaa (2013:33) Marietjiefi Maarieta (2001) waabeffachhun yoo ibsu, “Qorannaa akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa af-gaaffii, dookimentii sakattaa’uufi meeshaalee dhag-argee (audio-visual materials) fayyadamu,” jechuun ibsa. Qoratichis kanuma bu’uura godhachuun qorannoo isa keessatti malleen armaan olii keessaa mala daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannaan argame odeeffannoo walitti qabateera. Kanaafuu, akkaataa qorannoon kun fiixaan ba’uu danda’utti maloota odeeffannoon ittiin funaanamu amala mataduree kanaaf ta’u filachuun kanneen armaan gadiitti gargaarameera.

#### 3.2.3.1 Daawwannaa

Daawwannaan bu'ura ragaan qorannoo kanaa ittiin funaanamedha. kunis, qaamaan yoomessa uumamaa keessatti argamuun hirmaachaa ragaan ittiin funaaname. Dastaan (2002:90) Daawwannaan mala ragaan qorannoo ittiin funaanamu keessa isa tokko. Qorataan iddoo qorannicha itti gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qorannicha irratti gaggeessu sana hordafaa waan arge tokko ragaa akka sassaabatu kan taasisuudha," jedha. Haaluma kanaan qoratichis gaaffilee mirkaneefannaa qabxiilee (7)fi meeshaa ittiin waraabbatu qopheeffatee ragaa barbaachisu kallattiin madda ragaa tokkoffaa irraa qaamaan mana dubartoota warra da'aniis warra hin deenyes, kan aanaa Sadii Canqaa keessatti argaman yeroo yeroon achitti argamee akkaataa fayyadama afaanii da'umsarratti itti gargaaraman waraabbachuun gaaffii mirkaneeffannan walqabsiisee raga argate jechaan ibseera. Kunis, Amajjii 29, 2011 hanga Ebla 30, 2011 (ji'a afurii keessatti) dubartoota da'uu jala ga'an (2) dubartoota da'anii ciisan (3) fi kan da'anii ka'an(2)waliigala (7) mana da'anii ciisaniifi bakka mana jireenyaa isaaniitti daawwatera. Kanaafuu, fayyadama afaanii da'umsarratti namoonni iddoo sanaa itti gargaaraman ragaa jiru guutummaatti sassabbachuu danda`eera.

#### 3.2.3.2 Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota ragaan qorannoo ittiin funaanamu keessaa isa tokko ta'ee kan ragaa barbaaduufi odeeffannoo kennan fuulaa fuulatti walarguun ragaa kan waliif kennanidha. Dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeefkennitoota dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafatamaniiru. Kunis qorataafi iddattoowwan fuulaa fuulatti walarganii ragaa waliif kennaniiru. Malli funaansa ragaa kun, ragaa baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'een gaafatameera. Yaada kana Dastaa (2013:111) akka ibsutti, "Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu waanti gaarii isa taasisu qorataan yookaan qorattuun gaaffii dhiyaatu sirriitti ifa gochuun ibsuufi odeeffannoo kennaan gaafachuu danda'uu isaati." Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii gara garaatiin balballoomsu. Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, "Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif odeeffannichi argamu aslii ta'a," jedha. Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa haala itti aanuun ibseera."The interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding others." jedha.

Afgaaffii hincaaseffamne gosa meeshaalee qorataan odeeffannoo ittiin sassaabuuf dhimma itti bahu keessaa isa tokkodha. Berg (2001:70) akka ibsutti, “unstructured interviews are usefull when researcher unfamiliar with respondents life styles religious or ethnic cultures or customs and similar attributes,” kan jedhudha. Akksumas, Creswell (2012:218) yoo ibsu, “The interviwer also has better control over the type of information received, because the interviwer can ask specific question to elicit this information,” jedha. Kanaafuu,qorannoon kun yeroo gaggeeffamu,afgaaffii hincaaseffamne qopheessee iddattoowwaniif dhiyeessuun ragaa isaan kennan dursee hayyamsiisee waraabbadheera. Kan waraabbame ammoo gara barreeffamaatti jijjiiruun qaaccessaaf akka ta’utti mijeesse. Kunis, dhimmicha irratti ragaa ga’aa haala ifa ta’een argachuuf yaadameeti. Kanaafuu, afgaaffiin hincaaseffamne qorataan dhimma sanarratti ragaa faayidaa qabu naa argamsiisuu danda’a jedhe; gaaffii odeefkennitootaaf mijatu kallattii yaade sanaan dhiyeessuun akka danda’utti odeefkennitoonnis kan itti amananii odeeffannoo kennani dha. Dhimmichi akka ifa ta’uu danda’utti qorataan fuulleetti walgahanii odeeffannoo waliif kennaniiru. Qorataanis afgaaffiin kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uu keessatti ga’ee guddaa qaba jedhee waan itti amaneef ittigargaarameera. Haaluma kanaan, fayyadama afaanii da’umsaarratti Aanaan Sadii Caanqaa iddattoonni hirmaatan jaartolii, jaarsoliifi umurii giddugaleessaa keessaa namoota dandeettiifi muuxannoo gahaa qaban namoota saddeet (8) fudhatee Amajjii 25, 2011 hanga Bitootessa 9, 2011 bakka da’anii jiranii fi bakka hojii isaaniitti argamuun afgaaffii dhiyiyeessee ragaa irraa funaannatee jechaan qaaccesseera.

### 3.2.3.3 Marii Garee Xiyyeeffatamaa

Mala qorataan ragaa ittiin sassaabbte keessaa tokko marii garee ta’a. Kanas, Neunan (2007) yoo ibsitu,“Focus groups discussion useful for exploring ideas and obtaining in depth information about how people think about an issue,” jedha. Qabanni isaa marii kana irratti namoonni hirmaatan muuxannoo yeroo dheeraafi beekumsa gadfagoo da’umsarratti kan qabanidha. **ያለዉ እንዳወቀዉ** (2006፡191) **ቡድን ተኮር ዉይይት የሚካሂደዉ በችግሩ ዙርያ በቂ መረጃ ሊኖራቸዉ ይችላል ተብሎ የሚታሰብ ሰዎችን በመዉስድ መረጃ እንዲሰጡ ይጠቀማሉ፡፡**

Yaadni isaas marii garee xiyyeeffatamaan kan inni adeemsifamu dhimma sanarratti odeeffannoo gahaa qabaachuu danda’u jedhamee waan yaadameef. Kana bu’uura godhachuun marii garee kana adeemsisuuf ofeeggannoo qorataan taasise keessaa: adeemsa marii garee sanaaf gaaffii dhiyeessuu, mariin taasifame dhimma ijoo sana keessaa akka hin bane hordofuu, hirmaattonni

hundi yaada laachuu isaanii hordofuu, hirmaattonni marichaa tokko tokko akka isaan dhuunfaasaanitti hin hoogganne hordofuu, hirmaattonni yaada ifa ta'e diriirsu isaaniifi kkf jechuun nidanda'ama. Marii garee xiyyeeffatamaa kanarratti akkaataan gurmaa'ina garichaas namoota da'umsarratti muuxannoo dheeraa qaban garee lamatti gurmeessuun "A" fi "B" jechuun qoodeera. Qooddii kanas akkayyoo korratti hundaa'een qoode. Baay'ina garee "A" dubartoota (6); baayinni garee "B" dhiirota (6) jechuun qoodeera. Sababiin isaas akka kaayyoo korratti hundaa'ee gareen tokko ragaa kennuuf yoo xiqqaate nama ja'a ta'uu qaba waan ta'eef. Kanas umurii giddu-galeessaafi kanneen buleeyyii ta'an waliigala namoota kudha-lama (12) yemmuu ta'an, garee jalqabaa Bitootessa 7,2011 mana deessuu sanaatti argamuun, garee lammaffaa Ebla 4,2011 guyyaa hojiin hinjirre beellamachuun gaaffilee marii gareef banaa ta'an ja'a (6) dhiyeessuun ragaa iraa funaannatee jechaan qaaccesseera.

### 3.2.4 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun haala itti fayyadama afaanii da'umsarratti maal akka fakkaatu qoqooduutiin kan qaacceeffame dha. Malli kun fayyadama afaanii da'umsarratti itti gargaaramnu gadi fageenyaan hubachuuf fayyada. Haaluma kanaan,hirmaattootarra odeeffannoo daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaa irraa agaman, qabiyyee isaan ittiin walfakkaatan bakka tokkotti fiduudhaan akkaataa ergaan isaanii walfakeenya qabutti toora tooraan ykn jecha jechaan ilaaluun hiika kan itti kenname yoo ta'u, ragaaleen af-gaaffii mobaayiliin waraabaman kaayyoo qorannichaa qofarratti hundaa'uudhaan yaadota argaman gara barreeffamatti jijjiiramee dhiyaateera. Kanamalees, ergaa waligalaa eenyummaa deessuu ibsuu keessatti gahee afaan qabu tokko tokkoon kan qaaccefamedha. Dhumarrattis odeeffannoo karaa hundaan madda adda addaarraa argaman walitti fiduun jechaan ibsi itti kennamee jira.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.0 Seensa

Ragaan,karaa maloota funaansa ragaa kanneen akka daawwannaa, afgaaffiifi marii garee xiyyeeffatamaan namoota fayyadama afaanii da’umsarratti muuxannoo gahaa qaban kan akka: jaartolii, jaarsoliifi namoota umurii gidduu galeessaarraa ragaa funaanaman haala armaan gadiitiin qaacceffameera. Ragaawwan matadurichaan walqabatan haala qulqullina qabuun erga calalamee booda mirkanaa’eera. Ragaawwan kaayyoo qorannichaatiin walhin qabanneefi hir’uu ta’an battalumaatti keessaa adda bahanii jiru. Ragaawwan sassaabamanis akkaataa walfakkeenyaa isaaniifi garaagarummaa isaaniitiin mataduree adda addaa jalatti qoodamaniiru. Ragaawwan argaman bifa barreeffamaatiin qindaa’anii ibsamaniiru. Haaluma kanaan qaaccessi boqonnaa kanaa kutaalee gurguddoo sadiitti addaa qoqqooduun kan dhiyaatee jirudha. Isaanis: Qabiyyee fayyadama afaanii da’umsarratti, fayyadama afaanii da’umsarratti dhimma baasaa jiru eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti gahee inni qabuufi malleen dubbiifi jechamoota da’umsarratti dhimma itti bahamudha.

Kutaa jalqabaarratti, fayyadama afaanii da’umsarratti hawaasichi dhimma itti ba’u gulantaa sadiitti qoqqooduun, fayyadama afaanii da’umsa dura, yeroo da’umsaafi da’umsa booda jechuun akkaataa qabiyyee isaaniitiin adda adda qooduun tokkoo tokkoon qaacceffameera. Kutaa lammaffaarratti, akkaataa hawaasni aanaa sadii Canqaa fayyadama afaanii eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti itti gargaaraman, duraa duubaan qaacceffameera. Kutaa sadaffaan, malleen dubbi: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessa, fakkoomiifi jechamoonni da’umsa irratti itti gargaaraman duraa duubaan qaacceffamee jira. Walumaagalatti, kutaaleen sadan fayyadama afaanii da’umsarratti dhimma itti ba’an boqonnaa kana jalatti ragaawwan karaa maloota armaan olitti eeramaniin argaman tartiiba isaanii eeguun akka armaan gadiitti duraa duubaan qaaccesseera.

## 4.1 Fayyadama Afaanii Da’umsarratti

Mata duree kana jalatti fayyadama afaanii da’umsarratti naannoo Godana Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa dhimma itti bahamutu xiinxalame. kunis, yeroo da’umsa duraatii kaasee hanga da’umsa boodaatti wantoonni raawwataman hedduutu jiru. Da’umsa duraa kan jedhamu deessuun tokkoo osoo hin da’iin dura wantoota da’umsa sanaaf barbaachisan yemmuu isheen itti

qopheeffattu jechuudha. Yeroon da’umsaa gaaruu erga ciniissuun qabee kaasee wantoota raawwataman yemmuu ta’u, da’umsi boodaa kun immoo erga raawwiin da’umsa kanaa raawwatee booda taateewwan ta’an kan ibsudha. Kanaafuu, kutaa kana keessatti akkaataa fayyadama afaanii da’umsarratti itti gargaaramnutu duraa duubaan qaacceffamee jira.

### 4.1.1 Fayyadama Afaanii Da’umsa Duraa

Qophiin da’umsa duraa turtii yeroo ulfaa muraasarraa eegalee raawwii ta’u kan hammatudha. Qophii da’umsa duraa ilaalchisee Jaal’een (09/07/2011 Canqaa 02) akka ibsitetti, “Dubartiin ulfaa yeroo da’umsa jala geessu waan ishee barbaachisu yeroo bayyee torban jahaatu hafaa jettee fira yookaan ollaa ishee waliin wantoota barbaachisan qopheeffatti,”jetti. Qoratichi daawwannaa 29/06/2011 gaggeessee sagalee isaanii waraabbatee gara barreeffamaatti jijjiiree xiinxaleenis kanuma mirkaneeffate. Kanaafuu, Kutaan kun yeroo qophichaa fayyadama afaanii isaan itti dhimma bahan maal maal akka ta’an duraa duubaan akkaataa armaan gadiitti xiinxalamee jira.

#### 4.1.1.1 Kadhata Dhabduu (maseena)

Dubartiin dhala hin qabne dhala naafkenni jettee maaramiin nikadhatti. Kanas,Baqqaluufi Dirribeen 23/07/2011fi Kumashii 02/07/2011Akkas jedhu,“Dhabduu yookaan maseenni hawwaasa keessattis ta’e, mana keessatti dhiibbaa isheerra gahu utuu boossuu gadda garaa ishee maaramitti nihimatti,” jedhu. Himata ishee kanas, bifa weedduutiin akkatta armaan gaditti qaacceffamee jira.

(1) Yamaaram dasaa dasaa
diinqa keen darbee rafa
kan deessuun anaan jettee
diinqa koo hin darbiin jette
mucaa koo hin argiin jette
maal yoon mucaashee argee
ijakotu budaa qabamoo
harkakotu mutaa qabaaree?
mucaan ishee haaguddattu
naaf maaram haadubbattuu
Wayyaa gulantaa faaqii
Hokkoteen bukoo hin qammanu
Argadha guyyaa waaqi
Rakkataan dubbii hin dallanu
Karra saaqanii jabbii hoosisu
Mataa raasanii maaf nama boossisu.

Ergaa weedduu armaan olii keessatti buufata jalqabaarraa waaanti hubatamu, deessuun, ishee dhabduudhaan mucaa ishee diinqa seentee akka hindubbisne waan dhorkiteef, isheen dhabduu immoo baay'ee akka isheen komachaa jirtu kan namatti mul'isudha. Dabalataanis, isheen maseena (dhabduu) sun deessuu sanatti muufattee maaramiin dhalanaa kennuu dandeessi jettee abdachuu ishee nama hubachiisa. Akkasumas, weeduma kana keessatti, ergaan *(buuf.2)* isheen dhabduu taate osoo jecha namaatti hin dallaniin akka isheen obsitee waaqaan eeggattu nama hubachiisa. Jechoonni buufata weedduu kanaa keessatti argaman *(buuf.1) "diinqa"fi (buuf.2) "qammanu"* kan jedhaman hiikni isaanii duraa duubaan, diinqa kan jedhu, mana keessa ta'e gola (bakka da'oo**)** dha. Qammanuu kan jedhu immoo, ukuu yookaan foolii godhachuu kan jedhu ibsa. Qabiyyeema walfakkatu kana ittuma fufuun dhabduun yookiin maseenni akkana jettee kadhatti:

(2) Dhirsi koo naa sardeera
ani mucaa dhabee turraan
ammammoo rakkadheera
dhaqeesoo gabaati hin bitu
kennituun maaree kootii
gogsituun ayyana koo
naan obsituu jaarsa koo?

Ergaa buufata armaan oliirraa kan hubatamu, isheen dhabduu (maseena) taate abbaan manaa ishee da'uu didde jedhee akka rakkisu jiru, isheen immoo daa'imani yeroo gabaabaatti akka hin argamne yookaan daa'imni gabaatii bitamuu akka hindandeenye ibsa. Kanaafuu, abbaan manaa ishee obsa akka isheef qabaatu, isheen immoo maaranmiin kadhachaa jiraachuu ishee kan mul'isudha. Fayyadamni afaanii buufatuma kana keessatti *(toora.1) "dhirsi koo naa sardeera"* kan jedhu hiikni isaa *"abbaan manaa koo na ariifachiiseera"* jechuudha. Kunis abbaan amnaa ishee da'uu qabda jedhee akka yaaddoo itti uumaa jiru ibsa. Gaaleen *(toora.4)"gabaatii hin bitamu"* kan jedhu hiikni isaa *"gabaa keessaa hinargamuu"* kan jedhu ibsa. Ergaan isaas daa'ima gabaa deemanii gabaa keessaa bituun akka hin danda'amne yookiin akka salphaatti argamuu akka hin dandeenye nama hubachiisa. *(toora.6)"gogsituun ayyana koo"* kan jedhu hiikni isaa, carraa koo dhabduu (kanhindeenye) nagoote kan jedhu ibsa. *(toora.7) "naan obsituu jaarsa koo?"* kan jedhu immoo *"takka naaturii abbaa manaa koo"* yaada jedhu ibsa.

(3) Yamaaram maraamartuu koo
Sabbatan mare baadha
Hidhadha jedheettanoo
Sijalan maramee taa'a
Sikadha jedheettanoo

Ergaa Buufata olii kana odeefkennaan afgaaffiirratti hirmaate Baay'isaan 20/06/2011 akka jedhetti, "Dubartiin dhabduun sabbata mudhii isheerraa hiikkattee maaram akka dhala isheef kennituuf kadhatti," jedha. Ibsa isaa keessatti waanti hubatamu,dubartiin dhala hin qabne yeroo mara jireenya jiraatu keessatti akka isheen qoramtu, bakka deemtu hunddatti akka isheen boossu dubbateera. Akkasumas, dubartiin dhabduun gaafa dubartii ilmoo qabdu argitu maaramitti booyuu ishee dabalataan ibsamee jira. Kanaafuu, dhabduun maaram akka dhala isheef kennituuf bifa gaddaatiin irra deddeebitee kadhachaa jieraachuu ishee nama hubachiisa.

Qabiyyeema walfakkaatu kana ittuma fufuudhaan, dhabduun yeroo mara yaaddoodhaan akka jiraattu ibsanii jiru. Ibsi isaaniis bifa weedduutiin akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira. Kanas akkas jedhu,

(4) Arfaasaa gaangoon dhaltee
qirixxii tumtuun tumtu
dhiiga koo lafatu nyaate
abbaasaa naafoo gamte
siqiqiin lubbuu hin dhumtu
utuun boobee facaase
yoona jabbooleen jala dheeddi
utuun boo'ee ishee dhamaase
silaa maaram koo nadhageessii.

Ergaa buufata weedduu kanaarraa waanti hubatamu, dubartiin dhabduu yookaan maseena taate jireenyi ishee dhiphuufi yaaddootiin guutamee akka isheen maaramitti boossu irraa hubachuun nidanda'ama. Buufata weedduu kanaa keessatti fayyadamni afaanii *(toora.2) "qirixxii" fi (toora.5) "siqiqii lubbuu"* hiikini walfakkii isaanii duraaduubaan, qirixxii kan jedhu hiikni isaa sibiilarraa kan tolfamu meeshaalee qonnaa ittiin uruuf kan gargaaru yemmuu ta'u, siqiqii lubbuu kan jedhu immoo yaaddoo (dhiphuu) kan jedhu ibsa. Kanaafuu, fayyadamni afaanii haala kanatti gargaaraman dhaloota dhufuuf bu'aa guddaa nibuusa. Akkasumas, jechoonni buufata kana keessatti argaman barnoota idilee keessattillee bu'aa buusuu nidanda'u.

#### 4.1.1.2 Dhabduuf (maseena) Kadhachuu

Hawaasaa keessatti dubartiin dhabduun kabaja hin qabdu.Akka hawaasaatti, Badhaasafi Giraanyi 16/07/2011fi Misireefi Obseen 23/07/2011 akkas jechuun ibsu, "Maseenummaan hawaasa oromoo biratti jibbamtuudha. Kanarraa kan ka'e,dubartiin maseenni nidhiphatti," jedhu. Ibsa isaanii keessattis, namoonnii baay'een isheef nigaddu. Rakkina ishee furuufis, yaaliin adda addaa nigodhama. Bakki Gadaan kabajamutti ykn bakki hangafoonni walga'anitti kadhannaan nigodhamaaf. Garaashee tuqanii ni eebbisu. Bukkee ishee naanna'anii akka kormi gaanaa "Iii…Iii…Iii…" isheetti jechuudhaan dhali, dhali jedhanii eebbisu. Warri dubartootaa immoo gama isaaniitiin sirna da'umsaarratti yeroo deessuuf gammadan maseenaaf immoo nikadhatu; yaada jedhu dubbatanii jiru. Kunis akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(1) Yamaaram jedhee hin beeku
jedhee irraa dhabee hin beeku
kusaayee gaaraa buqqisaa
yamaaram dhabduufis kenni
abbbatu ajaayee guddisa.
yamaaram qoloo jaftaa
utuun siwaamuu raftaa
yamaaram qoloo daduu
dhugaan sijalaa hin baduu.

Ergaan weedduu armaan olii kun dubartiin dhabduu taatee jirtu tokkoo maaram dhala akka isheef kennituuf kadhannaa isheen kadhattu ibsa. Dabalataanis, dhabduun sun yeroo baay'ee kadhattee maaramirraa akka hin dhabne amanachuu ishee nuhubachiisa. Fayyadamni afaanii buufaticha keessatti argaman *(toora.3) "kusaayee''* kan jedhu hiikni isaa gosa baalaa kan ta'e qodaa aannanii dhiquuf kan ittigargaaramnudha. Gaaleen buufatichaa *(toora.6)"qoloo jaftaa"* kan jedhu hiikni isaa qoloo miidhagaa ykn hawwataa kan jedhu yemmuu ibsu, gaaleen *(toora.8) "qoloo daduu"* jedhu hiikni isaa uffata miidhagaa jirbiirraa tolfamee dubartoonni uffatanidha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii weedduu kana keessatti argaman yoo barnoota idilee keessatti barsiifaman guddina afaan sanaaf nigumaachu. Qabiyyeema walfakkatuma kana itti fufuunis, dubartii dhabduu (maseena) taateef namoonni bakka adda addaatti faaruu garaagaraa fayyadamanii maaramiin ni kadhatuuf; kadhannaa isaan kadhataniifis akka armaan gadiitti xiinxalamee jira.

(2) Dubartiin sunqoo hin nyaattu
maaramiif hiitee keessi
maaram adaraa hin nyaattu
maseena garaa keessi
yamaaree koo siif safuu
sitti aanee qullaa rafuu?

Ergaa buufata kanaarraa waanti hubatamu, maaram adaraa akka isheen hin nyaanne, isheen maseena taatee jirtu abdii osoo hin kutatiin akka isheen kadhattee eeggataa jirtu kan mul'isu yemmuu ta'u, gaaleen buufaticha keessatti argamanis, *(t.3)"Adaraa hin nyaattu"* hiikni jedhu galfata (imaanaa) hin nyaattu kan jedhu ibsa. Jechamni *(t.4) "garaa keessi"* jedhu immoo hiikni isaa akka isheen ulfooftu gooti ykn mucaa kennitiif kan jedhu ibsa. *(t.5) "siif safuu"* kan jedhu hiikni isaa, kan kee ajaayiba, kan kee dinqiidha kan jedhu ibsa. Kunis ergaan isaa maaram akka isheen waaguddaa gochuu dandeessuu itti amananii ishee kadhachuu agarsiisa. Kanaafuu, fayyadamni afaanii buufata kadhannaa kana keessatti ibsaman hiika kallattiifi hiika alkallatti isaan qabaniin barnoota idilee keessattis barsiisuun bu'aa guddaa qaba. Qibiyyeema walfakkaatu kana akka armaan gadiitti ibsaniiru.

(3) Utuuman tumtuu ta'e
manqallii lakkuu dhayeen
tokkichaan gabaa baasa
utuman maaree ta'e
dhabduudhaaf lakkuu kenneen
tokkichaan dharraa baasaa.

Ergaa buufata armaan oliirraa waanti hubatau, namoonni dhabduuf yookiin maseenaaf maaramiin yemmuu kadhatan, osoo maaramiin ta'an ijoollee baay'ee dhabduuf kennanii akka ishee gammachiisuu barbaadan nama hubachiisa. Buufaticha keessatti jechi *(t.2) "manqallii"* jedhu hiikni isaa saaxaraa irraa kan hojjetame waa itti naqanii baachuuf kan ooludha. Gaaleen *(t.6) "tokkichaan dharraa baasa"* hiikni jedhu immoo aluma tokkootti hawwii ykn fedhii dhabduun daa'imaaf qabdu nan guutaaf yaada jedhu ibsa. Jechi *(t.5) "lakkuu"* kan jedhu hiikni isaa, daa'imman altokkichatti waliin dhalatan.

(4) Yaa hangar sitaajjabee
kan bona luugoo gogsitu
yamaaram sitaajjabe
kandhabduu garaa gogsitu
kan deessu maal sii gootee
dhaabdee marqite malee
maseenni maal sigoote
boossee harqite malee
sareenoo maal siif gootee
kan saddet saddet dhaltu
maseenni maal sigoote
kan harka martee raftu
maqaa dhalatteen haftu.

Akka ragaan (4) jalatti ibsamee jiru, namoonni gaafa kadhatan dhabduufi deessuu maaliif akka maaram walcaalsistee, ishee dhabduu akka boossistu weedduu adda addaatti gargaaramuudhaan akka isheef kadhatan mul'isa. Kunis, ergaan yookiin dhaamsi isaa buufata weedduu armaan oliirraa waanta inni namahubachiisu, dubartiin isheen deessee maaramiif maal gootee, dubartiin isheen dhabduu immoo maaramiin maal goote jennaan garaashee gogsitee akka isheen boossistu; akka isheen qofaa taatee maqaas hingeeddaratiin hafte kan nama hubachiisu yemmuu ta'u, *(t.2) "lugoo gogsitu"* hidda mukaa bishaan qarqaratti argamu. *(t.4) "garaa gogsitu"* kan jedhu hiikni isaa dhabduu ykn maseena gootuu jechuu akka ta'e ibsa. *(t.8) "boossee harqite"* hiikni jedhu buufaticha keessatti, garmalee booyuu ishee ibsa. *(t.dhu.) "Maqaa dhalatteen haftu"* kan jedhu hiikni isaa dhala osoo hingodhatiin hafuu akka ta'e mul'isa. Walumaa galatti, hiikni fayyadamni afaanii buufata weedduu kanaa keessatti argaman sirna banootaa keessattis ta'ee, dhaloota dhufu ittiin barsiisuu faaydaa guddaa kan qabudha.

### 4.1.2 Faayyadama Afaanii Yeroo Da'umsaa

Aadaa uummata Oromoo keessatti dubartiin deessu kabaja guddaa qabdi. Dubartiin ji'a sagal garaatti baattee gaafa da'umsi ishee ga'ee ciniinsuun ishee qabu, dubartoonni ollaadhaa ni waamamu. Yeroo kanas muuxannoofi ogummaa warri qaban akka itti da'an, ciniinsiifatan nigorsu. Dubartoonni kunniinis itti naanna'anii maaram akka gargaartu kadhatu. Kanaafuu, yeroo da'umsaa kan jedhamu deessuun tokko erga ciniinsuun qabee kaasee wantoota raawwataman jechuudha.

#### 4.1.2.1 Deessuuf Kadhachuu Keessatti

Namoonni deessuun tokko da'uuf jette gaafa ciniisiifattu, deessuu sanaaf nikadhatu, kanas Getaachoo fi Jarjaraa 04/08/ 2011 akka jedhanitti, "Dubartoonni ollaa gaafa deessuu ciniinsuun qabu gara mana deessuu sanaa deemuun nijajjabeessuu," jedhu. Ibsa isaanii keessattis, deessuun tokkoo ji'a ishee fixxee ciniinsuun yeroo ishee qabu, dubartoonni ollaa dhufanii osoo ol hin seeniin ulaa balbalaa yemmuu ga'an callisanii olhin seenan sabbata isaanii hiikkachuun maaram kadhachuudhaan akka isaan olseenan himaniiru. Kunis haalli fayyadaminsa afaanii isaan itti gargaaraman kanaa akkaataa armaan gadiitti duraaduubaan qaacceffamee jira.

(1) "An sii furadheeraa, maaram saafurtu." Jechaa sabbata
mudhii irraa hiikkachaa ol seenu.
(2) Yamaaram hiikuus beekta, hidhuus beekta ati hiiki.

Akka raga (1) jalatti dhiyaatee jiruun, ani siifuradheera yaadi jedhu ani akati hiikamtuuf sabbata koo kan mudhiikorra jiruu hiikeera, maaramis saa hiiktu jechuu akka ta'e yaada kennamerraa hubachuun ni danda'ama. Buufaticha keessatti hiikni *"Sabbata"* jedhu immoo jirbiirraa kan hojjetamu ta'ee dubartoonnii mudhiin isaanii akka jabaatuuf, mudhiitti kan hidhatanidha. Buufatuma kana keessatti jechi *"sifureera"* jedhuus hiikni isaa *"sihiikeera"* kan jedhu ta'a. Kanaafuu, fayyadamani afaanii iddoo kana keessatti itti gargaaramanii jiran sirna barnootaa keessatti hiika walfakkii ta'anii tajaajilu nidanda'u.

Hawaasni, Kumashii fi Boontuun 2/07/2011 Ergaa buufata olii kanaa yemmuu ibsan akkas jedhu, "Deessuun tokko ciniinsuun qabatee yeroo isheen rakkataa jirtu dubartoonni bakka sanatti argaman maaram akka ishee hiiktuuf kadhannaa kadhatamudha," jedhu.Ibsa isaanii kana keessattis, namoonni iddoo sanatti argaman deessuu tokko erga ciniissuun qabee kaasee hanga isheen deessuuti osoo addaan hin kutiin maaramiin akka isaan kadhatan nama hubachiisa.

#### 4.1.2.2 Garaagarummaa Daa'immanii

Daa'imni tokko yeroo dhalattu gara alaafi gara haadhaatti garagaltee dhalachuurratti garaagarummaa akka qaban Dirribeefi Sirneen 23/07/ 2011fi aadde Jaal'eefi aadde Kuulanii 09/07/2011 yaada isaanii ibsanii jiru. Daa'ima dhalatterraatti dhiirriifi dhalaan garaagarummaa akka qaban akkas jechuun ibsu,

(1) "Daa'imni dhalate sun dhiira yoo ta'e garaa haadhatti galagalee dhalata." jedhu.
(2) "Daa'imni dhalatte dubara yoo taate gara alaatti garagaltee dhalatti." jedhu.
(3) "Dhiirri yoo dhalatu namoonni olla jiran si'a shan ililchuun simatu; yoo dubara taate immoo si'a sadiitu ililfama," jedhu.

Toora (1) kanaarra waanti hubatamu hawaasicha keessatti inni dhiira ta'e gara haadhaatti galagalee dhalachuun isaa ergaa guddaa akka qaba nama hubachiisa. Ergaan isaas dhiirra yoo ta'e, fuudhee qe'eetti hafuun qe'ee warra isaa dhaalee hafa kana jedhuudha. Qomoon maati sanaa bakka sanaa akka hin banne taasisa jedhanii amanu. Karaa biraa garaagarummaan koorniyaa hawaasicha keessatti iddoo guddaa akka qabu namahubachiisa. Waluumaagalatti, waanti yaada kanarraa hubatamu dhiirri dhalatu kan ofii akka ta'etti isheen durbaa immoo akka kan alagaa (bakka biraatti heerumtu) taatetti fudhatamuu ishee mul'isa. Ittuma fufuun:

Ergaan toora lammaffaa (2) kanaa irraa waanti hubatamu, daa'imni dhalattu tokko gara haadhasheetti galagaltee kan dhalattu osoo hintaane gara bakkeetti galagaltee dhalachuu ishee nuhubachiisa. Kunis hawaasicha biratti, qe'ee warrasheetti hinhaftu; kan alagaati yookaan qe'ee maatishee dhiistee bakka biraatti heerumti yaada jedhutti amanu isaanii nutty mul'isa. Kanaafuu, hawaasicha biratti dhiiraaf malee dubaraaf xiyyeeffannoon akka hin kennamne nuhubachiisa. Ergaa walfakkaatu kana ittuma fufuun:

Ergaan toora (3) Kanaa waanata inni nama hubachiisu, hawaasichi ilaalcha inni walcaalmaa dhiirafi dubaraa qabu mul'isuuf, ilillee kanatti gargaaramanii akka yaadasaanii ibsatanidha. Kunis inni dhiiraa, ishee durbaan kallattii hundaan akka dursu godhanii amanu. Dhiiraaf si'a *shan* ililchuun kun, dhiirri qa'ee waarraa dhala ykn qe'ee qabata jedhanii itti amanu. Dubaraaf immoo *alsadii* ililchuun kun dubarri kan alagaati qe'ee waarraa hin dhaaltu, dhiiraa gadi akka taatetti fudhatu. Yaadi kun immoo yeroo ammaa walqixxummaa dhiiraafi dubaraa ni faallessa waan ta'eef akka fudhatama hin qabneetti ilaalama.Walumaagalatti yaada isaanii ibsan keessattis dubartiin tokkoo ulfooftee gaafa deessu, namoonii tokko tokkoo osoo dubbisuu hin deemiin dura maal deesse jedhanii gaafatu. kunis, gaafa deessuu sana dubbisuu deeman daa'imni dhalatte dhiira ykn dhalaa yootaate haala daa'ima sana ittiin simatan addaa addummaa waan qabuuf. Kunis walcaalmaa dhiiraafi dhalaa gidduu jiru kan calaqqisiisu ta'uusaati.

#### 4.1.2.3 Handhuuruurratti

Daa'imni tokko erga dhalattee booda ni hadhuuramti, adeemsa kana keessatti raawwiin raawwatamu akka jiru Obsee, Tawaabechif fi Baqqaluun 23/07/2011 waa'ee handhuuruu ilaalchisee yaada isaanii akkas jechuun ibsu.

(1) "Mucaan dhalatte nihadhuuramti."
(2) "Hiddi handhuuruu sun akka waan lubbuu
qabuutti fudhatama." jedhu.
(3) "Naqa afur ililchaa gad-fageessanii awwaalu."
(4) "Hadhuurri mucaa ol dhiyaatee awwaalamuufi gadi
fagaatee awwaalamuurratti addaa addummaa qaba." jedhan.
(5) "Mooqa gaggabaa qopheessuu.'' jedhama.

Ergaa toora (1) kanaarraa waanti hubatamu, hidda handhuuraa haadhaafi mucaa addaan baasuu jechuudha. Kunis erga mucaan lafa geessee booda kan raawwatudhu. *"Handhuuruu"* jechi jedhu kun,karaa ittiin daa'imni sun soorata argachaa turte sana yeroo itti kutanii gargar hiikaniidha. Kan handhuurus deessistuudha. Isheenis quba ishee lamaan safartee gara mucaatti hambisuun

erga hiitee booda qarabaan kutti. Yeroo handhuuran ni hidhu kunis, dhiigni yaa'e mucaan akka hin hubneef of eeggannoo gochuuf kan godhamuudha, Kana boodas uuffannaa qulqullina qabuun maranii mucaa sana fuudhanii akka isaan baatan ibsanii jiru. Kanaafuu, ergaan hadhuuruun karaa sooranni haadharraa mucaatti darbaa ture sana addaan kutuu akka ta'e nuhubachiisa. Buufaticha keessatti hadhuuruu jechi jedhu fayyadama afaanii kan keessatti Karaa daa'imni sun soorata argachaa  turte erga safaranii booda qarabaan kutuu jechuudha.

Ergaan toora (2) kanaa akka ibsutti, hiddi handhuurra sun akka waan lubbuun keessa jirutti fudhatamuusaa mul'isa. Kunis, akka ilaalcha hawaasichaatti handhuurri daa'imaa kun yoo ol deebi'e deessuu ajjeesuu danda'a jedhanii itti amanu. Kaanfuu, hanga oofkaltiin ba'ee awwaalamutti cimsanii qofaatti akka isaan qabatan yaada ibsame kanaarraa hubachuun nidanda'ama. Yaaduma ibsame kana keessatti, *"ofkaltii"* kan jedhu hiikni isaa obbaatii jedhama. Waluumaagalatti, daa'imni tokko erga dhalattee booda yeroo handhuuran kana keessattis ta'e, erga hadhuuranii booda xiyyeeffannoon itti kennamee akka awwaalamuu qabu; yemmuui awwaalanis biqila, buna duudaa, margas ulfinaaf jecha walitti dabaluun manuma keessatti dubartoonni akka isaan awwaalan yaada kanaarraa hubachuun nidanda'ama.

Ergaan toora (3) kanaarraa waanti hubatamu, hadhuurri mucaa gaafa awwaalamu sagalee gammachuu dhageessisaa gadi butanii awwaluu isaanii dhaamsa kanaarraa hubachuun ni danda'ama. Kunis, hadhuura sanaaf kabaja mul'isuuf kan jedhu yemmuu ibsu, *"naqa afur"* kan jedhamu kun ammoo al-afur jechuu dha. Jechoonni kun fayyadama afaanii keessatti walfaakii ta'anii sirna barnootaa keessatti tajaajiluu nidanda'u.
Akka ragaan (4) jalatti dhiyaatee jiru, "Hadhuurri mucaa yemmuu ol dhiyaatee owwaalamuu harmi haadhaa hinsifaa'u, yoo gadi fagaatee awwaalame immoo harmi haadhaa ni sifaa'a," yaada jedhu ibsa. Kana jechuun hadhuura mucaa tokkoo yemmuu owwaalan gadi fageessanii owwaaluu akka qaba nu hubachiisa. Fayyadamni afaanii *"hinsifaa'uu"* jedhu waanti dhugame yookiin nyaatame sun deeb'ee kan ba'u; kan garaa keessa hin taanye jechuudha. *"Sifaa'uu"* jechuun immoo waanti dhugan yookiin nyaatan garaa keessa yootaa'edha. Jechoonni kun sirna barnootaa keessattis bu'aa guddaa buusuu nidanda'u. Kanaafuu, hadhuura daa'ima dhalatte tokkoo gadfageessanii owwaaluufi oldhiyeessanii owwaaluun harmi haadhaa sifaa'uufi sifaa'uu dhiisuurratti adda addummaa akka qabu nama hubachiisa.

Ergaan toora (5) kan ibsu deessuun tokko erga ofkaltee booda dhiiga miicanii erga qulqulleessanii booda, nyaanni ho'aan qophaa'ee kan kennamuufiidha. Hiikni jechaa *"Mooqa gaggabaa"* jedhu mooqa nama beela'ee jiruu dafee qophaa'u jechuudha. Kun immoo dubartiin yemmuu ciniinsifattu dhiphina guddaarra waan turtuuf garmalee beelofti. Kanaaf, kan biroof osoo hin yaadin deessuu qofaaf jedhamee hatattamaan kan qophaa'udha.

### 4.1.3. Fayyadama Afaanii Da'umsa Booda

Hawaasa Oromoo keessatti dubartiin erga deessee booda sirna adda addaatu raawwatama. Kunis dubartiin erga deessee eegalee hanga salganiitti kan itti fufu ta'a. Akaakuun sirnichaa, raawwiiniifi yeroon raawwatamu kan murteessan hawaasicha. Kanaafuu, kutaan kun taateewwan da'umsaan booda raawwatamanirratti kan xiyyeeffatu yemmuu ta'u, qoratichi daawwannaa 8fi 17/07/2011 gaggeesseen wantoonni da'umsaan booda raawwataman maal maal akka ta'an mirkaneeffateera. Kunis, akkaataa armaan gadiitti xiinxalamee jira.

#### 4.1.3.1 Maaram Jajuu

Akka hawaasni, Tawaabechifi Obseen 23/07/2011fi Shifarraafi Shamsaddin 04/08/2011 maaram haala adda addaa keessatti jijamuushee kaasaniiru. Yaada isaan kaasan keessaatti maaram kun kan dhala namaaf laattuufi da'umsarratti kan nama gargaartu akka taatetti waan fudhatamtudha. Dubartoonni maaramirratti amantaa akkamii akka qaban hubachuun nidanda'ama. Akkasumas, odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan maaram jabduudha; mucaa namaaf laatti; ciniissuu da'umsaa keessatti dubartoota nigargaarti jedhamee fudhatama. Akka aadaa uummatichaatti immoo ijoolleen baay'ee barbaachisoo dha. Kana yaaduudhaan jabinashee akkas jedhani faaruun ibsaniiruu;

(1) Yamaaree yamaarituu
Giiftii arba gaadituu
Ganda keenya hin qaarituu
Dachaaftuu dacha gootaa
Lafoo abbaa fardaa gootaa
Dhabduu haadha ilmaa goota.

Ergaan faaruu kanaarraa waanata nuti hubannu maaram kan jedhamtu kun akka isheen jiruufi jireenya hawaasaa keessatti dhala namaaf laattu godhanii waan fudhatanii, gara ganda isaanii dhftee ishee dhala hinqabneef, dhala kennuudhaan akka gargaartuuf maaramiin ciminashee faarsuu isaanii hubanna. Buufata faarsaa kana keessatti fayyadamni afaanii kun, *(t.2) "Giiftii arba gaaditu"* kan jedhu hiikni isaa, *"giiftii arba hiituu"* kan jedhu ta'a. Kunis, ergaan isaa

maaram waan guddaa tokko gochuu akka dandeessu ibsa. *(t.3) "Ganda keenya hin qaaritu"* kan jedhu kun hiikin walfakkii kanaa gara ganda keenyaa hindhuftuu kan jedhu yemmuu ibsu; *(t.6) "dhabduu haadha ilmaa goota"* jechi jedhu kun hiikni walfakkii isaa maseena ( kan dhala hin qabne) haadha ilmaa taasistaa kan jedhu ibsa.

Kanaafuu, faayyadamni afaanii faaruu da'umsaa keessatti itti gargaaramaa jirru kun bal'inaan sirna barnootaa keessatti yoo galmaa'e afaanichaaf bu'aa guddaa buusuu nidanda'a. Qabiyyeema walfakkatu kana ittuma fufuudhaan:

(2) Anoo maaree koon faarsaa
Maaram hayyooleen faarsaa
Kan dhiiga itichitu
Kan dhiira gidirsitu
Kan dhiiga mucaa gootu
Kan hiika dhugaa gootu.

Ergaa faaruu maaram jajuu kanarraa waanti hubatmu, kan mucaa uumee namaaf kennu, kan mucaa nama dhowwatu maaram akkataate nama hubachiisa. kanaafuu, Namoonnii maaram akka ogummaa guddaa qabdu gochuudhaan jabina ishee yookiin cimina ishee faarsu. Fayyadamni afaanii *(t.3) "itichuu" fi (t.4) "gidirsuu"* kan jedhaman duraa duubaan yemmuu hiika wal-fakkii isaaniitiin hiikaman itichuu kan jedhu, iddoo tokkotti walittii qabuun *"furdisuu"*kan jedhu yemmuu ibsu gidirsuun immoo hiikni wal-fakkii isaa*"rakkisuu"* yookaan dhamaassuu kan jedhu ibsa. Walumaa galatti faaruun maaram jajuu kuniif jechoonnii achi keessatti argaman qabiyyee barnootaa keessatti osoo bal'inaa dhiyaatan guddina afaan sanaa gaariidha.
maaram dhala waan namaa kennituuf bifa faaruutiin jajamuushee ibsaniiru. Daawwannaa gaggeefameenis bifa faaruutiinis maaram jajuun isuma kana akka calaqqisiisu mirkaneesseera. Qabiyyeema kana ittuma fufuun faaruun armaan gaditti dhiyaatee jiru jajuu maaram yemmuu ibsu.

(3) Yamaaram siin moosisa
Situ maseena boossisa
Anoo dhaleen hoosisa
Mutaan kos mutaakeeti
Wajjin hiixannee keenye
Mucaan koos mucaa keeti
Wajjin miixannee deenye
Yamaaram ya giiftiikoo
Situ dhaabe qinaaxxiikoo

Ergaa faaruu olii kanarraa waanata nuti hubannu, *“maaram”* Kan jedhamtuun, dubartii dhala argattee hoosisaa jirtu tokko jalqabaa kaastee hanga dhumaatti kallattii hundaan akka isheen gargaaraa turtetti fudhachuudhaan deessuun sun jajachuu ishee nutti mul’isa. Kunis, dhala kennuurratti, miixuurrattifi kan kana fakkaataniin gargaaraa waan turteef, deessuun sun itti gammaddee jajachuu ishee ibsa; akkasumas, dhala maaram laatte sun booda guddatanii maatii sana gargaaru waan ta’eef maaram akka waan jireenya isaanii utubde godhanii jajatu. Osoo dhala hinqabdu ta’e gadduushee nutti agarsiisa. Haata’umalee, amma dhala waan argattee jirtuuf maaramiin guddaa galateeffachuushee yookiin jajachuushee kan nuhubachiisu yemmuu ta’u, jechoonni *(t.4)“mutaa” (t.7)“wajjin miixannee deenye”fi (t.9)“Situ dhaabe qinaaxxii koo”* duraa duubaan hiikni walfakkii isaanii yemmuu ilaallu mutaan meeshaa dubartoonni gundoofaa ittiin hidhanidha. Innis mataan iaa sibiila, qabannaan isaa immoo mukarraa tolfama. *“Wajjin miixannee deenye”* hikni jedhu immoo yeroo da’uumsaa,*“wajjin cinisiifannee”*deenye, kan jedhu ibsa. Kunis, ergaan isaa, maaram yeroo da’umsaa akka ishee gargaarte jirtu nutty mul’isa. *“Qinaaxxii”* jechi jedhuu*“utubaa manaa”* Kan jedhu ibsa. Dhaamsi isaas, guutummaa manichaa baatee kan jiru qinaaxxii waanta’eef, dhalas utubaa manaatti fakkeessuudhaan bu’uurri maatii sanaa akka dhaabbatee jiru nuhubachiisa. Walumaagalatti, deessuun dhala argattee jirtu faaruutti gargaaramtee cimina maaram qabdu wantoota adda addaa wajjin walbira qabdee jajachuu ishee yemmuu ibsu, jechoonnii faaruu kana keessatti argaman immoo barnoota idilee keessattillee ittiiin barsisiisuuf kan nama gargaarani dha.

Qabiyyeema walfakkatu kana ittuma fufuun,aadde Jaal’eefi Kuulanii 09/07/2011 akka jedhanitti, “Namoonni maaram akka nama taatee ijaan argamaa jirtutti bifa faaruun ishee jajatu,” jedhu. Ibsa isaanii keessatti malleen dubbii nameessa fayyadamuudhaan yeroo isaan ishee jajatan nimul’ata kanas akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(4) Anoo maaramiin beeka
Gad-baatu diimtuudha
Olseentu biiftuudha.
Kaleessa kaloon oole
Hantuunni hin jilbbeeffatu
Maaramiin yaartuu seetee
Qaroo bungullii gootee
Kan duulli itti irreeffatu.

Ergaa faaruu olii kanarraa waanti hubatamu akka isheen giiftii taatee, kabaja guddaa kan qabdu, cimtuufi namoonni hunduu akka ishee kadhatan yookan guddaa kan sodaatamtu taatee waan

fudhatamtuuf hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti bifa faaruu kabajaan yaada isaanii akka isaan ibsatan mul'isa. Fayyadamni afaanii buufata faaruu kana keessatti argamu, *(t.2)"Gad-baatu diimtuudha"* Kan jedhu, malleen dubbii nameesaatti gargaaramun, maaram akka namaa namatti mul'attee bifti ishee diimtu taatetti fudhachuun itti fayyadamuudha. *(t.3)"olseentu biiftuudha"* Kan jedhu, akkuma biiftuu ifa kennuu ishee ibsa. Kunis ergaan isaa, maaram akka nama miidhagsitu, akka jireenya namaa ibsitu gootee jajachuu ishee nama hubachiisa. *(t.6) "maaram yartuu seetee"* kan jedhu**,** hiikni walfakkii isaa *"gadhee seete"* yookiin kan amala badaa qabu yemmuu ibsu *(t.7) "bungullii"* kan jedhu malleen dubbii iddeessa ta'e, qaroofi bungullii walitti fiduun itti fayyadamuusaati. As keessatti hiikni *"bungullii"* jedhu gurguddaa kan jedhu yemmuu ibsu, qaroon ijaa kunis bakka bungullii buusuun kan ibsame ta'uusaati. Faayyadamni afaanii kana keessatti gaaleen *(t.8) "kan duulli itti irreeffatu"* jedhu hiikni isaa, kan namoonni hundi isheef sagadan jechuusaa nama hubachiisa. Kanaafuu, fayyadamni afaanii buufata faaruu kana keessatti argaman sirna barnootaa keessattillee bu'aa guddaa buusuu nidanda'u. Qabiyyeema walfakkaatu kana ittuma fufuun:

(5) waddeesa guddaa isa gamaa,
Eessa isaa murraan raafama.
Maaree koo surraa jaatamaa
Ishee waamuuf naa gamaa.

Ergaa buufata armaan olii kanarrraa waanti hubatamu, maaram ulfina yookiin kabaja guddaa isheef kennuudhaan akka jajamaa jirtu nama hubachiisa. Fayyadamni afaanii buufata kana keessatti, *"maaree koo surraa jaatamaa"* kan jedhu, maaram bakka hedduutti ulfina qabaachuu ishee ibsa. Waalumaagalatti, maaram jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti kan isheen ittiin beekamtu kan dhala namaaf laattu, da'umsarratti kan nama gargaartu waantaateef lubbuu qabeeyyiis ta'e lubbuu maleeyyiitti fakkeessuun bifa faaruu garaagaraatiin guddinaafi cimina ishee akka jajataa jiran nama hubachiisa.

#### 4.1.3.2 Deessuu Jajuu

Deessuun daa'ima garaatti baattee, deessee guddiftee qaccee namaa dheeressuu waan dandeessuuf hawaasicha biratti guddaa nijajamti. Boontuun 02/07/2011fi Kuulanii 09/07/2011 akka jedhanitti, "Maddi jajamuu deessuu tokkoo inni guddaan ijoollee da'uu isheeti," jedhu. Daawwannaa qoratichi gaggeesseenis yaaduma armaan olitti ibsame kana hubatee jira. Haaluma

kanarraatti hundaa'uun deessuun bifa faaruu adda addaatiin akka ishen jajamtu akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(1) Yaa deessuu mucaa baattuu
Kan ilma namaa deessu
Kan mirga namaa teessu
Dhabduun hamma kee hingeessu
Yaa deessuu kaloon urataa
Dhabduu waa kalootu gubata.
Yaa deessuu siree corroqaa
Yaa haadhoo mucaa dhommooqaa
Yaa illaanoo
Baga hiikamtee
Baga ofkalte.

Ergaa faaruu armaan oliirraa deessuun mucaa namaaf da'uusheetiin akka isheen hawaasicha biratti kabaja gudda qabdu namahubachiisa. Isheen dhala hin qabne yookaan isheen maseena taate immoo ishee dhala qabduu gadi akka taatee jirtu kan nu hubachiisu yemmuu ta'u. Jechoonni buufata faruu deessuu jajuu kana keessattii aragaman kanneen akka*(t.5fi t.6) "yadeessuu kaloon urataa"*, *"dhabduu kalootu gubataa"(t.7) "Siree corroqa"*,*(t.8) "mucaa dhoommoqa"fi (t.11) "ofkalte"* jedhaman duraa duubaan yemmuu hiikaman, yadeessuu kaloo urataa hiikni jedhu, deessuun da'uu isheerraa kan ka'e qaamni ishee hubamuu agarsiisa. Dhabduu kalootu gubata hiikni jedhu, dhabduun dhala waan hinqabneef garaa isheetu aara jechuu mul'isa.*"Corroqa"* kan jedhu hiikni isaa jiidhissa bishaanii jechuudha. Kunis kan itti fakkeeffame isheen daa'ima qabdu sireen ishee fincaan mucaatiin jiidheera kan jedhu mul'isuuf. *"Dhommooqa"* kan jedhu hiikini isaa bareedduu jechuudha. Hiikni jechaa*"ofkalte"* jedhuu immoo baga hiikamte yaada jedhu ibsa.

Walumaagalatti, fayyadamni afaanii faaruu kana keessatti argaman dessuu sana jajuuf human guddaa kan qaban, akkasumas fayyadamni afaanii kun barnoota idilee keessattis yoo itti gargaaramne bu'aa guddaa akka qabu nama hubachiisa. Qabiyyeema kana kan fakkaatu ittuma fufuudhaan faaruu armaan gadii akkas jedhu:

(2) Kiiloo bunaa yakiiloo bunaa
Kan nama bareechu ilmoodhuma
Mee deessuu jalaa turaa
Yaciisichaa dawoo diinqaa
Qeerroo miidhagaaf dhawu
Yadhirsa dawoo niitii
Ilmoo miidhagaaf dhalu.

(3) "Harmiifi harki saa urgaa'u
Guddisa saa gargaaru
Siree cabsii ka'i.

Ergaa faaruu armaan oliirra waanti hubatamu deessuun kabaja guddaa waan qabduuf olka'aa simadhaa ykn keessummeessaa. Sababiin isaas ilmoo mana keessaa nama bareechitu kana isheetu da'a waanta'eef deessuun jajamuu qabdi yookiin kabajamuu qabdii yaada jedhu ibsa. Fayyadamni afaanii gaaleefi jechoonni buufata faaruu kana keessatti argaman, *(t.3)"deessuu jalaa turaa"* kan jedhu hiikni isaa, "deessuu jalaa goraa" kan jedhu ta'a. Ergaan isaas, deessuu sana kabajaa jala hin dhaabbatiinaa kan jedhu yemmuu ibsu,*(t.4)"diinqa"fi (t.6)"dhirsa"* jedhaman duraa duubaan hiikni walfakkii isaanii, diinqa kan jedhui hiikni isaa *"bakka da'oo"* yookiin dhoksaa yemmuu ta'u, hiikni walfakkii dhirsa jedhuu immoo *"abbaamanaa"* yookiin abbaawarraa kan jedhu ibsa. Kunis, abbaan warraa haadha warraa isaaf gargaaraa akka ta'e nuhubachiisa.

Ergaa buufata (3) kanaarraa waanti hubatamu, namoonnii deessuu sana gaafa dubbisanii ka'an caallisanii hin ba'an, yemmuu ba'uuf jedhan akka isaan ishee eebbisan irraa hubachuun nidanda'ama. Buufatuma kana jalatti *"harmaafi harki saa urgaa'u"* hiikni isaa harmii keef harki kee haatolu kan jedhu ibsa. *"Siree cabsii ka'i"* kan jedhu hiikni isaa, cimii ka'ii yaada jedhu ibsa. Kanaafuu, deessuun ilmoo namaa deessee nama bareechiti waan ta'eef, kabaja kennuun barbaachisaa akka ta'e mul'isa. Kanuma itti fufuun deessuun dhiiraan qixa, maseenni immoo masoo dhiiraati. Kanaafuu, dessuun da'uusheetiin akka isheen dhiiraan qixa taatetti faaruu armaan gadii kanaan ibsaniiru.

(3) Yaa deessuu siree corroqaa
Maseena siree dhommoqaa
Siree dhommooqaa nulagii
Siree corroqaa nugahii
Maseen masoo dhirsaa
Deessuu morkattuu dhirsaa
Maseena masoo mooji kee
Booddee dhirsasheetu ooda
Maseena masoo manna
Deessuu morkattuu wayyaa.

(4) Marata addarratti hidhatte.
Si harkatti oolchee haa bulchu
wajjiin oolaa bulaa,siif haa eebbisu!
Ija hamaarraa saahambisu!…tu, tu, tu, guddadhu.
Gudeedi kee haa usaa'i.

Ergaa faaruu buufata (1) armaan oliiraa waanti hubatamu deessuun abbaa manaa biratti ilmoo deessee waan jirtuuf hinqaanoftu ykn hinyeelloftu kabaja guddaa waan qabduuf boquushee olqabattee bulti kan jedhu yemmuu ibsu, Isheen dhabduu ykn maseena taate immoo masoo

dhiiraati, hindeessu akka dhiiraa taate yaada jedhu ibsu. Fayyadamni afaanii *(t.1) "Deessuu siree corroqqaa"* kan jedhu hiikni isaa, sireen deessuu fincaan daa'imaatiin jiidhuusaa kan agarsiisu yoo ta'u, *(t.2) "Maseena siree dhommoqaa"* hiikni isaa, sireen maseenaa qulqulluudha. Jiidhaa mitii jechuu akka ta'e ibsa. Ergaan isaas,deessuu ishee siree corroqaatu kabajama malee dhabduu ishee sireen qulqulluu ta'e miti. Akkasumas,fayyadamni afaanii buufaticha keessatti argaman,*(t.3)"nulagi"*,*(t.5) "masoo"*, *(t.7) "mooji'' fi (t.8) "ooduu"* jedhaman hiika walfakkii isaan duraa duubaan yemmuu hiikaman,*"nulagi"* kan jedhu hiikni isaa irra nubaraari, *"masoo"* kan jedhu hiikni isaa nama maqaa lama qabudha.Kunis kan itti fakkeeffame dhabduun erga hin deenyee dhiiraan qixa taate yaada jedhu nuhubachiisa.*"Mooji"* kan jedhu hiikni isaa hin beeku, *"ooduu"* kan jedhu immoo hiikni isaa dubbisuu dhiisuu kan jedhu ibsa. *(t.10) "Deessuu morkattuu wayyaa"* hiikni jedhu, deessuun deessee waan dhala qabduuf kabaja qabdii gadaantummaatti hin ilaalamtuu kan jedhu mul'isa.

Ergaan buufata (4) armaan olii kanaarraa waanti hubatamu,deessuun gaafadeessee jirtu,mallattoo ittiin beekamtu keessaa tokkoadda ishee jala hidhachuu isheetiindha. Yeroo isheen adda ishee jala hidhattee jirtu immoo namoonni battala ishee argan akka isaan ishee eebbisan buufata olitti ibsame kanarraa hubachuun nidanda'ama. Buufata kana keessatti toorri dhumaa,sarbaan kee haa usaa'u jechuun sarbaan kee haaxuraa'u jechuu ibsa.

Walumaagalatti, fayyadaman afaanii buufata faaruu armaan olii keessatti argaman kun sirna barnootaa keessatti bal'inaan yoo itti gargaaramne guddina afaanichaaf bu'aa guddaa buusuu nidanda'a. Kanamalees, fayyadamni afaanii yeroo da'umsaa deessuu ittiin jajuuf, aadaan hawaasichaa akka hinbanne taasisuuf, deessuu sana jajjabeessuufi namoonni deessuu sana dubbisuu deeman akka itti fayyadamaniif isaan gargaara.

#### 4.1.3.3 Garaagarummaa Deessuufi Balaa Maseenummaa

Deessuufi dhabduu jiruufi jireenya hawaasaa keessaatti ilaalacha adda addaa niqabu. Adda addummaa isaan qabanis, deessuun da'uusheetiin yemmuu kabajamtu dhabduun immoo da'uu waan hindandeenyeen akka gadaantummaa tokkootti fudhatamti. Akka hawaasichaatti garaagarummaa gidduu isaanii jirus bifa weedduunis ta'e bifa faaruun akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira. Boontuu 02/07/2011fi Sirneefi Tawaabech 23/07/2011 hawaasa Oromoo biratti bakki dubartii deessuuf kennamuufi dubartii dhabduuf kennamu garaagara ta'uusaa ibsanii

jiru. Garaagarummaa jiru kanas bakka dubartiin deessee jirtutti bifa faaruutiin yemmuu isaan ibsa:

(1) Anaa lilmoo yalilmoo
Lilmoo kafanii daarsa
Anaa ilmu yaa ilmoo
Ilmoo kafanni haadhaa
Raroo bixxillee gootee
Daabee cercerree gootee
Kan qabuuf qarmii buutee
Kan dhabe qaanii fuutee

Ergaan buufataa faaruu kanaarraa waanti hubatamu warri ilmoo qaban gargaarsa guddaa akka qaban, ilmoo isaanii akka jajatan isheen ilmoo hinqabne immoogargaarsa waan hin qabneef miidhamtuu akka taate ergaan kun nuhubachiisa. Fayyadamni gaalee buufaticha keessatti argaman *(t.5) "raroo bixxillee", (t.6) "daabee circirree" fi (t.7) "qarmii"* kan jedhaman hiikni isaanii walduraa duubaan yemmuu ibsaman,raroo bixxillee kan jedhu hiikni isaa gogaa xiqqoo kan jedhu yemmuu ibsu, daabee circirree kan jedhu hiikni walfakkii isaa rifeensa gaggabaabduu kan jedhu ibsa. Qarmii jechuun immoo erga midhaan irraa galee booda hambaa funaanamtu jechuudha. Kanaafuu, gaaleewwan buufata faaruu kanaa keessatti argaman barnoota idilee keessatti osoo galmaa'an babal'ina afaanichaaf bu'aa guddaa buusuu nidanda'a. Ittuma fufuun, addaa addummaa deessuufi dhabduu gidduu jiru faaruutiin ibsaniiru. Isheen dhabduu immoo da'uu waan hindandeenyeef yookaan waan dhala hin qabneef akka gadaantummaa tokkootti ilaalamti. Faaruun kunis kanuma agarsiisa.

(2) Anaa nyaatu anaa nyaatu
Dhabduu dhaaf anaa nyaatu
Dirrashee soottoon nyaate
Illeeshee imimmaan nyaate
Horii bineessi nyaate.

Ergaa faaruu kanaa kan nuhubachiisu isheen maseena taate yookiin dhala hinqabne qofaa taatee rakkinni jiruufi jireenya ishee keessatti karaa adda addaa waan ishee mudateef imimmaan buustee gadduushe nama hubachiisa. Akkasumas, dhabduun kun dhala waan hin qabneef akkuma horiin sassaabbii dhabee bakkeetti bineessi nyaatu, isheenis bakkeetti miidhamti yaada jedhu mul'isa. Jechi *(t.3) "soottoo"* jedhu hiikni walfakki isaa alangaa kan jedhu ibsa. Kunis, dhabduun sun abbaa manaa biratti kabaja waan hin qabneef akka inni ishee dhaanutti ibsama. *(t.4) "Illee ishee imimmaan nyaate"* Kan jedhu hiikni isaa booyicharraa kan ka'e fuulli ishee

imimmaaniin guutamuu isaa ibsa. Kunis ergaan isaa dhabduun sun dhala waan hin qabneef yeroo hunda akka isheen booyaa jirtu nama hubachiisa. *(t.5) "Horii bineessi nyaate"* kan jedhu hiikni isaa, loon sassaabbii dhabanii bineessaan nyaatamuu isaanii ibsa. Buufata kana keessatti ergaan isaas, dhabduun dhala waan hin qabneef horii ishee kan sassaabu dhibnaan bakkee keessatti bineessi akka ishee jalaa nyaatu namatti mul'isa. Qabiyyeema walfakkaatu kana ittuma fufuudhaan: deessuu da'uusheetiin yookiin dhala qabaachuusheetiin kabajaafi bakki guddaa kennamuusaa ibsaniiru. Faaruun armaan gaditti dhiyaatee jirus akkaataa armaan gadiitti qaacceffame jira.

(3) Deessuu firri ni jaallataa
Noori ya haadha ilmaa jedha
Dhabduu firri hin jaallatu
Yamaseentittii jedha
Yaa boor deemtittii jedha
Gambeellaa bishaan guutuu
Daaktuutu bishaan daaka
Maseena dhirsaafi niitii
Duutuutu midhaan nyaata.

Buufata faaruu armaan olii kanaarraa ergaan hubatamu, deessuun ilmoo deessee waan qabduuf namoonni gaafa ishee argan akka isaan jaallatanii fi keessumeessan yemmuu ibsu isheen dhala hin qabne immoo namoota biratti iddoo kan hin qabneefi ilmoo dhabuu isheetiin akka isheen bor dhiistee deemtutti hamatamuushee ibsa. Fayyadamni afaanii *(t.4) "yamaseen tittii"* kan jedhu ishee dhala hinqabne ta'uu ibsa. Haata'umalee, ergaan buufaticha keessatti ibsame akka isheen tuffatamtuu yookiin ishee deessuun gad-akka taatetti mul'isa. *(t.5) "yabordeemtittii"* hiikni jedhu kun immoo ijoollee deesee waan hinqabneef bor gara warra isheetti galti kan jedhu ibsa. Kanaafuu, deessuun gara deemtu hundatti ulfina kan qabdu yemmuu taatu, dhabduun immoo ulfina kan hinqabne taatee ilaalamuu ishee agarsiisa. Qabiyyeema walfakkatu kana itti fufuun, deessuufi dhabduu gaafa du'anillee garaagarummaa guddaa akkasaan qaban bifa faaruutiin ibsaniiru. Faaruu kanas akkas jedhu:

(4) Haati guduree qabdu
Baddee barbaacha hin dhabdu
Duutee awwaalcha hin dhabdu
Awwaalli marii qaba
Boonyi mararree qaba
Mucaan ya haadhakoo jedha
Lammiin ya haadha ilmaa jedha
Awwaalli deessuu eessaa?
Bataskaana gararraa
Lafa awwaala Tasammaa.

Ergaan buufata faaruu kanaas, haati ilmoo qabdu duunishee, awwaallii isheefi booyichi ishee kan tolu yemmuu ta'u kan maseena taate immoo booyichi ishees,awwaallii ishees gaarii akka hin taane yemmuu ibsu,buufata faaruu kana keessatti, fayyadamni afaanii, *(t.1)"Haati guduree qabdu"*kan jedhu hiikni isaa,haadha ilmoo qabdu jechuu ibsa. *(t.3)"Duutee awwalcha hin dhabduu"* kan jedhu hiikni isaa, dhala waan qabduuf dhalli ishee booyee awwaala jechuudha. *(t.5)"mararree"* kan jedhu hiikni isaa sagalee baayee hawwataa ta'e ibsa. *(t.10) "lafa awwaala Tasammaa"* kan jedhu hiikni isaa biyyicha keessatti iddoo awwaala nama beekamaa kan ture jechuudha. Kanaafuu, buufanni faaruu armaan olii kun deessuun gaafa isheen duutu illee kabaja guddaa akka qabdu isheen dhabduu immoo gaafa duutu kabaja akka hin qabne ibsa. Gama biraatiin fayyadamni afaanii faruu kana keessatti argaman barnoota idilee keessattillee faayidaa guddaa ni qabu. Kanas, dhaloonni boodaa jiruufi jireenya isaanii keessatti garaagarummaa deessuufi dhabduu gidduu jiru akkamittiin akka ibsaman haala salphaa ta'een irraa barachuu nidanda'u. Ittuma fufuun qabiyyeema kana, garaagarummaa isaan gidduu jiru dabalataan faaruu armaan gadiin ibsaniiru.

(5) Ishee guduree hin qabnee
Baddus barbaacha hin qabdu
Awwaalli marii hin qabu
Boonyi mararree hin qabu
Mucaan yaa haadha koo hin jedhu
Lammiin ya haadha ilmaa hin jedhu
Awwaalli dhabduu eessaa?
Bataskaana gajjallaa
Lafa awwaala sanqallaa
Awwaalli hiddii keessaa
Dhirsiyyuu giddii keessa.

Ergaan faaruu walaloo armaanm olitti ibsame kun dubartii dhala hinqabne (dhabduu) yoo bades, yoo duutes kan ishee barbaadu yookiin kan booyee ishee awwaalu akka hin jirre ibsa. Akkasumas, bakki awwaala isheerree iddoo filatamaa akka hintaane nama hubachiisa. Garaagarummaan gidduu isaanii jiru kunis, deessuun dhala waan qabduuf hawaasicha biratti fudhatama qabachuu ishee yemmuu ibsu dhabduun immoo dhala waan hin qabneef hawaasicha biratti fudhatama isheen qabdu gadaanaa akka ta'e mul'isa. Fayyadamni afaanii *(t.9) "lafa awwaala sanqallaa"* jedhu hiikni isaa, Sanqallaan akka ilaalcha hawaasichaatti bakka gadaanaatu kennama waan ta'eef, ishee dhala hin qabnes awwaalli ishee iddoo tuffatamaa ta'uu ibsa. *(t.10) "Awwaalli hiddii keessa"* hiikni isaa, bakka mukeen gurguddoon hin qabne bakkee keessa kan jedhu agarsiisa. Buufata kana keessatti *(t.11) "dhirsiyyu giddii keessa"* kan jedhu

hiikni isaa, abbaan manaas rakkooma ishee mudatetu isas mudata kan jedhu namhubachiisa. Sirna barnootaa keessattillee fayyadamnii afaanii faaruu da'umsaa keessatti argaman isa tokko isa biraa wajjin walbira qabanii dhaamsa ykn ergaa inni qabu ittiin barsiisuuf faayidaa guddaa kan qabudha.

Walumaagalatti, garaagarummaan deessuufi dhabduu gidduu jiru ilmoo qabaachuufi dhabuu qofaa osoo hintaane, jiruufi jireenya isaanii keessattillee ilaalchi adda addaa hawaasicha biratti akka qaban ergaan faaruu armaan olii kun ni mul'isa.

#### 4.1.3.4 Cigoo Walqeeqa Dubartootaa

Dubartoonii da'umsa booda faaruu garaagaraatti fayyadamanii walcigu. Kanas, Kuulaniifi Jaal'een 09/07/2011 yoo ibsan "Hawaasa keessatti dubartoonni yeroo da'umsaa bifa weedduutiinis ta'e bifa walaloon walcigu yookiin walqeequu" jedhu. Haalli isaan walcigan kunis, bakkeerratti callisanii osoo hin taane bakka deessuun sun deessee jirtutii gaafa walga'anii deessuu sana jajjabeessanidha. Akkasumas Getaachoo, Sanyii fi Daani'eel 04/08/2011*"cigoo walqeeqaa"* yoo jedhamu *"waljibbinsa namootaa"* jechuu osoo hin ta'iin walqeeqa dubartootaa jechuu akka ta'e ibsaniiru. Sirna da'umsaarrattis ta'e sirna kabaja ateeteerratti dubartoonnii hooboofi cooraan walqoodanii walcigaa weeddisu. Cigoon isaanii jaalalaaf malee hammeenya ykn lolisa hinqabu.Walqeeqa dubartootaa kanas weedduu armaan gadiirratti hundaa'uun qaacceffame.

(1) Hoboo: Hoboo malkaa jira
Cooraa marqaa hira
Situ marqaa nadhowwate
Cooraa eessaan galte
Natu malkaa sidhowwate
Nadheen hobo diddibatu kana
Kan kaleessa baate
Ammayyu qoraanii hin galle
Baddittiin kun
Ammayyu boraatii hin barre.
Cooraa: Nadheen hoboo gabaan dhaqa jette
Ashaatiroo Farsoon naqa jettee
Kan abshiloo fixxee
Abshiloo muraa shan fixxee
Hokkotee qullaa hambift
Hoboo: Jaldeessi goodaa kanaa
Buukum buukum jedha
Farsoon waara cooraa
Dhuufuu dhuufuu jedha.
Cooraa: Nadheen waarra cooraa

Titiree sarraati
Nadheen warra hoboo
Itiilleetti albaati
Kanaa sanyoon dhufa
Mucucaatee kufa.

Ergaa walaloo ittiin walcigan kanarraa, waanta nuti hubannuu dubartoonni bakka lamatti qoodamanii hoboofi cooraa jedhanii bakka deessuun deessee jirtutti walqeequu isaanii agarsiisa. Walqeeqni isaani kun immoo waljajjabeessuuf malee hamaaf akka hintaanedha. Fayyadamni jechootaa buufata weedduu armaan oliikeessatti argaman, *“hoboo”, “coora”,“sanyoo”, “itillee”* fi *“itirree”* kan jedhaman kunniin duraaduubaan yemmuu hiikaman, jechi hoboo jedhu hiikni isaa qommoo maatichaa keessatti angafadha Cooraan immoo qomoo maatichaa keessatti quxisuu dha. Kanaafuu, hawaasicha keessatti hooboofi cooraan kan walsifeeffatanidha. *“Sanyoo”* kan jedhu hiikni isaa nama haadhamana namaa walii dhoksaatti jiraatu.*“Itillee”* hiikni isaa gogaarraa kan hojjetamee irra taa’uufis ta’e irra rafuuf kan nama fayyadudha. *“Titirree”* kan jedhu hiikni walfakkii isaa ulfina qabaachu agarsiisa weeddu sana keessatti.

Hoboon aadaa hawaasa sanaa keessatti angafa jedhamee kan beekamudha. Cooraan immoo hawaasa sana keessatti quxusuu kan ta’edha. Hawasaasicha keessatti hoboofi hoboon waan safuu ta’e waliin qoosuu ni danda’u. Cooraafi cooraan waan safuu ta’e tokko waliin qoosuu nidanda’u. Hoboofi Cooraan immoo waliin qoosuu hin danda’an. Angafaafi quxusuu waan ta’anii walsifeeffatu. Kanaafuu, hoboofi cooraan duudhaa hawaasaa sanaa ta’ee kan daddarbaa dhufedha. Namoonni akkatasaa waliin qoosuu yoo barbaan dursa, “Ati hoboodha moo cooraadha?” jedhanii walgaafatu.Sababiin isaas, angafaaf quxusuun waliin qoosuu waan hin dandeenyeefidha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii iddoo sana keessatti argaman kun sirna barnootaa keessatti hiikni walfakkii isaanii bal’inaan osoo kenname guddina afaanichaa nigumaacha. Akkasumsa, dhaloonni boodaa akka aadaa isaanii dagataa hindeemneef nigargaara. Qabiyyeema walfakkaatu kana ittuma fufuun,walqeeqa dubartootaa kana dabalataan ibsaniiru.

(2) Hoboo: Ilmaan cuqulisa
Gombisaarra sirba
Yuuyyeen jaarsa cooraa
Ibiddarra gom’aa
Dhaqi jedhee ergee
Gali jedhee itti erge.
Cooraa: Haadheekkamu abbaan waarraa
Dhirsa dheekkamaa waayya
Ilmi seeggalaa wayya
Isheen kaan silaa farra.

Ergaa weedduu armaan oliirraa waanti hubatamu warri quxisuu warra hangafaan, abbaan manaa keessan qofaa ta’ee muga isin bakkee keessa teessu yemmuu jedhan waarri angafaa immoo, abbaan manaa yoo dheekkamaa ta’e waayyaa malee lallaaftuun dhirsaa gaarii akka hintaane kan ibsu yoo ta’u. Jechoonni boofata weedduu kanaa keessatti argaman *(t.3) “yuuyyee jaarsa cooraa”, (t.4) “Ibiddarraa go’ma” fi (t.9)“Ilmi seeggalaa wayyaa’’* hiika isaanii duraaduubaan yemmuu ibsaman, yuuyyee jaarsaa hiikni jedhu, warra rakkattuu. Ibiddarraa go’ma kan jedhu hiikni isaa muguu kan jedhu ibsa. Ilmi seeggalaa wayyaa kan jedhu immoo kan dhama’u ykn kan tattaafatu jechuudha. Fayyadamni afaanii kun hiikni walfakkii isaanii barnoota idilee keessattillee bu’aa guddaa buusuu nidanda’u. Qabiyyeema kana itti fufuun, dubartoonni hoboo fi cooraan walqeequusaanii itti fufinsaan ibsaniiru.

(3) Hoboo: Dalagduuf raroo buusaa
Dhugduudhaaf farsoo buusaa
Ishee dalagaa hin beekne
Haagaltu karaa buusaa.
Cooraa: Nagaddus nan beeka
Teepha fardaa qabdi
Sabbata duudhaa dallaa
Dubartii sirba hin beekne
Daggala buusaa darbaa
Galgala fuunee gaalla.

Ergaan buufataa kanaa kan ibsu, dubartoonni warri dalaga beekan haadalaganii warri dalaga hin beekne immoo iddoo kanaatii deemsisaa yaada jedhu ibsa. Fayyadamni afaanii, *(t.1) “Dalagduuf raroo buusaa’’* hiikni jedhu, kan sirbituuf itillee lafa afaa jechuu ibsa. *(t.2)“Dhugduudhaaf farsoo buusaa”* hiikni jedhu, kan dhugaatii jaallatuf farsoo dabalaafii jechuudha. Farsoo kan jedhu,gosa dhugaatii ta’ee akaakuu midhaaniirraa kan qophaa’udha. *(t.5) “teepha fardaa”* kan jedhu hiikni isaa, gogaa horiirraa kan hojjetamu ta’ee ittiin fe’umsa fe’uuf itti gargaaramnudha. Ergaa isaas dubartoonni warra cooraa hojii beeku (qopheedha) isa jedhu nama hubachiisa. Kanaafuu, yerroo haala kanaan walcigan dhumarratti wal-araarfatanii jaalalaafi kabajaan raawwatu. Yaada walaloo armaan olitti tarreeffaman keessaatti calaqqisu kana yoo ilaalle dubartoonni dhimma adda addaarratti walqeequ. Gootummaafi dabeessummaa dhiira, ogummaa yookiin dandeetti hojii, safuu beekuufi wallaaluu dandeettii sirbaafi kkf kan isaan ittiin wal-arrabsan keessaa hamma tokko ta’u. Kun immoo aadaan hawaasichaa dhalootaa gara dhalootaatti akka daddarbuuf nigargaara.

Walumaagalatti, ergaa weedduu armaan oliirraa waanti hubatamu walciguu kana dabaree dabareedhaan haawweeddisan malee hoboofi cooraa akka asirriitti ibsame duwwaatti daangeffamanii weeddisu jechuu miti. Kan asirratti ibsame kana waljijjiiranii ittiin walciguus ni danda'u. Hoboofi cooraan haala kanaan walarrabsu jechuun waliin kabajan jechuu akka hin taanellee hubachuun barbaachisaadhaa. Hoboofi cooraan walsifeeffatu; hoboo akka abbaatti cooraa immoo akka ilmaatti.

(4) Dhabduu siree onnobaa,
Deessuu siree corroqaa.

Ergaa buufata armaan olii kanaarraa waanti hubatamu, dubartiin isheen maseena ykn dhabduu taate siren ishee miidhagaa akka ta'etti, dubartiin isheen deessuu immoo sireen ishee akka fincaan daa'imaatiin jiidhee jiru nuhubachiisa. Kunis akka ilaalcha hawaasichaatti sireen daa'ima malee bareedee yoo taa'e akka faayidaa hin qabnetti fudhatamuusaa nutti mul'sa.

Fayyadamni afaanii buufaticha keessatti argaman*, "onnobaa" fi "corroqa"* kan jedhaman hiika isaanii duraaduubaan yemmuu ilaallu, onnobaa kan jedhu miidhagaa ykn kooraa jechuudha. Corroqaa kan jedhu immoo bishaan ykn jiidhaa jechuudha.

### 4.1.3.5 Adeemsa Shanan Baasuu

Moggaasni maqaa kanaa kanirraa dhufe, deessuun tokkoo deessee raawwii ta'urratti hundaa'uun kan mogga'u yoota'u hirmaattonni achirratti argamanis gahee adda addaa qooddatanii akka raawwataniif haala qophee maatii akkasumas sirna kana raawwachuuf wantoota ittiin raawwataman kan akka meeshaalee mana keessaafi alaa barbaachisoo ta'an adeemsaa raawwii sana keessatti argamu. Kanas, Tolasaa 25/06/2011 deessuuf dugda dhiqaan akka barbaachisu ibsee jira.Ibsa isaanii keessattis deessuun tokko erga deessee gaafa bultii shanaffaa habaxaadhaan dhaqna isheen dhiqattu ta'uusaa ibsa. Qoratichi daawwannaa 25/6/2011 gaggeesseen kanuma mirkaneesseera. Raawwiin guyyaa kanaarratti ta'us, akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(1) "Habaxaan dugda dhiquu." jedhama.
(2) Ayyoolisin gaafa habaxxaa kutuu deeman namni qaxxaa hinmuru." jedhu.
Habaxaa gaafa fidan osoo ol hinseeniin ni ililchu.
(3) Daa'imni dhalatte dhiira yootaate,gundoo habaxaa baatee jirurratti albee dabalu;
(4) Yoo dhalaa taate immoo, gundoo habaxaa baatee jirurratti dubbuusse
bukoofi boojjitoo marqaa dabalu.
(5) "Harka fuudhaa dhaqan.'' Jedhama.
(6) "Marqaa shananii." jedhama.
(7) "Daakuun yeroo xuwweetti naqamu ni ililchu." jedhu.
(8) "Yaa amoolee bareedaa koo

Naa kennaa mee wareega koo…" jedhu.

(9) "Gundoo sana si'a sadii ililchaa mataa deessuurra kaa'uu; deebisanii gudeeda isheerratti akka baattu godhama." Jedhu.

Ergaan toora (1) kanaarraa waanti hubatamu, dubartii deessuu saamunaafi bishaaniin dhaqna dhiquu osoo hintaane, gosa mukeenii waarra ta'an baala isaaniitiin dhaqna deessuu sanaa dhiquudha. Buufata kana keessatti hiikni *"habaxaa"* jedhu ammoo gosa mukeetii himimmaan qabaniifi himimmaan isaaniis waa mucucceessuuf gargaaruu, baala isaanii walitti fiduun iddoo tokkotti dhimma kanaaf jecha kan itti tajaajilamanidha. Gosti mukeetii kanaas baay'inaan kudhanii ol ta'anii argamu. Kaanaafuu, fayyadamni afaanii kun barnoota idilee keessattillee yoo galmaa'an afaan sanaaf bu'aa guddaa buusuu indanda'a.

Ergaan toora (2) kanaarraa waanti hubatamu, habaxaa kutuun akka aadaa hawaasichaatti kabaja guddaa akka qabu nutti mul'isa. Kanas, harmooliin gocha kana raawwachuuf bahanis safuufi kabaja waan qabaniif, namnoon yoo itti dhufan dhaabatanii dabarsu malee dura harmoolii kanaa isaan qaxxaa hinmuran. Kanaafuu, harmooliin yerroo gosa baalaa sanaa kutuu gara lagaa deeman namni akka carraa yoo ittidhufe bira akka hindabarre ykn qaxxaa akka hinmurre ofeeggannoo gochuu akka qaban nama hubachiisa. Sababiin isaas, yoo namni qaxxaa mure akka safuun sun cabetti waan fudhatamuuf yaada jedhu ibsa. Hiikni jecha "*Qaxxaa muruu"* jedhu osoo namni deemaa jiru fuldura ofii darbuu jechuudha.

Ergaa toora (3) Boontuufi Kumashiin 02/07/2011 Akkas jedhanii ibsu, "Habaxaa kutanii bishaanis waraabbatanii yoo ol deebi'an mana bira ga'uun osoo ol hinseeniin ni ililchu.Warri mana keessaas jalaa qabuun ho'isanii ililchuun simatu," jedhan.

Ergaan buufataa kanaa Kan nama hubachiisu gosa baala kanaa gaafa fidan manatti osoo ol hinlicisiisiin dursa balbala manaatti akka isaan galateeffatan namatti mul'isa. Kanaafuu, gosa mukeenii kan baalli isaanii imimmaan qabu deessuu sana dhaqana ittiin dhiquuf kan gargaaru ta'uusaati.

Ergaan toora (4) armaan olii kanaarraa waanti hubatamu, akka ilaalcha hawaasichaatti dhiirri qee'e irraa fagaatee adamoos ta'ee lola loluun beekama kan jedhu mul'isuuf mallattoon albeekun irratti dabalama; yoo durba yoo taate immoo akka ilaalcha durii hawaasichi itti ilaalutti dandeetti isheen qabduun kan gola keessaa akka ta'e ibsuudhaaf mallattoo buddussee bukoofi bojjitoo irra kaa'anii gundoo sana achi asbaasu. Buufata armaan olii kana keessatti *(t.5) "dubbuussee"* fi *"boojjitoo"*kan jedhaman hiikni isaanii duraa duubaan, dubbuusseen buqqee hadhaarraa kan

tolfamtu taatee waan tokko tokko ittiin waraabbachuuf kan nama gargaartu yemmuu taatu, boojjitoon immoo mukarraa kan tolfamu, mukuma ta'ee marqaa itti marquu kan itti gargaaramnudha.Walumaagalatti, Deessuunis muca ishee fi dhaabata ishee qabattee gateettiitti hirkifachuun teessi. Amaatiifi haati ishees ishee cina taa'uun gundoo sana baatuuf.

Ergaan toora (5) kanaarraa waanti hubatamu, dubartii deessee jirtu tokkoo hawaasni gaafa deemani dubbisan (dhungatan) akka ta'e nama hubachiisa. Kunis, jalqabarrattis ta'e, gaafa shananii dubartoonni marqaa nyaachuu deeman qarshii xiqqoo harkatti qabatanii deessuu sanaaf kennuudhaan kan dubbisanidha. Daawwannaa gaggeeffameenis namoonni gaafa deessuu harka fuudhuu dhaqan qarshii akka kennan mirkaneesseera. Kunis dubartoonni gaafa sana dubbisan osoo ol hinseeniin dura ililchanii ol lixuudhaan deessuu sana dubbisanii qarshii sana harka keessa kaa'u. Tooruma kana keessatti, gaaleen *"harka fuudhaa"* jedhu hiikni isaa dubartii deesse *dhungachuu yookiin dubbisuu* kan jedhu ta'a. Kanaafuu, fayyadamni afaanii buufataa kun barnoota idilee keessa yoogalan guddina afaan sanaaf bu'aa guddaa buusuu nidanda.

Ergaan toora (6) kanaarraa waanti hubatamu, marqaan kun gosa nyaataa ta'ee gaafa dubartiin deessee bultii shan fixxu, mana deessuu sanaatti marqanii namoota waaliin iddoo sanatti kan nyaatamu jechuudha. Marqaan kunis, daakuu garbuu yookiin daakuu boqqoolloorraa kan qophaa'udha. Haalli qophii isaas, xuwwee guddaattii bishaan naqanii ibiddarra kaa'uun yerooo inni danfuu daakuun sun bulluqichatti naqamee kan marqamu dha. Gaafa guyyaa marqaa kanaas, deessuu sana dhaqna ishee dursanii dhiquudhaan, gammachuu qaban waliin qooddatu. Tooruma kanarratti *"Marqaa shananii''* kan jedhu hiikni isaa marqaa gaafa guyyaa shanaffaa qophaa'u jechuu ibsa. Jechi, *"Xuwwee"* jedhu hiikni isaa, supheerraa kan dhahamu ta'ee marqaa ittin marquuf kan gargaarudha. Kanaafuu, jechi akkasii kun barnoota idilee keessattillee bu'aa guddaa buusuu nidanda'a.

Ergaa toora (7) kana Missireefi Dirribeen 23/07/2011 Daakuu yeroo xuwweetti naqan adda addummaa akka qabu ibsanii jiru. Ibsa isaanii keessattis daa'imni dhalattee sun dhiira yootaate yeroo daakuu xuwweetti naqana *al-shan ililchu*,yoo daa'imni sun durba taate immoo yeroo daakuu xuwweetti naqan *al-sadii* akka isaan ililchan ibsa isaan kennanirraa hubachuun danda'ameera. Daawwannaa gaggeeffameenis yaaduma kenname kana mirkaneeffatee jira. Walumaagalatti, yaada kanaarraa waanti hubatamu, daa'ima dhaltte sana gidduu garaagarummaan saalaa akka jiruu mul' isuuf gochaawwan gaggeeffamudha. Kunis, inni dhiiraa

ishee dubaraarra akka caalu mul'isuuf gara marquutti osoo hinseeniin mallattoo walcaalmaa isaanii bifatti dhageessisanidha.

Ergaan toora (8) kanaa kan ibsu, amooleen soogiddaa gaafa daa'imni dhalattu niqophaa'a waanta'eef, warri weeddisan sun amoolee keenya isa nuuf wareegame nuu kennaa jedhanii warra deessuu akka isaan gaafataa jiran nuhubachiisa. Akka aadaattis kan qophaa'u soogidda waan ta'eef abbaan wrraa dhufee soogidda yoo itti kennu hoboofi coorri anatu fudhata irratti walharkatti qabuun soogidda sana walharkatti cabsuun gundoo sanarra kaa'u.Yaadi kun immoo amooleen ni mi'aawa waan ta'eef jireenyi keessan haa mi'aawu kan jedhu ibsa.

Ergaan toora (9) kunis kan namatti mul'isu, akka isheen amma ammaa deessu hawwii qaban kan ittiin ibsan yoo ta'u, fakkoomiin "*gundootti"* fayyadamuun isaaniis, bifa geengoo uumuun naanna'ee waan dhayameef horii baay'adhu, ilmaan kee ofitti naannessii gidduu isanii ta'i hiika jedhu qaba. Jechi, "*Gundoo"* jedhu kun hiikni isaa migira irraa kan tolfamu ta'ee qodaa mana keessaa waa irra kaawwachuuf kan itti gargaaramnudha. Fakkoomiin Soogiddaa sun immoo, sababa waa mi'eessuuf ilmoo kee waliin kan walitti mi'ooftan ta'a ergaa jedhu dabarsa.

**4.1.3.6 Adeemsa Salgan Baasuu**

Salgan baasuun deessuu sanaaf shanan erga bahee booda gaafa bultii salgaaffaatti sirna gaggeeffamu jechuudha. kun guyyaa filatee malee torbaanota jiran keessaa Cagginoo kan ta'an kan akka Wiixataa, Roobiifi Jimaatarraa yoo bu'e akka darbu ibsaniiru. Kanaafuu, adeemsa salgan baasuu kana keessattis wantoonni raawwataman akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira. Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Kuulaniifi Jaal'een 09/07/2011 "Deessuun gaafa salganii alatti yeroo isheen gadi baatuu, namoonni bakka isheen teessee jirtutti ni eebbisu" jedhu. Eebba kanas akkas jedhu:

(1) "Qilleessa malee bobba'i.
"Hamaan sinargiin,nagaan ba'ii nagaan gali,"
(2) Lubbuun buli, lubbuun buli, taadhomi," jedhu.
(3) Moggaasa Maqaa.
(4) Qoriifi buna qalaa.
(5) Farsoo boordee ykn farsoo buqqurii.

Ergaa toora (1) kanaarraa waanta inni nama hubachiisu, deessuun sun gaafa guyyaa salgan guuttee gara alaatti baatu, yaada jedhu yemmuu ta'u, ergaan buufata lammafaa immoo lubbuun jiraadhu ammas da'i kan jedhu namatti mul'isudha. Buufata kana keessatti *(t.3)"taadhomi"* kan jedhu hiikni walfakkii isaa daddafii da'i yookiin ammas ,ammas da'i kan jedhu ibsa.

Ergaa toora (2) akka hawaasaatti, Kumashiifi Boontuun 02/07/2011 Akkas jedhu, “Gaafa salganii raawwiin raawwatamu inni guddaan sagantaa maqaa moggaasuudha’’ jedhu. Ibsa isaanii keessattis, osoo ol hingaliin raawwi maqaa moggaasuutu ta’a. Kan moggaasus haadha deessuu sanaa akka taate ibsaniiru. Kanas ergaasaa haala armaan gadiitti qaacceffamee jira.

Dhaamsuma toora (3) armaan oliirraa waanti hubatamu, *“moggaasa maqaa”*Kan jedhu daa’ima dhalatteef maqaa baasuu hiika jedhu nama hubachiisa.Gama biraatiin hiikumti ‘’moggaasa’’ jedhu immoo baasuu isa jedhu ta’a.Walumaagalatti, daa’ima dhalatteef maqaa yemmuu moggaasanis haala daa’imni sun keessatti dhalatterratti hundaa’uun akka maqaa sana moggaasanillee odefkennitoonni kun ibsanii jiru. .

Egaan toora (4) kanaarraa waanti hubatamu, Qoriin garbuu ija gurguddaa kanqabu haalaan qulqulleeffamee qophaa’a. Sanabooda, akkawwamee dhadhaafi soogidda daakuun sukkuumamee qabeetti erga naqamee achi keessaa finjalatti namaaf hirama. “*Buna qalaan”* immoo buna duudaa fi dhadhaa irraa hojjetamee nyaatame kan nyaatamudha. Kunis, guuyyaa gaafa sanaa akka aadaatti waan ilaalamuuf, namoota iddoo sana jiraniif dhiyaata.

Ergaa toora (5) dhugaatti aadaa keessaa isa tokko ta’ee sirnicha irratti kan qopha’ee dhugamu yemmuu ta’u hiikni *“boordee” yookiin “buqurii”* jedhus, geeshoo kan hinqabne garbuu biqila qofaarraa kan qophaa’udha. Adeemsa sana keessatti dhugaatiin kun qophaa’ee, namoonni iddoo sanatti argaman dhugaatii kana harkatti qabachuudhaan deessuu kana yemmuu itti eebbisanidha.

### 4.1.3.7 Galateeffannaarratti

Da’umsarratti namoonni maaramiinis ta’e deessuu sana bifa garaagaraatiin ni galateefffatu. Kanas, Badhaasaafi Shamsaddin 16/7/2011fi Baay’isaa 20/6/2011 akkas jechuun ibsu,”Deessuu harkaa mucaan baatee deebitee gaafa mucaa lammaffaa argattu namoonni nigalateeffatuuf,” jedhu. Fakkeenyyaf,

(1) Lubbuu kee waaqni baga si oolchee.
Madaa kee suphee baga sifooyyessee. .
Baga maaram gaddake gammachuutti jijjiiratte.

Ergaa toora (1) kanaarraa waanti hubatamu, mucaan harkaa waan baateef duraan garaan ishee gaddee akka ture amma immoo irra deebitee daa’ima waan godhatteef gaddi ishee gara gammachuutti jijjiiramee waan milkoofteef madaan garaashee fayyuu isaa nuhubachiisa. Kunis,

duraan deessuu sana harkaa mucaan baatee turuu isheen deessuun sun garaan ishee akka madaayee ykn gaddee akka ture; amma immoo deebitee mucaa argachuusheetiin akka madaan garaashee yookiin gaddi garaashee dhine ykn fayye namatti agarsiisa. Kanaafuu, deessuu harkaa mucaan gaafa baatus ta'e deebitee mucaa gaafa argattu namoonni ollaas ta'e firoottan ishee deemanii nijajjabeessu, waliinis gammadu. Buufatuma kana keessatti, gaaleen "*Madaan kee baga fayye"* jedhu, duraan garaan ishee gaddeera, amma immoo garaan ishee gammadeera yaada jedu ibsuufidha.

## 4.2 Malleen Dubbii (Figurative speech)

Malleen dubbii dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa yookiin dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu yookaan kaa'udha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:208) irratti yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha," jedha.Yaada kana irraas kan hubatamu akkuma olitti ibsame, malleen dubbii da'umsa keessatti kan hawaasni ergaa isaa karaa salphaa ta'een dabarfatanidha. Malleen dubbiitti gargaaramnee wantoota addunyaa dhugaa keessatti mul'atan arga yaadaatii ilaaluu, dhaggeeffachuu, qaqabachuu, xiinxaluu qalbii keenyatti ammoo dhiyaatanii akka mul'atan taasisuudha.

### 4.2.1 Akkasaa

Akkasaan wantoota guyya guyyaatti dubbannu keessatti waa waliin dorgomsiisnee dubbachuun keenya hin oolu. Kanas, Addunyaan, (2014:208) yoo ibsu, "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walbira qabuun dhiyeessuudhaan akka salphaatti hubatamu kan taasisudha," jedha.

Misireefi Obseen 23/07/2011fi Jaal'ee fi Kuulanii 9/7/2011 waanta isaan ibsan keessatti, maalleen dubbii akkasaa itti gargaaramuudhaan dhabduu/maseena/fi deessuu walbira qabanii yeroottii maaramiin kadhatan illee ni jira; kanas daawwannaa gaggeeffameen haaluma kana mirkaneesseera. Haala isaan jedhan kunis akkaataa armaan gadiitti qaacceffameera.

(1) Asham yaa deessuu, asham yaa deessuu
Yaa maaram dhabduudhaa hin dhageessuu?
Akka abbaa farada beekaa irraan gadee kaachisaa
Akka abbaa warra beekaa niitii deessuu caalchisa
Geengoo jedhee na cabsee gindoo na baachisaa

Yaa maaraam hundaaf giiftii rakkoo kiyya naaf hiiki
Yookiin ilma naaf kenni beekaattan moggaafadha
Yookiin durba naaf kennii beektuuttan moggaafadha
Yookaan du'a naaf kennii waa'ee koon obbafadha.

(2) Akka ilma jahan sayyoo siif haa ta'u,
akka intala jahan sayyoo siif haa taatu,
bakkee bal'aatti ba'i.

(3) Akka ibidda Tulluu Walal gubbaa ta'i,
gamaa gamanatti ifii.

Ergaa buufata (1) armaan olii kanaarraa waanti hubatamu, namoonni dhabduudhaaf dhala kennuufii didde jedhanii maaramiin komachuu isaaniifi ittin qabanii immoo waaqa akka isaan isheef kadhatandha. Dhabduu/maseenni/ immoo ilmoo argachuu ykn duutee akka obbaafattu murtooshee nama hubachiisa. Malleen dubbii buufata kana keessatti argaman *(t.3) "Akka abbaa farada beekaa irraan gadee kaachisaa"fi (t.4) "Akka abbaa warra beekaa niitii deessuu caalchisa"* toorri jedhaman kun, abbaan fardaa cimna waan qabuu isaa waliin waldorgomsiisu, akkasumas, akka abbaa warraa yemmuu jedhu abbaan warraa deessuu jaallata malee ishee dhabduu taata hin jaallatu. Kanaafuu, malleen dubbii kana itti gargaaramuudhaan ergaa isaanii karaa salphaa ta'een walbira qabanii ibsachuusaanii nama hubachiisa.

Ergaan eebbaa buufata buufata (2) kunis kan ibsu, akka hortee jahan sayyoo horii baay'adhu, dagaagii kan jedhu yemmuu ta'u, malleen dubbii iddoo kana keessatti itti gargaaramanii jiranis *"akka ilma jahan sayyoo" fi "akka intala jahan sayyoo"* kan jedhu, Jahan Sayyoo gosti isaanii kun baay'ee walhoraniiru, iddoo sanatti baay'inni isaanii beekamaadha. Kanaaf, deessuu dhala argatte kana akka gosa jahan Sayyoo siifaa dagaagan jechuudhaan walbira qabanii eebbisu. Buufatuma kana keessatti, *"bakkee bal'aatti ba'i"* kan jedhu immoo horii bakka hundaatti baay'adhu, dagaagi, sanyiin kee haabal'atu kan jedhu ibsa.

Ergaan yookiin dhamsi buufata (3) armaan olii kunis, kan inni ibsu malleen dubbii iddeessatti gargaaramuun deessuu sana ibidda tulluu walal ta'iiti bakka adda addaatti mul'adhu kan jedhu nama hubachiisa. Deessuun deessee jirtu hawaasicha keessatti kabaja guddaa waan qabduuf wantoota gurguddaa ta'anii lubbuu hin qabnetti fakkeessuun nijajamti. Abiddi uumamaan ni ifa, gaafa tulluu gubbaarraa ifu immoo ifni isaa kun namoota hunda biratti ni mul'ata; dubartiin deessuus hawaasicha keessatti akkuma ibidda sanaa akka isheen iftu, akka isheen namoota hunda biratti jajamtuufi kabajamtu ibidda tulluurraa wajjin walbira qabee nuhubachiisa. Buufatuma

kana keessatti *"Tulluu Walal"* kan jedhu hiikni isaa, Tulluu guddaa kan godina Qellam wallaggaa keesaa isaa guddaa dha kana wajjin walbira qabanii dubbatu.

Walumaa galatti hawaasichi malleen dubbi akkasaatti gargaaramanii da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda deessuu sanatti ittiin jajatus,ni jajjabeessus.

### 4.2.2 Arbeessaa

Arbeessuun jechoota waan tokko garmalee ol kaasuu yookiin gadi buusuun dhiyeessudha. Addunyaa (2014:214) "Waan tokko guddisanii hamma arbaa, kinneessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha" jedha. Haaluma kanaan da'umsaa duraa kana keessatti jechootatti fayyadamanii wanta tokko garmalee ol kaasuu yookiin garmalee xiqqeessuu waan wanti sun hintaane taasisanii dhiyeessuun jira jechuudha. Aadde Jaal'eefi aadde Kuulaniin 9/7/2011 akka jedhanitti, "Deessuu gaafa dubbisuu deeman harka duwwaa hin dubbisan," jedhu. ibsa isaanii kanas akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(1) "Deessuu hin beelessanis,
harka quullaa hin dubbisanis,
A rba taati," jedhu.

Ergaa buufata armaan olii kun kan ibsu, deessuun yoo nyaata dhabdee beeloftes ta'e yoo harka qullaa dubbisan arba taatee akka isheen lagatti galtutti fudhatamti. Deessuun gaafa beeloftu boojjitoo marqaa arraabdi, sana booda boojjitoon marqaa sun immoo gaafa ta'aafii isheenis arba taate jechuudha. Malleen dubbii iddoo kanatti itti gargaaraman arbeessa, *"arba taati"*. Kanas, deessuu sana garmalee guddisanii arbaan qixxeessuun ergaa barbaadame karaa salphaa ta'een dabarsuudha. Fayyadamni afaanii buufata kana keessatti argamu,*"harka qullaa hin dubbisan"* hiikni jedhu, deessuu sana dubbisuu gaafa deeman waanta nyaatamuufi waanta dhugamu harkatti qabatanii dhaqu malee harka duwwaa hindubbisan jechuu ibsa.

### 4.2.3 Iddeessaa

Iddeessi maleen dubbii keessaa tokko ta'ee hojii isa tokkoo fuudhanii iddoo isa biraa buusuudha. Kanas, Addunyaan (2014:210) yoo ibsu, "Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta'een wantoota waldorgomsiisa," jedha. Kanaafuu, akka Boontuufi Kumashiin 02/07/2011 jedhanitti, "Dubartiin dhabduufi dubartiin deessuu hawaasicha biratti bifa garaagaraan ilaalamuu." jedhu. Kanas akkasiin ibsu,

(1) Deessuun bosoqqee lagaati,
dhabduun kusaayee gaaraati.jedhama.
(2) Yadeessuu andoodee gorbaa ta'i,
Bonaafi ganna lalisi
Lafakanarra guutii . Jedhama.
(3) Ammoo tarii ammallee tarii,
Da'ii mucaa baadhuu
Ammo tarii ammalee tarii
Haadha handaaqqoo ta'ii
Faffacaasaa nyaadhuu
Jalduu biiree ta'ii
Qomaa dugdaan baadhuu.
(4) Ulm aa Leencaa ciisii!

Buufataa (1) kana keessatti, malleen dubbii iddeessa yookiin bakka buusaa itti gargaaramuun, ergaa karaa gabaabaa ta'een dabarsudha. Buufata kana keessatti *"deessuun bosoqqee lagaati", "dhabduun kusaayee gaaraati"* kan jedhu, Kanas ergaa isaanii duraa duubaan yoo hiikaman, bosoqqeen lagaa osoo ajooftuu latti, deessuu bakka bosoqqee kanaa buusuun atis,osooma fincaan daa'imaa kun si ajeessuu horii dagaagi kan jedhu yemmuu ibsu; kusaayeen gaaraa kun immoo osoo urgooftuu gogdi, dhabduu bakka kusaayee buusuun atis,osoo urgooftuu duuta, yaada jedhu nama hubachiisa. Walumaagalatti, faayadamni afaanii yeroo da'umsaa kana keessatti itti gargaaramnu barnoota idilee keessatti illee bu'aa guddaa buusuu ni danda'u.

Ergaa buufata (2) armaan oliirraa waanti hubatamu, akkuma andoodeen asalii gannaa bona lalisu atis yeroo hundaa lalisi kan jedhu ibsa. Malleen dubbii iddeessaa yookiin bakka buusaatti gargaaramuun, *"andoodee gorbaa"* hiikni jedhu, gannaa bona kan lalisu andoodee isa cimaa ta'edha. Deessuu bakka andoodee gorbaa kanaa buusuun, lalisi, baay'adhuu, dagaagii kan jedhu yemmuu ibsu, buufata kana keessaatti jechoonni *"andoodee"fi "gorbaa"* hiikni jedhu duraa duubaan, andoodeen baala ta'ee akka aadaatti ulfa dubartiirraa baasuuf, huccuu ittiin miicuufkan itti gargaaramnu yemuu ta'u gorbaa kan jedhu immoo kormaa jechuudha. Kanaafuu, fayyadamni afaanii kun barnoota idilee keessattillee bu'aa guddaa ni buusa.

Ergaa buufata(3) eebbaa kanaarraa waanti hubatamu, haala naannoo jiruun ykn wanta hawaasichaa keessa jiruun qabanii akka isheen hortee qee'ee baal'aa godhattu fakkeenya garaagaraatiin deeggaranii akka isaan eebbisan kan ibsu yemmuu ta'u, Buufata weedduu kanaa keessatti gaaleen *(t.1)"ammoo tarii ammallee tari"* kan jedhu hiikini walfakkii isaa *"ammas ammas irra deddeebi'ii da'ii mucaa godhuu"* jechuudha. Buufatuma weedduu kana keessatti malleen dubbii iddeessa itti gargaaramuudhaan, *(t.4) "Haadha handaaqqoo ta'ii"* kan jedhu hiikni isaa, deessuu sana bakka handaaqqoo buusuun akkuma handaaqqoon cuucii baay'ee

godhattee wajjin dhangaa nyaattu, atis ijoollee baay'ee horii wajjin baay'adhuu nyaadhu kan jedhu ibsa. Iddeessi (*t.6) "Jalduu biiree ta'i"* kan jedhu, akkuma jaldeessaa lapheefi dugdatti baatu, atis akkasuma baay'isii horii lapheefi dugdaatti baadhuu ergaa jedhu nama hubachiisa. Kanaafuu, weedduun kun kan mul'isu gammaachuu miira itti dhaga'ame sana karaa ittiin weeddisanii deessuu saanaa ittiin ibsatanirraa hubanna.

Ergaan buufataa (4) armaan olii kun kan ibsu: iddoo gaarii, iddoo aara galfii cisii yookiin sodaa tokko malee boqodhu yaada jedhu ibsa. Karaa biraatiin malleen dubbii iddeessa itti gargaaramuudhaan *"bakka leencaa ciisi, kabajamii"* ergaa jedhu qaba. Sababiin isaa leenci human isaa abdata waan ta'eef yemmuu ciisu soda tokko malee, naasuu tokko malee boqota. Kanaafuu, ergaan kun illee kanatti faakkeeffamuudhaan deessuu sana jajjabeessuuf, fayyadama afaanii kana itti gargaaramu. Kanuma faana deessuu kanas irra deddeebi'anii ni eebbisu gaafa daa'ima godhachuu ishee argan.

### 4.2.4 Nameessaa

Nameessuu jechuun gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee amala namaa wantoota biro gonfachiisuun akka namatti akka dalagan gochuudha. Kanas,Addunya (2014:211) akka jedhutti, "Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti," jedha. Fayyadama afaanii yeroo da'umsaa hawaasni haala kanatti gargaaramuudhaan yaada isaanii ittiin ibsatu. Badhaasaa fi Giraanyi 16/7/2011 akka ibsanitti, deessuu tokko gaafa dubbisanii ka'an.

(1) "Itilleen guddisa saa gargaaru." jedhu.

(2) "Sunqoo sunqoo jettee maaramiin
Sunqoo shiinii shan ammaarrate
Guyyaa cinqii shan nawaamtee
Cinqii baanaan naa irraaffatte," jettee maaramiin.

Ergaan buufataa (1) armaan olii kun waanta inni nama hubachiisu, daa'imni kee itilleerra teessee siifaa guddattuu kan jedhu yemmuu ibsu, malleen dubbii nameessa jedhamutti gargaaramuun dhaamsa karaa gabaabaa ta'een darbuu mul'isa. Kunis, *"itilleen"* akka namaatti akka isheen daa'ima gargaartee namaa guddistu godhanii fudhachuudhaan kan itti gargaaraman ta'uu nama hubachiisa. Jechi,*"itillee"* jedhu hiikni isaa, gogaarraa kan tolfame, irra ciisuufis ta'e irra taa'uuf hawaasni kan itti gargaaramudha. Walumaagalatti, buufata armaan olii kana keessatti fayyadama afaanii malleen dubbii nameessa ta'e itti gargaaramuudhaan dhaamsa barbaadamu ibseera. Qabiyyeema malleen dubbi nameessa qabatee jiru kana ittuma fufuun: Obseen,Misireefi

Sirneen 23/07/2011maaram deessuu komachuu ishee weedduu armaan gadiittiin yemmuu ibsan akkas jedhu:

Ergaa buufata (2) armaan olii kanarraa waanti hubatamu, deessuun osoo hin da'iin dura maaramiin kadhachaa akka turte; erga deessee dhiphina ishee baatee immoo maaramiin waan hirraaffatteef maaram kun immoo deessuun erga deessee deebitee nahirraaffattee jettee komachuu ishee mul'isa. Malleen dubbii iddoo kanatti itti gargaaramanis nameessa. Kunis, *"maaram"* akka waan nama taatee akka namaatti akka isheen dubbattee deessuu sana komachaa jirtu ibsa. Buufatuma kana keessatti jechi *"cinqii"* jedhu hiikni isaa dhiphuu kan jedhu ibsa. Jechi, *"sunqoo"* jedhu hiikni isaa gosa midhaaniiti. *"Shiinii"* kan jedhu immoo finjaala jechuudha.

Waluma galatti, da'umsaa kun hariiroo hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti wal-wajjiin qabu kan cimsudha. Da'umsi hawaasicha keessatti kabaja guddaa kan qabuu yemmuu ta'u yeroo tokko qofa raawwatee kan dhaabbatu osoo hintaane itti fufinsaan kana gageeffamudha. Kanaafuu, hawaasichi walitti dhufeenya uumee jiraachuuf carraaqqii taasisu keessaa inni tokko sirna da'umsaa kana keessatti dha. Haaluma kana keessatti deessuun gaafa isheen deessu dhaqanii yemmuu dubbisan: jajuu, eebbisuu, jajjabeessufis ta'e kkf malleen dubbii kanatti gargaaramuu dhaan yaada isaanii ibsachuun duussuu sana bukkee dhaabbatu.Kanaafuu, mallen dubbii da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda itti gargaaraman akkaataa armaan oliitti xiinxalamanii jiru. Hawaasni da'umsaan durattii,yeroo da'umsaafi da'umsa boodaa fayyadama afaaniitti gargaaramuudhaan, deessuu eebbisa, gargaara,jajabeesa. Dhabduu immoo kadhachuu, abdii itti horuuf kanneen kana fakkaataniif malleen dubbii garaagaraa itti gargaaramuudhaan yaadaafi fedhii isaa ittiin ibsata. Yemmuu kanas, waliin dorgomsiisuun, olguddisuun yookiin amalasaa, bifasaa iddoo isa tokkoo buusuun yaada isaa walaiif kan qoodudha.

### 4.2.5 Fakkoommii

Fakkoommiin mallattoonis haata'u jechaan waanti ibsamuuf ka'e tokko sirriitti akka hubatamuuf humana sammuu keessatti fakkii uumuu niqaba. Haata'umalee, fakkoommiin akaa amantii kanaatti meeshaaleedhaan, coqorsaan, mukeetiidhaan akkasumas umama lubbu maleeyyii kanneenitti dhimma bahuun namoonni yeroo deessuun tokko deessu, wantoota ibsaman kanatti gargaaramanii eebba eebbisanis ta'e garaagarummaa koorniyaa gidduu jiru ittiin ibsachuuf nigargaaramu. Geataachoofi Daani'eel 04/08/2011 Akkas jedhu, "Meeshaaleen da'umsarratti

dhiyaatan ibsaafi ergaa mataa isaanii niqabu," jedhan. Hiikaa fi ergaa isaan dabarsanis akka aadaa hawaasichaatti fakkoommii isaanii waliin armaan gaditti xiinxalamee jira.

Hullee: Buqqee hadhooftuu irraa tolfamee bishaan habaxaan ittiin affeelame fiduuf kan gargaaru.

Itillee: Gogaa loonii irraa hojjetamee akka dibbeetti rurukutanii ittin weeddisuu gargaara.

Qabee: Buqqee hadhooftuu irraa hojjetamee qorii itti naqachuuf kan ta'udha.

Gasaa: Meexxiirraa dhahamee deessuun irratti dhiqachuufis ta'e lafa buufattee ciisuuf kan fayyaduudha. Kanaafuu,gasaan kun yeroo deessuun deessu ni barbaachisa jedhamee dursee kan qophaa'udha. Gasaan kun fayyadama afaanii inni bakka bu'us,akka inn eebba qabu,boqonnaaf barbaachisutti fudhatameeti. Akkasumsa waanta irratti deessu yeroo sanatti ishee barbaachisa.

Gingilchaa: Meexxii ykn migirarraa dhahamuun deessuu gargaaraani ittiin Oofkalchuuf kan ooluudha.Kanaafuu, gingilchaan yeroo sana keessatti, akka inni ishee obbaasisu godhameetu fudhatama.

Waciitii: Supheerraa dhahamuun waa itti cuuphatanii nyaachuuf gargaara. Kunis, gaafa deessuun deessu ni barbaachisa jedhamee dursee kan qophaa'udha.

Aalbee: Sibiila irraa tumamee kan hojjetamu, dhiirri sibiila akkasii qabatee lola loluun roorroo ittisa kan jedhamutti fakkeeffama. Kunis, da'umsa booda garaagarummaa dhiiraafi dhalaa agarsiisuuf itti fayyadamu. Kana,jechuun meeshaan sun bakka itti fayyadam afaanii bu'ee ibseera jechuudha.

Aannaan: Deessuun sun jiidha loonitiin tolti kan jedhu mul'isuu itti fakkeeffama. Deessuu sana gaafa shananiis ta'e gaafa salganii itti fayyadamu.

Boojjitoo: Muka irraa muramee sofamuun marqaa ittiin marquuf kan gargaaru yemmuu ta'u, yeroo marqanis boojjitoo sanarratti mucha tokko, lama, sadii…gochuun agarsiisu Kunis ergaan isaa baay'ina isheen deesse mul'isuuf. Ibsi isaas bakka fayyadama afaanii bu'ee horii baay'edhu kan jedhu mul'isa.

Budduksee: Buqqee hadhooftuu irraa bocamee kan bukoon ittiin budduukfamu yoo ta'u, hojii mana keessaa dubarri hojjettu mul'isuutti faakkeeffamee kan dhiyaatudha.

Coqorsi: Lafa qabatee waan yaa'uuf sanyiin kee haa dagaagu kan jedhu mul'isuuf akka fayyadaman himaniiru.

Dhaabata: Muka urgeessaa jedhamu irraa muramee kan deessuun qabattuudha. Kunis ergaan isaa jiidha mul'isa kan jedhutti fakkeeffama.

Faldhaana: Meeshaa gaafa loonii irraa tolfamee marqaa ittiin nyaachuuf fayyaduudha.

Finjaala: Gaafa horii irra tolfamuun meeshaa qorii fi buna qalaan itti nyaachuuf ta'udha.

Gundoo: Migirarraa ykn meexxiirraa tolfamee habaxaafi sooggiddi yeroo galchii galchan kan irra kaa'amudha.

Hiddiin: Ija baa'yee waan naqatuuf hormaata mul'isa jedhanii itti fayyadamu.

Ulee qal'oo: Dubartoonni gaafa habaxaa kutuu deeman harkatti qababatanii deemu. Kunis ergaan isaa namoonni otoo isaan deemaa jiranii karaatti yoo itti dhufan akka qaxxaa hin murreefidha.

Waancaa: meeshaa gaafa horii irraa hojjetamee bookaa fi farsoo boordee itti dhuguuf ta'uudha.

Xuwwee: Supheerraa golbatee dhahamuun kan deessuuf marqaa itti marqaanidha. Kanneen armaan olii kana yoo ta'an tajaajilliifi hiikni isaanii kan eerame akka hawaasa naannichaatti malee iddoo birootti hiika garaagaraa qabachuu malu ta'a.

Da'umsaa dura,Yreoo da'umsaasfi da'umsa booda meeshaaleen haala sana keessatti barbaachisan nijiru. Meeshaaleen kunis fakkoommmii bakka bu'an niqabu ibsu. Raawwiin kun kan eegalamu oggaa deessuun tokko ji'i ishee dhumatee, ciniinsun ishee qabuu kaaseti Ciniinsuun qabe jechuun yeroo mucaan dhalachuuf kaatu, miira dhukkubbii jalqaba deessuutti dhaga'amuudha. Dubartoonni tokko tokko ciniinsuun itti hammaachuun da'uu kan dadhaban waan jiraniif yeroo akkasiitti deessistuutu gargaaree oofkalcha. Sababa kanaafis deessuu biratti deessistuun murteessadha. Harkishees akka qorichaatti ilaalama. Kanaafuu meeshaaleen da'umsa dura,yeroo da'umsaafi da'umsa booda itti gargaartaman bal'inaan akka jiran ibsa.

### 4.2.6 Jechama

Hawaasni aanaa Sadii Canqaa jechamoota adda addaatti fayyadamuudhaan da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa booda itti gargaarama. Akka hawaasni, aadde Jaal'eefi Kuulaniin 09/07/2011fi Sanyiifi Daani'eel 04/08/2011 jedhanitti, "Deessuu tokkoo gaafa waa'ee ishee dubbatan kalaattiidhaan hindubbatani," jadhu. Kanaafuu, deessuu sanaa ibsuufis ta'e haala adda addaa sirnicha keessatti raawwatamu jechama kanatti gargaaramuudhaan yaada isaanii ibsan akka armaan gadiitti qaacceeffameera. Jechamoota da'umsa duraa, yeroo da'umsaafi jechamoota da'umsa boodaa hawaasicha dhimma itti ba'us akka armaan gadiitti qaacceffamee jira.

(1) Deessuu taadhii Dubartii daddaftee deessu. Kunis, osoo daa'ima ofharkaa qabdu hin guusiin daftee irratti ulfaa'uusheeti. Yeroo kan deessuu akkas daddaftee deessu taadhiidha jedhamee fudhatama.

(2) Dhabduudha: Maseena yookiin dubartii dhala hin qabne jechuudha. Dubartii maseena taate immoo hawaasicha biratti kabaja hin qabdu, qofaadha.

(3) Dadhabbii qabdi: Dubartii ulfooftee jirtudha. Dubartiin kun ulfa waan qabduuf, hojii ulfaataa hojjiichuu hin dandeessuu kan jedhu ittiin ibsuuf dha.

(4) Bareeddeetti: Dubartiin tokko babbareeddeetti kan jedhamu, ulfooftee bifti ishee guuteera jechuudha. Kanaafuu, fayyadama afaanii kana kallattiitiin furdatteetta jechuurra bareeddeetta jedhuun akka filatamu nuhubachiisa. Kunis kabaja deessuu sanaaf qaban mul'isuufidha.

(5) Garaatti baatti: Ulfooftee jirtii jechuudha.Kunis ergaan isaa kaba ulfa sanaaf qaban mul'isuufidha.

(6) Hiikamte. Deesseetti ykn ofkalteetti kan jedhu ibsa. Yeroo ulfa taatee jirtu akka waan dhiphina keessa turteetti fudhatamti.Sababiin isaas, akkatasaa lubbuun ishee da'umsarratti darbuu danda'a jedhanii waan yaadaniif Kanarraa ka'uun, baga hiikamte jedhanii gammachuu isaanii akka ibsatan kanarraa hubachuun ni danda'ama.

(7) Shaameta hiikte. Deessuu tokko ciniinsuun gaafa qabu shaamata naqamee jiru sana hiiku. Kunis ergaan isaa shaamata kana hiikneerra maaram saahiiktu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kanaafuu shaamata yoo hiikan akka isheen hiikamteetti fudhatu.

(8) Biqila daake: Abbaan manaa gaafa haati manaa isaa ciniinsuun itti cimu balee marxifatee dhagaa daakuutti biqila daaka.Yemmuu biqila kana daaku,akka maaram ishee hiiktuuf kadhachuufii akka ta'e ergaa kanaarraa hubachuun nidanda'ama.

(9) Ciniisifatte: Deessuun tokko ji'a sagal garaatti baattee gaafa da'uuf jettu mallattoo itti dhagahamudha. Kunis,ergaan isaa da'uuf akka taate mallattoo kanaarraa hubachuun ni danda'ama.

(10) Obbaate. Hiikni isaa ofkalte jechuudha.Ergaan isaa mucaan garaatii baatee deessuun sun nagaan hiikamuu ishee nuhubachiisa.

(11) Sibiila baasan. Dubartiin tokko da'uuf yemmuu cinisiifachuu jalqabdu,sibiilaa fi dhiira mana keessaa gad baasu. Kunis,ergaan isaa sibiilli jabaataa waan ta'eef ciniinsuun kun itti jabaachuu nidanda'a jedhanii waan amananiifidha. Dhiirris garaan isa jabaataadha jedhanii fudhatu.Kanaafuu, yeroo sanatti dhiirris ta'e, sibiilli mana keessa hin taa'u.

(12) Jilba qabde. Deessuun da'uuf jettee gaafa ciniinsuun qabu dubartoonni olla dhufanii ishee gargaaru.Dubartoonni kunis ishee deessisuudhaaf waarra muuxannoo qaba ta'uuqabu. Dubartoonni kunis walqooduudhaan, hangi tokko dugda, qaba

hangi tokko harka qaba, hangi tokko immoo jilba qaba. Kunis, ergaan isaa, deessuun sun jilba ishee yoo walitti qabde, mataa mucaa sanaa miidhuu danda'a jedhanii waan yaadaniifidha.

(13) Dugdishee bukoo: Dubartii reefu deessuu, kan dugdishee hinjabaanne. Kunis, ergaa isaa dugdi ishee deessee waan Jirtuuf jabina Kan hinqabne ta'uu nama hubachiisa.

(14) Reefu araashii: Dubartii deessee hoosisaa jirtu. Kunis, waanta hojii ulfaataa ta'e hojjechuu akka hin dandeenye Kan barruun harka ishee laafu, kan waagubu ibiddaarraa hinfuune fi baayee kan ko'oommattu akkataate ergaa kanarra hubachuun.

(15) Sabiyyiidha: Mucaa ykn daa'ima xiqqoodha. Reefu kan dhalattee jirtu yemmuu taatu, haati daa'ima xiqqaa qabdu akka isheen ko'eettii taate dhaamsa kanaarraa hubachuun ni danda'ama. Kanarraa ka'uun haati mucaa baattu nama hin hamattu jedhu. Sababiin isaa waa'ee mucaa ishee qofa yaaddi waanta'eef.

(16) Daatii: Dubartii deessee salgan hinbaasnedha.Ergaan jechama kanaas kan ibsu, deessuu sun eegumsafi kununsa Deessuu guddaan akka ishee barbaachisu ergaan isaa nuhubachiisa.

(17) Ulmaadha Dubartii reefu deessee dhiigni irra jiru, Kan shanan hin geenyedha Kanaafuu, deessuun ciiftee jirtu sun gargaarsa maatii ishee ala waa akka isheen gochuu hindandeenye dhaamsi kun nutti mul'isa.

(18) Qayya Ulatte. Urgoofte kan jedhu ibsa. Kunis, deessuun sun erga ofdandeessee, gosa mukaa aarri isaanii urgaa'an kan akka ejirsa, dabaqaafaa, qopheeffattee bakka da'oo ta'etti kan ulattudha.Kunis, akka aadaatti qaamni deessuu sanaa akka urgaa'uuf jedhameeti.

.

(19) Miilashee walqixxeesse. Yaaddoo qabdurraa ishee fure jechuudha. Kunis ergaan isaa, dubartiin ulfooftee daa'ima garaatti baattu tokkoo hanga isheen nama yaaddessaa jirtu ofiis akka yaadda'aa jirtu nama hubachiisa.

## 4.3 Fayyadama Afaanii Eenyummaa Deessuu Ijaaruu Keessatti

Da'umsi jiruufi jireenya hawaasa tokoo keessatti kabaja guddaa akka qabu beekamaadha. Da'umsi yeroo tokko qofa raawwatee kan dhaabbatu miti; yeroo mara jirenya dhala namaa waliin walitti hidhamee kan deemudha. Ragaan kan dura kennamerraa fudhatamee kan dhiyaatedha, Kanaafuu, hawaasicha keessatti dubartiin deessu tokko akkatattii eenyummaa ishee ibsan akkaataa armaan gadiitti qaacceffamee jira.

### 4.3.1 Marata Adda Jalee Hidhachuurratti

Akka aadaa Oromootti dubartiin marata addarratti hidhatte jirtu tokko hin arrabsamtu, hin gadadamtu.Yeroo dhiyoo as deessee kan jirtudha. Kanaafuu, deessuu kana namoonni yeroo ishee arganittiillee ni eebbisu. Fkn. yaada kana (Ful.47:4).

| | |
|---|---|
| (1) Isheen marata addaarraa qabdi. | Reefu deessee adda jaalee hidhattee |
| (2) Si harkatti oolchee haa bulchu wajjiin oolaa bulaa,siif haa eebbisu! | Waliin oolaa bulaa, jiraadhaa. Wajjin jiraadha,daa'ima kee siifaa eebbisu. |
| (3) Ija hamaarraa saahambisu!…tu, tu, tu. jedhu. | Hamaan si hinargiin,gorora itti tuttufuun eebbisuu. |
| (4) Gudeedi kee haa usaa'u. | Tafni miilakee/Sarbaan/ kee haa ajaa'uudha. |

Ergaan toora (1) kanaa kan ibsu, deessuun tokkoo yeroo dhiyootti deessee qaamni ishee yoo hin jabaanne mallattoo isheen agarsiisuuf itti fayyadamtudha. Sababiin isaas gafaa isheen akkatasaa gad-baatee deemtu, namoonni akka itti hin buune mul'isuufidha. Namni osoo isheen kan hidhattee jirtuu yoo itti bu'ee argame, hawaasicha keessatti akka aadaatti adabbii guddaatu isa eeggata. Kanaafuu, mallattoo isheen itti fayyadamtee jirtu kunillee eenyummaa deessuu Sanaa ibsuu keessatti gahee gudda33a akka qabu nama hubachiisa. Fayyadama afaanii buufata kana keessatti ibsamee *"marata"* kan jedhu, hiikni isaa mataatti adda jalee hidhachuu ibsa.

Ergaan buufata armaan olii kan ibsu, daa'imni dhalatte sun nagaa taatee nagaan akka isheen guddattu, ija diinaarraa akka baraaramtuu hancufa itti tuttufanii eebbisuu isaanii nuhubachiisa. Buufata kana keessatti (t.2) *"wajjin oolaa bulaa"* gaaleen jedhu, hiikni isaa wajjin jiraadhaa gargar hin baa'iinaa kan jedhu ta'a. *(t.3) "tu…tu…tu"* Kan jedhu gorora harkatti tufuudha. Kunis hiikni isaa eebbi kun *"saa qabatu ija hamaarraa hafi"* kan jedhu ibsa.

Ergaa toora (4) armaan olii kun kan ibsu, da'ii daa'ima godhuuti qaamni gudeeda kee haaxuraa'u kan jedhu yemmuu ibsu, jechi *"usaa'i"* jedhuu immoo hiikni isaa, gudeenni kee *"haaxuraa'u"* kan jedhu ta'a. Kunis eebba deessuu sana ittiin eebbisan malee akkanumatti gudeedi kee haa xuraa'u jechuu miti. Hiikkoon isaa daa'ima deessee yoo qabaattetu itti ficooftee xureessiti; kan dhala hin qabnee qaamni ishee qulqulluudha atimoo daa'ima godhu xuraayii kan jedhu ibsuuf itti fayyadamanidha. Fayyadamnii afaanii iddoo kanatti itti gargaaraman barnoota idilee keessattis bu'aa nibuusa.

### 4.3.2 Qeensa Qorachuurratti

Dubartiin deessee jirtu tokko hangaa guyyaa afurtama fixxuutti qeessa ishee hin qorattu. Sababa isheen qeessa ishee hin qoranneef immoo yeroo dhiyooti as deessee waan jirtuuf qaamni ishee hin jabaanne jedhanii waan fudhataniifidha. Kanaafuu, deessuun kun qeensa ishee osoo hin qoratiin jiidhissa siree isheerra turti.Yeroo kana namoonni ishee dubbisan akkas jedhu. Fkn. haala kana mul'isa. (Ful 46:1).

| | |
|---|---|
| (1) Yaa deessuu siree corroqaa | Sireen deessuu qulqullee miti |
| Maseena siree dhommoqaa | dhabduu sireen bareedaa/qulqulluu/ta'e. |
| Siree dhommooqaa nulagii | deessuun sireen ishee qooraa miti. |
| Siree corroqaa nugahii | haadha mucaa gaarrii qabdu. |

Ergaa buufata armaan olii kanaarraa waanti, hubatamu deessuun qaamni ishee hubamee jira waan ta'eef, lafuma jiidhissa qabu turti malee olii gadi sochootee waa dhimma baasuu hin dandeessu. Kanaafuu, haala jiidhissa keessa jirtitti fakkeeffamti.

### 4.3.3 Rifeensa Dibachuurratti

Deessuun battaluma deessee yoo kaatee mataa isheerratti dibatatu dibama. Dibanni kunis,hanga isheen jabaattutti yeroo mara mataa isheerraa dhibuu hin qabu. Sababiin isaas sammuun ishee qaawwadha. Kanaafuu, namoonni deessuu kana gaafa mataa ishee diban ni eebbisu. (Ful.46:3).

| | |
|---|---|
| (1) "Harmiifi harki saa urgaa'u | Harkaafi harmike haatolu. |
| (2) Guddisa saa gargaaru | Guddisa saadeeggaruu |
| (3) Siree cabsii ka'i | Cimii, furdadhuu ka'ii |

Ergaan toora (1) akka hawaasichi itti hiikutti harmii fi harki si haa urgaa'u yoo jedhu mucaan kee guddisa tolee maqaa kee haadhofsiisu kan jedhu dabarsa. Kun immoo harki kee inni baatee, nyaachisee guddiseef harmi kee kan isheen hootee guddatte gatiin dadhabbii kee lafatti hin badiin, ija tolee argame, hawaasa keessatti siifaa urgeessu jechuudha. Kana malees, toora (3) siree cabsii ka'i yoo jedhu immoo jabadhu, humana godhu, ulfaadhuu, iddootti deebi'ii fayyii ka'i jechudha. Karaa baraan mucaan dhalattu kan fayyuummaa guutuu qabdu yoo taate fincaanis seeraanfinca'a. Kanuma irraa ka'uun wanti tilmaamamu fayyaa godhatee fincaa'uu isaatiin fincaan sun immoo siree sana nyaatee yoo cabsu guddinatti tarakaanfachuu isaa mul'isa yaada jedhu qaba. Deessuu eebbisuurratti akkas jedhu.

### 4.3.4 Sibiila Fayyadamuurratti

Akka aadaatti deessuun tokko erga deessee booda yeroo manaatii gara alaatti baatu harka qullaa garaa alaatti hin baatu.Waan akka sibiilaa harkatti qabattee baati.Yeroo isheen manaa baatus ta'e yeroo isheen ol deebitu immoo akka jedhu. Kanas, (Ful.45:2) fi (Ful.57:1-3)

| | |
|---|---|
| (1) " Kiiloo bunaa yakiiloo bunaa | Deessuun manaati gara alaatti baatus ta'e, |
| Kan nama bareechu ilmoodhuma | yoo gara manaatti deebitu deessuu jalaati goraa |
| Mee deessuu jalaa turaa." Jedhu. | akka ilmoon nama bareechitu kan godhe isheedha |
| (2) "Qilleessa malee bobba'i. | Qilleensi dhayicha fida waan ta'eef, |
| (3) "Hamaan sinargiin,nagaan ba'ii nagaan gali | qilleessi michii fiduu sin argiin jechudha. |
| Lubbuun buli, lubbuun buli, taadhomi | Gaafa gadi baatu hamaan sin ilaaliin, Lubbuun jiraadhu, |
| | daddafii da'i jechuudha |

Ergaan buufata (1) armaan olii kana keessatti waanti hubatamu, deessuun tokko alatti gadi baatee deebiti. Yeroo kana harka qullaa gadi hin baatu sibiila harkatti qabattee baati. Gaafa achii as deebitu deessuu jalaa tura yookaan jalaa maqaa kan jedhu ibsuuf kan itti gargaaramanidha.

Ergaan buufata (2) olii kanaarraa waanti hubatamu, deessuun gaafa gadi baatu qilleensi sin argaai nagaan ba'ii nagaan galii hiika jedhu nu hubachiisa. Ittuma fufuun, buufata (3) waana inni nuhubachiisu, deessuu sana gaafa isheen baatee deemtu, hamaan sin ilaaliin nagaan bobba'ii, lubbuun jiraadhuu ammas, ammas daddafii da'ii kan jedhu nuhubachiisa.Walumaagalatti deessuun tokko gaafa kaatee gara alaatti baatu harka qullaa deemuu akka hin dandeenye, yemmuu baatu immoo sibiila kan ta'e harkatti qabattee akka baatu yaadi kun nutti mul'isa. Sibiila qabattee bobba'uun immoo eenyummaa deessuu sanaa ibsa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.0 Seensa

Kana keessatti cunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu meeshaa funaansa ragaatiin funaanametu cuunfamee dhiyaate. Kunis, hojii qorannichaarratti hundaa'uu fi yaadota ka'an bu'uureeffachuun kan raawwatamee jirudha. Kanamalees, itti fayyadama afaanii da'umsarratti dhimma baasaa jiru maal akka fakkaatu adeemsa qorannichaa keessa darbee cuunfaa keessatti ibsameera. Itti aansuun argannoo qorannichaafi yaadi furmaataa duraaduubaan ibsamaniiru.

## 5.1 Cuunfaa Qorannichaa

Qorrannichi boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate yeroo ta'u, boqonnaa tokko keessatti afaan Oromoo afaan hojiifi barnootaa erga ta'ee as dirreewwan hojii adda addaa keessatti itti fayyadamni afaanii garaagaraa jiraachuu isaafi iddoo itti fayyadamnu irratti hundaa'un garaagarummaan afaanii akka uumamu ibsamee jira.

Kaayyoon qorannoo kanaas, Fayyadama Afaanii Da'umsarraatti maal akka fakkaatu xiinxaluun dhimmoota itti fayyadama afaanii waliin wal qabatanifi afaan itti gargaaraman waliin qaban furmaata kaa'uuf akka gaggeeffamu ibsameera. Boqonnaa lama keessatti yaadrimeewwan itti fayyadama afaanii waliin walqabatan irratti sakatta'i barruufi barruun walfakkii gaggeeffameera. Kuniis, yaadawwan duudhaa hawaasaa, da'umsaa, faayidaama afaanii jechuun maal akka ta'ee, fayyadama afaanii eenyummaa deessuu ibsuufi qaaccessi fayyadama afaaniis askeessatti dhiyaateera. Sakatta'i barruu aantees xiinxala kana keessatti ilaalameera. Malli iddattoofi meeshaan funaansa ragaa boqonnaa sadii keessatti qindaa'eera. Qorannicha galmaan ga'uuf saxaxa qorannoo ibsaa akkamtaa bu'uureffachuun gosa qorannoo ibsaatti dhimma bahee jira. Tooftaa iddatteessuu qoraataan fayyadamuun iddattoowwan filates mala iddatteessuu miticarraa keessaa iddatteessuu akkayyootti fayyadamee odeefkennitootarraa raga sassaabbate. Ragaa sassaabame kanas kutaa sadiitti addaan qooduun akkaataa qabiyyee isaa waliin duraa duubaan qaacceffameera.

Yaaduma bu'uuraa kanarratti hundaa'uun hawaasni aanichaa akkaataa fayyadama afaanii da'umsarratti itti gargaaraman ilaalchisuun:

- Hawaasni aanichaa qabiyyee faayyadama afaanii da'umsarratti dhimma ba'aa jiru: da'umsa dura, yeroo da'umsaafi da'umsa boodaa garaagarummaa kan qabu ta'uusaa.

- Fayyadamni afaanii da’umsarratti dhimma baasaa jiru: jechoota, jechamoota, malleen dubbii, akkasaa, iddeessaa, nameessaa, arbeessaa, fakkoommiifi kkf. Hawaasichi itti gargaaramuun ergaa darbu karaa salphaa ta’een akka isaan waliif ibsan taasisuusaa.
- Deessuun tokko hawaasa Oromoo biratti kabajaafi iddoo olaanaa qabdi, gaafa deessuus ta’e gaafa daa’imni harkaa baatu, iddoo sanatti fayyadama afaanii hawaasichi itti gargaaramu eenyummaa deessuu sanaa gadi fageenyaani ijaaruu keessatti gahee guddaa akka qabu ibsamee jira.
- Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii da’umsaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u,qoratichis qorannoo kana erga gaggeessee booda  hawaasni Aanaa Sadii Canqaa fayyadama afaanii da’umsarratti itti gargaaramaa jiran qaaccessuudhaan, sadarkaa inni har’a irra jiru argannoo itti aanu keessatti ibsee jira.

## 5.2 Argannoo Qorannichaa

Qorataan qorannoo kana yeroo gaggeesse haala fayyadama afaanii da’umsarratti hawaasni Oromoo Aanaa Sadii Canqaa itti gargaaramaa jiru ilaalchisee, ragaa odeefkennitoota irraa argateefi  xiinxaleen waantoota bira ga’aman qabiyyee fayyadama afaanii da’umsa dura, yeroo da’umsaa, da’umsa boodaafi fayyadama afaanii eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti kan jedhu qaaccessuun argannoolee argaman akka itti aanutti ibsamanii jiru.

- Fayyadama afaani da’umsarratti akkaataatti maaram jajaniifi deessuu jajan amantaalee biroo kan hawaasni hordofaa jiruun garaagara waan ta’eef ilaalcha adda addaa akka waliif qaban hubatameera.
- Namoonni umurii gidduu galeessaa ta’an tokko tokkoofi namoonni amantaa adda addaa hordofan gaafa deessuu sana dubbisuu deeman fayyadama afaanii bakka sanatti gargaaraman wallaaluurraa kan ka’e yaada isaanii ibsachuuf akka rakkatan hubatameera.
- Dhiroonni ilaalcha dogoggoraa qaban irraa kan ka’e hirmaannan isaanii xiqqaatee mul’chuun, harmoolii qofa hirmaachisuun fayyadama afaanii da’umsarrattis ta’e, eenyummaa deessuu ijaaruu keeaassatti gahee inni qabu baayyee akka dagatamee jiru bira ga’ameera.
- Fayyadama afaanii da’umsarratti eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti gahee qaban dhaloota ammaa biratti waan dagatamee jiruuf, itti fayyadamaa akka hin jirre qorannoo kanaan adda baheera.

- Hawaasni fayyadama afaanii da’umsarratti bifa weedduufi faaruun itti gargaaramu, dhiibbaa keessaafi alaa irraa kan ka’e xiyyeeffannaa dhabuun sadarkaan inni yeroo ammaa irra jiru baay’ee gad bu’aa akka ta’e qorannoo kanaan adda baheera.
- Uumama waaqaa addaan qoodun dhiirafi dubara gidduutti walcaalmaan fayyadama afaanii da’umsarratti itti gargaaraman ilaalcha dogoggoraa hawaasichi qabu ta’ee mul’ateera.
- Haala da’umsarratti meeshaaleen barbaachisan jiraachuufi meeshaaleen sunis garaagarummaa saalaarratti fakkoomii kan mul’isan ta’uu hubatameera.
- Yeroo ammaa kana deessuun gaafa deessu ogeessaa yaalaa biratti waan deessuuf fayyadamni afaanii yeroo da’umsaafi qabiyyee fayyadama afaanii da’umsaan booda dhimma itti ba’amaa jiru, dhaloota ammaa biratti akka hirraaffatameeru qorannoo kanaan mirkanaa’eera.

## 5.3 Yaboo Qorannichaa

Hawaasni aanaa Sadii Canqaa akkuma uummata Oromoo kan biroo aadaafi duudhaa eenyummaa isaa ibsan kan qabuufi yeroo dheeraaf kan itti jiraatudha. Kunuunsee dhaloota haaraaf kan gurra buusuudha. Adeemsa qorannoo kana keessatti waantonni hubatamaniifi biraga’aman akkuma jirutti ta’ee, karaa biraatiin waantoonni fuulduraaf xiyyeeffannoo argatanii hojjetamuu qabanis akka jiran asirratti kaasuun barbaachisaadha. Kanaafuu, qorataan kun xiyyeeffannoo argachuu qaba kan jedhe akka itti aanutti ibsee jira.

- ✓ Dhaloonni amma jiran kunneen amantaafi aadaan akka waan waldhiibuutti fudhatu. Kanaafuu, amantaa qofa qabatanii qaamolee deeman hubachiisuun osoo yeroo da’umsarratti wantoota raawwataman kana dhaloota itti aanutti dabarsan baay’ee gaariidha. Sababiin isaas, aadaan kun gama kamiinuu waliin walitti bu’ee kun amantaa kana keessatti yaraadha, kun immoo gaaridha kan jechisiisu tokkollee hin arganne.
- ✓ Fayyadamni afaanii da’umsa dura, yeroo da’umsaafi da’umsa booda itti gargaaraman kun afaaniin malee barreeffamaan waan hinjirreef, dhaloonni ammaa irraanfataa waan deemeef, qabiyyee sirna barnootaa keessa galuun osoo baratame gaarii ta’a.
- ✓ Yeroo ammaa kana dhaloota boodanaa biratti fayyadamni afaanii eenyummaa deessuu ijaaruu keessaatti gahee inni qabu waan dagatamee jiruuf, maanguddoonni, qorattoonni

aadaafi seenaa hirmaannaa taasifamuu qabu gochuun namoota kanaaf hubannoo osoo kennan ni milkaa'a. Aadaan kunis hin dagatamu kan jedhu yaada qorataan kun qabudha.

- ✓ Akka hawaasa aanichaatti namoonni deessuu sana dubbisuufi ta'e eenyummaa deessuu ijaaruu keessatti qooda guddaa kan qaban harmoolii qofa waan ta'aniif dhiironni fayyadama afaanii da'umsarratti itti gargaaraman xiyyeeffannoo itti kennanii hin jiran, hirmaannaas hin qaban. Kanaafuu, dhimmi kun karaa maanguddootaas ta'e karaa aadaafi turiizimii aanichaa yeroo yerootti hubannoon osoo hawaasichaaf kenname gaariidha.
- ✓ Fayyadama afaanii da'umsarratti fakkoomiin meeshaaleen qaban garaagarummaa dhiiraafi dhalaa giduu jiru ibsuuf hawaasichi itti gargaaramaa kan ture yemmuu ta'u, ammaa garuu hirraanfatamee jira waan ta'eef, xiyyeefannoo osoo argate yaada qoratichaati.

# WABII

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo.*Mega Printing Press.

Addunyaa Barkeessaa.(2011). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatt*: Finfinne Effience prenting press.

Addunyaa Barkeessaa.(2014). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Addunyaa Barkeessaa.(2016).*Semmoo: Bu'uuraalee Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.* Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa.(2016).*"The Discursiv ConstructionAndRepresentation Of TheWaata Identtity:"* Yunvarsiiti Finfinnee.Waraqaa Qorannoo Digirii 3[ffaa] Kan Hin maxxaniin.

Alamu Disasa.(2013). *Adiscourse analysis of Jaarsumma Atraditional method of disputere solution by community eldels:*Arsi Oromoo in focus unpublished desseration. Addis Abeba University.

Alevisso.M.(2004).*Organizational Cultureand Discourse.*In D.Grant.C.oswick& L.L puntam (ED).The Sage Hand Book of Organaizational Discourse (pp317-335) Thousand oak, CA: sage.

Anderzejewski,B.(1995).*Litreraturein African Languages:*Cambridge,Cambridge University press.

Asafaa Tafarraa. (2004).*Theorizing th epresent to wards a sociology of oromo literature:* Jaarsoo poetry. Finfinnee: Branna Interprise.

Askaalee Tarfaa. (2013).*"Qaaccessa Qabiyyeefi Kabaja sirna Ayyaana Da'umsaa*".Yunvarsiitii Finfinnee.Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa kan hinmaxxanfamiin.

Ayub Ismael.(2008).*Language Use of the Jamaican and Rasteferian Community in Shashamane*. ASocio linguistic study MA thesis. Addis Abeba.

Bartels,L.(1975).*"Dabo" Aform of co-opration between farmers among the mecha Oromo of Ethiopia .Vol.170.*social aspects,songs and ritual.

Bartles, Lambert. (1983). *Oromo Religion*: Myths and Rites of Western Oromo of Ethiopia. Berlin Dietrich Reimer.

Berg, B,L.(2001). *Qualitative Re search Mechods for The Social sciences.* USA: Pearson Education Company.

Berhanu Mathewos .(1999). *Fundamentals of Literature.3rd Edition Addis Abeba*.Addis Abeba Univarsity Press.

Birhaane Margaa.(2010*).“Faaruu dubartootaa da’umsaan booda mana dubartii deessetti faarsan.”*Yunvarsiitii Finfinnee.Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa kan hin maxxanfamiin.

Buchfield, R.W.ed.(1989).*The Oxford English Dictionary. Vol. 13, Oxford*: Oxford University Press.

Clark, H.(1996).*Using Language. Cambridge*: Cambridge University Press.

Cooper, L. and Horvanth, R.(1976). “*Language Migration and Urbanization.” In:Bender, M.L. Etal.(eds).Language in Ethiopia*.London:Oxford University prese Educational Publishers, Inc.

Cooper,L,R and Nahum,F.(1976*).“Language in the Court”.* In Bender,M.L.etal.(eds.) Language in Ethiopia. London: Oxford University Press, 256-263.

Cooper, R.(1976).*The Study of Language Use. In M.L.* Bender, J.D. Brown, R.L. Cooper, and C.A.Ferguson (eds.), Language in Ethiopia. London: Oxfird University Press.

Coulmas, F .(1997). *The Handbook of Sociolinguistics.* UK: Blackwell Publishers.

Cress well,J.W .(2012). *Educational Research:Qualitative and Quantitative Research. (4thed.)* Boston: Pearson education Inc.

Cook, G.(2010). *Translation in Language Teaching:* An argument for Reassessment. Oxford: Oxford University Press.

Crystal D.(1997). *English as aglobal language*, Cambrige: Cambrige University Press.

Dastaa Dassaalany.(2002). *Bu’uura Qorannoo.* Addis Ababa: Dhaabbata Maxxansaa Bolee.

Dastaa Dassaalenyi.(2013). *Bu’uura Qorannoo.*Finfinnee,Univarsiitii Addis Ababaa: Mana Maxxansaa Boolee.

Deng, F.M. (1995).*“War of visions: Conflict of identities in the Sudan*.” Washington DC: Brookings

Dirribi Damuusee.(2009).*Ilaalcha Oromoo:Barroo Aadaa Seenaafi Amantaa Oromoo.* Finfinnee. D.G. Printing and Publishing Enterprise.

Dorson,R.(1972).*The concepts of Folklore and Folklore Studies*.USA:Chicago University Press.

Fekade Azeze.(1991). *Introduction to oral Litereture.* Artistic Printing Enterprise.

Finch,G.(2003). *How to study linguistics:Aguide to understand language(2nd.ed).* Great Briten:Addis Ababa Ethiopia.

Gabii Tulluu.(2015).*Xiinxala Fayyadama Afaanii Hordoftoot amantaa Islaamaa Biratti*: Waraqa qorannoo Digirii lammaffaa kan hin maxxanfamne, Yuunvaarsiitii Addis Ababaa.

Gee,J.P.(1999). *Discourse Analysise:* Theory and Methods. London: Rout Ledge.

Goldman-Rakic, p.s.(1998).*The perfrontal land scape* :implication and of functional Architecture for understanding human mentation and the centeral executive in A.C. Robert W.T. Robbinsetal. (Eds).The perforental cortex: executive and (pp.87102) Neww York: Oxford University press.

Goshgarian, G.( 2001 ). *Exploring Language, (9th ed.).* New York: Addison Wesley Educational Publishers, Inc.

Hayiluu Bantii.(1997). *Coraa Aadaa. Jimmaa*: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Hodge, B. & Kress, G.(1993*).(2nd ed.).Language as ideology*.London and NewYork: Routledge.

Jenkins, R. (2008). *Social identity. 4rd (edt.),* London: Routledge.

Johnstone,B.(2008). *Discourse Analysis (2nd edn).* Oxford Black well.

Kennedy, x. J.(1987). *Leterature Introduction to Fiction, poetry and Derama (4th ed*) United Stat of America.

Kraus, R. M. and Chiu, C. (1993). *Lamguage, Cognition and Communication*. CA: Santa Barbar.

Kumsaa Boroo.(2009). *Jiruu fi Jireenya*. The Red sea Press.Inc.

Labov,William and Joshua Waletsky.(1967). *"Narrative Analysis: Oral Versions of Personal Experience"* in Essays on the Verbal and Visual Arts, ed. June Helm, pp. 124. Seattle: University of Washington Press.

Liulseged Erikum.(1994). *Language Use in Resettlement Sites*. The Case of Angerguttin, Dimtu, Ilu Aba Bora and Gambela. In Bahiru Zewude etal (eds.) Preceding of the Eleventh International Conference of Ethiopian Studies. Addis Ababa: Institute of Ethiopian Studies.

Lyons, John.(1995). *Linguistics and semantics.*Cambridge University Press: Stanford A Scheme.

MacCarthy, M.(1991). *Discourse Analysis for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Maranana,M.(2010). *Culture and Development Evaluation and Practice,* UNESCO.

Mehl,M.(2003). *psychological aspect of natural language:* Our words ourselves. Austin: Un.

Nagarii Leencoo.(1993). *Wiirtuu (Jil.6). Barulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo*. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa oromiyaa. (Jil.6).

Neuman,L.W.(2007). *Basics of Social Research*: Qualitative and Quantitative Approaches (2nded.) Boson: Pearson Education inc.

Okepewho, I.(1992). *Africa oral Litureture: Background*, character and countinity, Bloomingaton: Indian University press.

Punch,F.(1998). *Introduction to social research*. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd. resolution of disputes (ACCORD).

Salkie, R. (1995). *Discourse Analysis*. London: Rout ledge.

Smith, C. Martha.(1972).*Living Folklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditions.* Logan Utah: Utah State University Press.

Toleeraa Fiqiruu. (2004). *Qeerransa Bokkaan Dhaane*. Sub; printing press .

Tyler, A, Takada M. KimY.and Marinova D.(2005*). Language inUse: Cognitive and Discourse Perspectives on Languageand Language Learning*. Washington D.C: George Town University Press.

Wodak, R, and Meyer, M.(2001). *Methods of Critical Discourse Analysis:* London: Sage Publications Ltd.

Wodak, R. (1996). The genesis of racist discourse in Austria since 1989', in Caldas-Coulthard, C. And Coulthard, M. *Texts and Practices: Readings in Critical Discourse Analysis*. London: Routledge, 107-128.

Wolff, E.(2000). *"Language and Society".* In Heine,B. and Nurse, D.(eds.)African Languages: An Introduction. Cambridge University Press.

ሰሎሞን ተሾመ. (2007 ). ፎክሎር ምንነቱና፡ የጥናቱ የትኩረት አቅጣጫ፡ የመጀመርያ እትም አዲስ አበባ፡ ፋርኢስት ትሬድንግ::

ያለዉ እንዳወቀዉ .(2006). የምርምር መሰረታው መርሆዎችና አተገባበር፡፡ ሦስተኛ እትም፡ ባህርዳር ዩኒቨርሲት፡ ንግድ ማተሚያ ድርጅት፡፡

# Dabalee A

**Yunvarsiitii Finfinnee Kolleejjii Namoomaafi Qo'annoo Afaanotaa, Gaazexees summaafi Qunnamtii Hog-barruufi Fookloorii Muummee Afaan Oromoo.**

**Gabatee 1 Namoota Afgaaffii irratti hirmaatanii odeeffannoo kennan.**

| L.K | Maqaa Namootaa | Saala | Umurii | Ganda | Guyyaa | Gahee Hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Badhaasaa Shinoo | Dhi | 77 | Komboo | 16/07/2011 | Jaarsa biyyaa |
| 2 | Jaal'ee Danuu | Dhi | 73 | D/Adaamii | 09/07/2011 | Jaartii biyyaa |
| 3 | Kuulanii Bulchaa | Dhi | 69 | C/Buruurii | 09/07/2011 | Jaartii biyya |
| 4 | Giraanyi Dhuunfaa | Dha | 72 | Caanqaa | 16/07/2011 | Jaarsa biyya |
| 5 | Kumashii Abdiisaa | Dha | 70 | Igguu | 02/07/2011 | Jaartii biyyaa |
| 6 | Tolasaa Taaddasaa | Dha | 44 | Komboo | 25/06/2011 | A/ Turiizimii |
| 7 | Boontuu Gammachuu | Dhi | 40 | Canqaa | 02/07/2011 | Ug/galeessaa |
| 8 | Baay'isaa Qana'aa | Dhi | 46 | D/Adaamii | 20/06/2011 | U/g/galeessaa |

**Gabatee 2 Namoota Marii Garee xiyyeeffatamaa irratti hirmaatanii odeeffannoo kennan.**

| L.K | Maqaa Namootaa | Saala | Umurii | Ganda | Guyyaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Getaachoo Lamuu | Dhi | 80 | Canqaa | 04/08/2011 | Jaarsa biyyaa |
| 2 | Sirnee Qannaa | Dha | 71 | D/Adaamii | 23/7/2011 | Jaartii biyyaa |
| 3 | Dirribee Dabaloo | Dha | 69 | D/Bururii | 23/7/2011 | Jaartii biyyaa |
| 4 | Shifarraa Danuu | Dha | 70 | Komboo | 04/8/2011 | Jaarsa biyyaa |
| 5 | Obsee Duumessoo | Dha | 65 | Igguu | 23/72011 | Jaartii biyyaa |
| 6 | Tawaabech Getaachoo | Dha | 44 | Canqaa | 23/7/2011 | U/ g/galeessaa |
| *7* | Shamsaddin Ahimad | Dhi | 43 | Komboo | 04/8/2011 | U/g/galeessaa |
| 8 | Daani'eel Firrisaa | Dhi | 71 | Igguu | 04/8/2011 | Jaarsa biyyaa |
| 9 | Jarjaraa Bulchaa | Dhi | 69 | D/Buruurii | 04/8/2011 | Jaarsa biyyaa |
| 10 | Misiree Ligaabaa | Dha | 48 | D/Adaamii | 23/7/2011 | E/fayyaa |
| 11 | Sanyii Fufaa | Dhi | 40 | Komboo | 04/8/2011 | U/g/galeessaa |
| 12 | Baqqaluu Faradaa | Dha | 38 | Canqaa | 23/7/2011 | U/g/galeessa |

## Dabalee B

**YUUNVARSIITII FINFINNEE KOOLLEJJII NAMOOMAA QO’ANNOOAFAANIIFI JOORNAALIZIMIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN,OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOOTTI SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA GAGGEEFFAMUUF ODEEFFANNOO ARGACHUUF GAAFFILEE QOPHAA’AN.**

Kaayyoon daawwannaa kanaa, barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin sagantaa gannaatiin digirii lammaffaa guuttachuuf mata duree, ‟Xiinxala Fayyadama Afaanii da'umsarraatti haala Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa,’’ ilaalchisee odeeffannoo argachuuf qaphxiilee mirkaneeffannaa yeroo daawwannaa gutamuuf qophaa`an.

| **T/L** | **Qaphxiilee Mirkaneeffannaa** | **Eeyyee** | **Lakki** |
|---|---|---|---|
| 1 | Deessuun dursa waanta isheen qopheeffattu jiraa? | | |
| 2 | Yeroo deessuu dubbisuu deeman daa’imni dhalatte dhiira yookiin dhalaayootaate,fayyadama<br>Afaaniirratti garaagarumman nijiraa? | | |
| 3 | Shanan baasuufi salgan baasuun garaagarummaa qabaa? | | |
| 4 | Namoonni deessuu harkaa dhalli gaafa bahu maal jedhu? | | |
| 5 | Sirni raawwii salgan baasuufi shanan baasuu garaagarummaa ni qabaa? | | |
| 6 | Namoonni ishee dhabduu taateef nikadhatuu? | | |
| 7 | Dubartoonni da’umsaarratti maaramiifi deessuu nijajuu? Maal jedhanii jaju? | | |

## Dabalee C

**YUUNVARSIITII FINFINNEE KOOLLEJJII NAMOOMAA QO’ANNOOAFAANIIFI JOORNAALIZIMIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN,OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOOTTI SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA GAGGEEFFAMUUF ODEEFFANNOO ARGACHUUF GAAFFILEE QOPHAA’AN.**

Kaayyoon afgaaffii kanaa, barnoota afaan Oromoofi Ogbarruutiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree, ‟Xiinxala Fayyadama Afaanii da'umsarraatti haala Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa’’ ilaalchisee ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin biraa argamu qorannoo kanaaf bu’aa nibuusa jedhamee yaadama.

1. Maqaa Guutuu…………………………………………………………………….
2. Saala………………………………………………………………………………
3. Umurii…………………………………………………………………………….
4. Hojii ………………………………………………………………………………

**Gaaffilee armmaan gaditti dhiyaataniif haala gaaffichaarratti hundaa’uun afaaniin deebii kenni.**

1. Da’umsa durafi yeroo da’umsaa dubartoonni mana deessuu sana deemanii maal raawwatu?
2. Namoonii gaafa deessuu dubbisuu dhaqan maal jedhu? Yeroo ka’anii ba’uuf jedhan hoo?
3. Namoonni deessuu dubbisuu gafa deeman daa’imni dhalatte dhiira yookiin dhalaa yoo taate garaagarummaa isaan ittiin ibsan ni jiraa? Yoo jiraate maal jedhu?
4. Dubartoonni Yeroo da’umsaa “maaramiin” maal jedhanii jaju? Maaliifis jaju?
5. Dubartoonnii yeroo da’umsaa maal jedhanii waalqeequ?
6. Dubartiin dhabduu /maseena/ fi isheen deessuun garaagarummaa isaan hawaasicha biratti qaban akkamittiin ibsama?
7. Namoonni deessuu harkaa dhallii gaafa ba’e maal jedhu? Lammaffaa irra deebitee gaafa dhala argattu hoo?
8. Namoonni nyaataafi dhugaatii adda addaa qopheessuun deessuu sana maal jedhanii jaju?
9. Nammoonni ishee dhabduu taateef maal jedhanii kadhatu? Dhabduun hoo maal jettee kadhatti?
10. Yeroo shanan baasan maaltu gaggeeffama? Yeroo salgan baasan hoo?

# Dabalee D

## YUUNVARSIITII FINFINNEE KOOLLEJJII NAMOOMAA QO'ANNOOAFAANIIFI JOORNAALIZIMIITTI DAMEE BARNOOTA AFAAN,OGBARRUUFI FOOKILOORII OROMOOTTI SAGANTAA DIGIRII LAMMAFFAA GAGGEEFFAMUUF ODEEFFANNOO ARGACHUUF GAAFFILEE QOPHAA'AN.

Kaayyoon marii garee xiyyeeffatamaa kanaa, barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruutiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree, "Xiinxala Fayyadama Afaanii da'umsarraatti haala Godina Qeellam Wallaggaa Aanaa Sadii Canqaa," ilaalchisee ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin biraa argamu qorannoo kanaaf bu'aa nibuusa jedhamee yaadama.

1. Maqaa Guutuu…………………………………………………………………….
2. Saala…………………………………………………………………………….
3. Umurii………………………………………………………………………….
4. Hojii …………………………………………………………………………

**Gaaffilee kanaa gadii irratti erga mari'attanii booda yaada keessan ibsa afaaniin naaf kennaa.**

1. Bakka da'umsaatti nyaataafi dhugaatii dhiyeessuun deessuu sana maal jedhanii jajjabeessu? Eenyummaa deessuu sanaa maal jedhaniis ibsu?
2. Da'umsa durafi yeroo da'umsaa waanta namoonni raawwataniifi waanta isaan jedhan maali?
3. Yeroo shanan baasanii fi salgan baasan maal jedhanii sirna sana eebbisu?
4. Namoonni dhabduuf maal jedhanii kadhatu? Isheen hoo? Maaramiin immoo maal jedhu?
5. Addaa addummaa deessuufi dhabduu gidduu jiru maal jedhanii ibsu?
6. Dubartoonni yeroo da'umsaa maal jedhanii walqeequ? Walqeeqni isaanii kun jibbaaf moo jaalalaafii?

**Dabalee E**

**Daawwanaa A**



**Daawwanaa B**



# Dabalee F

## Deebiiwwan Odeefkennitoota Afgaaffii

1. Da'umsa durafi yeroo da'umsaa dubartoonni mana deessuu sana deemanii maal raawwatu, maalis jedhu?
2. Namoonii gaafa deessuu dubbisuu dhaqan maal jedhu? Yeroo ka'anii ba'uuf jedhan hoo?
3. Namoonni deessuu dubbisuu gafa deeman daa'imni dhalatte dhiira yookiin dhalaa yoo taate garaagarummaa isaan ittiin ibsan ni jiraa? Yoo jiraate maal jedhu?

Gaaffilee jedhamanirratti; odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Kumashiifi Boontuu 02/7/2011fi Kuulaniifi Jaal'ee 09/07/2011, maal akka isaan raawwataniifi maala akka isaan jedhan yemmuu ibsan: deessuuf kadhachuu, garaagarummaan daa'immanii ibsuu, haala handhuuruu kan jedhamanirratti yaada isaanii kennanii jiru

4. Dubartoonni Yeroo da'umsaa "maaramiin" maal jedhanii jaju? Maaliifis jaju? Odefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Jaal'eefi Kuulanii 09/7/2011, dubartoonni yeroo da'umsaa sana mana deessuu deemanii bifa weedduu garagaraatiin gochaa maram isaanii gooterratti maaramiin akkaatatti jajan yaada isaanii ibsaniiru.
5. Dubartoonnii yeroo da'umsaa maal jedhanii waalqeequ?

   Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Kuulaniifi Jaal'een 09/07/2011, dubartoonni bakka da'umsaatti hoboofi coora jechuudhaan walqoodanii walqeequ kun immo waljibbinsaaf akka hin taane yaada isaanii ibsaniiru.
6. Dubartiin dhabduu /maseena/ fi isheen deessuun garaagarummaa isaan hawaasicha biratti qaban akkamittiin ibsama?

   Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatte Boontuun 02/07/2011,garaagarummaa isaan hawaasicha keessatti qaban isheen deessuun kabaja guddaa akka qabdu isheen dhabduu immoo kabaja akka hin qabne yaada ishee ibsitee jirti.
7. Namoonni deessuu harkaa dhallii gaafa ba'e maal jedhu? Lammaffaa irra deebitee gaafa dhala argattu hoo? Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Badhaasaafi Giraanyi 16/07/2011fi Baayyisaan 20/06/2011, bakaa sana deemanii bifatti ishee jajabeessaniifi maal akka jedhan yaada isaanii kennaniiru.
8. Namoonni nyaataafi dhugaatii adda addaa qopheessuun deessuu sana maal jedhanii jaju?

Eenyummaa deessuu sanaas maal jedhanii ibsu? Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Tolasaa 25/07/2011, Boontuu 02/07/2011, Jaal'eefi Kuulaniin09/07/2011, Giraanyiifi

Badhaasaa 16/02011fi Bayyisaa 20/06/201, Namoonni nyaataafi dhugaatii qophaa'erratti, akkasumas jechootaafi jechamoota adda addaa itti fayyadamuun wantoota biroottis fakkeessuun eenyummaa deessuu sanaa ibsanii jiru.

9. Nammoonni ishee dhabduu taateef maal jedhanii kadhatu? Dhabduun hoo maal jettee kadhatti? Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan Badhaasaafi Giraanyi 16/07/2011,Kumashii 02/07/2011fi Baayyisaan 20/06/2011,namoonni bifaa garaagaraatiin ishee dhabduu taateef nikadhatu isheenis,akka isheen kadhattu yaada isaanii kennanii jiru.

10. Yeroo shanan baasan maaltu gaggeeffama? Yeroo salgan baasan hoo?

Odeefkennitoonni afgaaffiirratti hirmaatan aadde Jaal'eefi aadde Kuulaniin 09/07/20011, Tolasaa 25/06/2011fi Boontuufi Kumashiin 02/07/2011,Haala adeemsa shanan baasaniifi haalatti salgan baasaniifi wantoota sirna sanarratti barbaachisan duraa duubaan raawwii isaa ibsanii jiru.

## Dabalee G

### Deebii Odeefkennitoota Marii Garee Xiyyeefatamaa

1. Bakka da'umsaatti nyaataafi dhugaatii dhiyeessuun deessuu sana maal jedhanii jajjabeessu? Eenyummaa deessuu sanaa maal jedhaniis ibsu?Odeefkennitoonni marii garee"A"Dirribee, Obsee, Misiree,Sirneefi Baqqaluu 23/07/ 2011 odeefkennitoonni marii garee"B"irratti hirmaatan Getaachoo,Shamsaddin,Daani'eeliifi Jarjaraan 04/08/20211,namoonni nyaataafi dhugaatii qophaa'erratti akkasumas jechootaafi jechamoota adda addaa itti fayyadamuun,wantoota biroottis fakkeessuun eenyummaa deessuu sanaa ibsanii jiru.
2. Da'umsa durafi yeroo da'umsaa waanta namoonni raawwataniifi waanta isaan jedhan maali? Odeefkennitoonni marii garee "A"irratti hirmaatan Dirribee, Obsee, Tawaabech, Sirneefi Baqqaluun 23/7/2011 odeefkennitoonni marii garee "B" irratti hirmaatanm Getaachoofi Jarjaraan 04/08/2011, namoonni deessuun tokko yeroo da'uuf jettuufi da'umsa dura taateewwan raawwatamaniifi wantoota barbaachisanirratti yaada isaanii kennanii jiru.
3. Yeroo shanan baasanii fi salgan baasan maal jedhanii sirna sana eebbisu? Odeefkennitoonni marii garee "A" irratti hirmaatan Misireefi Dirribeen 23/07/2011, Haala adeemsa shanan baasaniifi haalatti salgan baasaniifi wantoota sirna sanarratti barbaachisan duraa duubaan raawwii isaa ibsanii jiru.
4. Namoonni dhabduuf maal jedhanii kadhatu? Isheen hoo? Maaramiin immoo maaljedhu? Odeefkennitoonni marii garee "A" irratti hirmaatan Dirribee, Obsee, Tewaabech, Sirneefi Baqqaluu 23/07/2011fi marii garee B"irratti kan hirmaatan Shifarraa, Shamsuufi Getaachoon 04/07/2011, namoonni bifaa garaagaraatiin ishee dhabduu taateef nikadhatu isheenis, akka isheen kadhattu yaada isaanii kennanii jiru.
5. Addaa addummaa deessuufi dhabduu gidduu jiru maal jedhanii ibsu? Odeefkennitoonni marii garee "A" irratti hirmaatan Sirneefi Tawaabechi 23/07/2011 garaagarummaa isaan hawaasicha keessatti qaban isheen deessuun kabaja guddaa akka qabdu isheen dhabduu immoo kabaja akka hin qabne yaada ishee ibsitee jirti.
6. Dubartoonni yeroo da'umsaa maal jedhanii walqeequ? Walqeeqni isaanii kun jibbaaf moo jaalalaafii? Odeefkennitoonni marii garee "B" irratti hirmaatan Getaachoo, Sanyiifi Daani'eel 04/08/2011, dubartoonni bakka da'umsaatti hoboofi coora jechuudhaan walqoodanii walqeequ kun immoo waljibbinsaaf akka hin taane yaada isaanii ibsaniiru.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uusaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee; wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ___________________________

Mallattoo ___________________________

Guyyaa ___________________________

Ani Dr.___________________________ barataan kun hojii isaa of ittisuuf dhiyaachuuf danda'uu isaa mallattookoon nan mirkaneessa.

Gorsaa: __________________________

Mallattoo__________________________

Guyyaa____________________________